

INISTIITIYUUTII LEENJII OGEESSOTA QAAMOLEE HAQAA FI  
QO'ANNOO SEERAA OROMIYAA



Madaallii Qulqullina Murtii Manneen Murtii Oromiyaa

**Qorattoonni:** *Tafarii Baqqalaa*  
*Alamaayyoo Waaggaarii*

**Gulaaltonni:** *Misgaanuu Mul'ataa*  
*Naggaa Garbaabaa*

*Waxabajjii 2005*

*Adaamaa-ILOQHQS*

**Boqonnaa Tokko****Ka'umsaa fi Adeemsa Qorannichaa**

1.1.Seensa-----	1
1.2.Hima Rakkoo-----	5
1.3.Kaayyoo Qorannichaa-----	6
1.4.Daangaa Qorannichaa-----	6
1.5.Mala Qorannichaa-----	8
1.6.Faayidaa Qorannichaa-----	10
1.7.Fayyadamtoota Qorannichaa-----	10
1.8.Caaseffama Qorannichaa-----	11

**Boqonnaa Lama****Qulqullina Murtii: Dhimmoota Waliigalaa fi Muuxannoo Biyyootaa**

2.1.Dhimmoota waliigalaa-----	12
2.1.1. Maalummaa-----	12
2.1.2. Seenaa Guddina-----	14
2.1.2.1. Akka Waliigalaatti-----	14
2.1.2.2. Mana Murtii Keessatti-----	15
A). Ameerikaa-----	16
B) .Awurooppaa-----	17
2.2. Muuxannoo Biyyoota Ambaa-----	19
2.2.1.Muuxannoo Biyya Ameerikaa-----	19
2.2.2.Muuxannoo Biyya Laativiyaa-----	21
2.2.3.Muuxannoo Biyya Jarmanii-----	24
2.2.4.Muuxannoo Biyya Fiinilaandii -----	26

## **Boqonnaa Sadii**

### **Qulqullina Murtii Manneen Murtii Oromiyaa: Xiinxala Daataa**

3.1. Gahumsaa fi Dandeettii-----	32
3.2. Naamusa Abbootii Seeraa-----	36
3.3. Iftoomina Seerota Adeemsaa-----	38
3.4. Meeshaalee Teekinooloojii Ammayyaatti Fayyadamu -----	41
3.5. Keessummeessa Abbootii Dhimmaa-----	44
3.6. Hiikkaa Waldiddaa Filannoo -----	46
3.7. Bilisummaa fi Itti Gaafatamummaa Abbaa Seerummaa-----	48
3.8. Hojiin Abbootii Seeraa fi Hojjetoota Deeggarsaa Sirriitti Adda Bahee Beekamuu ----	54
3.9. Murtii Daangaa Yeroo Taa'e Keessatti Murteessuu-----	57
3.10. Barreessa Murtii-----	61
3.10.1. Dubbifamuu danda'uu-----	63
3.10.2. Seensa Qabaachuu-----	64
3.10.3. Firii Dubbii Agarsiisuu -----	66
3.10.4. Ijoo Dubbii Qabachuu-----	68
3.10.5. Ragaa Gareewwanii Galmeessuun Ibsuu-----	71
3.10.6. Xiinxala Ragaa fi Seeraa -----	72
3.10.7. Ajaja Seera Qabeessaa fi Raawwiif Mijatu Kennuu-----	80
4.11. Tilmaamamummaa Murtii-----	84

## **Boqonnaa Afur**

Yaadota Gudunfaa fi Furmaataa-----	86
------------------------------------	----

### **Wabiiwwan**

### **Miiltol**

## Ibsa Gabaajeewanii

<b>ALA</b>	Akka Lakkoofsa Awurooppaa
<b>ALI</b>	Akka Lakkoofsa Itoophiyaa
<b>EFQM</b>	European Foundation on Quality Management Model
<b>ISO</b>	sirna bulchiinsa qulqullinaa
<b>JBAH</b>	Jijjirama Bu'uura Adeemsa Hojii
<b>KWT</b>	Keewwata
<b>LHDYD</b>	Sagantaa Leenjii Hojiin Duraa Yeroo Dheeraa
<b>LHYD</b>	Sagantaa Leenjii Hojiirraa Yeroo Dheeraa baatii shanii
<b>MMA</b>	Mana Murtii Aanaa
<b>MMO</b>	Mana Murtii Olaanaa
<b>MMWO</b>	Mana Murtii Waliigala Oromiyaa
<b>MMWF</b>	Mana Murtii Waliigala Feedaraalaa
<b>SMBAKT</b>	Sirna Madaallii Bu'aa Karoora Tarsiimo'aa
<b>SDFHH</b>	Seera Adeemsa falmii Hariiroo Hawaasaa
<b>SDFY</b>	Seera adeemsa Falmii Yakkaa
<b>SHH</b>	Seera hariiroo Hawaasaa
<b>SMO</b>	Seera Maatii Oromiyaa
<b>SY</b>	Seera Yakkaa
<b>TCPS</b>	Trial Court Performance Standards

**Gabatee 1.1:** Gabatee gosa daataa guuramuuf karoorfamee fi hanga daataa Guurame agarsiisu

10

**Gabatee 2.1:** Gabatee qaphxii fi hiikkoo qaphxiileef kenname agarsiisu .....

29

**Gabatee 3.1:** Gabatee baay'ina abbootii seeraa leenjii hojiirraa fudhatan agarsiisu

33

**Gabatee 3.2:** Gabatee baay'ina abbootii seeraa leenjii hojiirraa yeroo dheera fudhatan agarsiisu

33

**Gabatee 3.3:** Gabatee baay'ina abbootii seeraa leenjii hojiin duraa yeroo dheeraa fudhatan agarsiisu

.....  
34

**Gabatee 3.4:** Gabatee ogeessota manneen murtii digirii lffaa fi isaa ol qaban irratti manni fi raawwii jiru agarsiisu

.....  
35

**Gabatee 3.5:-**Gabatee hanga naamusi abbootii seeraa gahu agarsiisu ..... 36

**Gabatee 3.6:** Gabatee uwwisa teekinooloojiiwwan odeeffannoo manneen murtii Oromiyaa agarsiisu

.....  
42

**Gabatee 3.7(a):** Gabatee sadarkaa keessummeessa manneen murtii Oromiyaa Agarsiisu (bar-gaaffii)

.....  
45

**Gabatee 3.7(b):** Gabatee sadarkaa keessummeessa manneen murtii Oromiyaa

Agarsiisu (af-gaaffii

45

**Gabatee 3.8 (a):** Gabatee sadarkaa bilisummaa dhuunfaa abbootii seeraa

Madaalu (yaada abbootii seeraa)

49

**Gabatee 3.8(b):** Gabatee sadarkaa bilisummaa dhuunfaa abbootii seeraa madaalu

(yaada abbootii alangaa, poolisii, ofiisaroota seeraa)

49

**Gabatee 3.9(a):** Gabatee Sadarkaa Dhiibbaa Qaamolee Haqaa Dandamachuu

Manneen Murtii Madaalu (yaada abbootii seeraa)

.52

**Gabatee 3.9(b):** Gabatee Sadarkaa Dhiibbaa Qaamolee Haqaa Dandamachuu Manneen Murtii  
Madaalu (yaada abbootii alangaa, poolisii fi ofiisaroota seeraa)

.....  
53

**Gabatee 3.10:** Gabatee sadarkaa qoodinsa hojii abbootii seeraa fi hojjetoota

deeggarsaa madaalu

55

**Gabatee 3.11:** Gabatee daangaa yeroo dhimmoonni itti murtaa’u agarsiisu ..... 57

**Gabatee 3.12:** Gabatee dubbifamuu danda’uu murtiiwwanii madaalu

63

**Gabatee 3.13:** Gabatee seensa sirrii qabaachuu fi dhabuu murtiiwwanii agarsiisu

65

**Gabatee 3.14:** Gabatee firii dubbii qindaa’e qabaachuu fi qabaachuu dhabuu

murtiiwwanii agarsiisu

66

**Gabatee 3.15:** Gabatee ijoo dubbii ifa ta’e qabaachuu fi qabaachuu dhabuu

murtiiwwanii agarsiisu

68

**Gabatee 3.16:** Gabatee raga gareewwanii ibsuu fi dhiisuu murtiiwwanii agarsiisu

71

**Gabatee 3.17:** Gabatee sadarkaa xiinxala raga fi seeraa murtiiwwanii madaalu  
72

**Gabatee 3. 18:** Gabatee sadarkaa ajaja seera qabeessaa fi raawwiif tolu madaalu  
81

**Gabatee 3.19:** Gabatee sadarkaa tilmaamamummaa murtii agarsiisu  
84

## Boqonnaa Tokko

### Ka'umsaa fi Adeemsa Qorannichaa

#### 1.1. Seensa

Dhaabbileen tajaajila kennan marti, dhuunfaas ta'an kan uummataa dhimma qulqullinaa akka duudhaa ijoo tokkootti qabatanii socho'u.<sup>1</sup> Kanaafis, waanti akka ka'umsa guddaatti ilaalamu fedhii fi hawwii maamilaa giddu galeessa godhachuu dha.<sup>2</sup> Manneen murtiis qaamolee tajaajila kennan keessaa tokko ta'anis, amala tajaajila kennan irraan kan ka'e waanta adda isaan godhu qabu.<sup>3</sup> Kanaafuu, qaama kamuu caalaa sadarkaa qulqullina tajaajila isaanii itti fufiinsa fooyyeessuuf hojjechuutu irraa eegama.<sup>4</sup> Dabalataanis, manni murtii tokko milkaa'e kan jedhamu amantaa uummataa horachuu yoo danda'e dha.<sup>5</sup> Kun ta'uu kan danda'u tajaajilli qulqullina qabu yoo kenname qofa dha. Kanaafuu, dhimmi qulqullina tajaajila abbaa seerummaa manneen murtii keessatti iddoo guddaa akka qabu hubachuun nama hin dhibu.

Qulqullinni tajaajila abbaa seerummaa yaad-rimee bal'aa fi dhimmoota hedduu of keessatti hammatu ta'ee,<sup>6</sup> fiixa bahinsa isaafis galteewwan hedduu kan barbaadu dha. Fakkeenyaaf, manni murtii tokko gahumsaa fi cimina barbaadamu horachuun tajaajila qulqullina qabu kennuuf dhimmootni gurguddoo toorba<sup>7</sup> murteessoo akka ta'an sanadni sadarkaa idila Addunyaatti

---

<sup>1</sup> The European Commission for Efficiency of Justice, The Assessment of Court Quality: A Breach of the Independence of the Judiciary or a Promising Development? [http://www.coe.int/t/dghl/cooperation/cepej/quality/Qualityofjudiciary,F.1Onkoloolessa10,2005ALIitti kan ilaalame.](http://www.coe.int/t/dghl/cooperation/cepej/quality/Qualityofjudiciary,F.1Onkoloolessa10,2005ALIitti%20kan%20ilaalame)

<sup>2</sup> Akkuma 1ffaa

<sup>3</sup> Fakkeenyaaf, sababa bilisummaa qabaniif akka qaamolee mootummaa biroo yeroo yerootti qaamolee alaan hin to'ataman ( Hon. Justice Brian J Preston, Implementing the International Framework for Court Excellence: The Experience of the Land and Environment, Court of New South Wales, 4-8 October 2010,,F.7. <http://www.courtexcellence.com> Onkoloolessa 15,2005 ALI kan ilaalame ilaaluun ni danda'ama).

<sup>4</sup> Akkuma 3ffaa.

<sup>5</sup> Akkuma 4ffaa, F.14.

<sup>6</sup> Qorannoowwan seeraa baayyee keessatti qulqullinni abbaa seerummaa (quality of the judiciary) murtiiwwan abbootii seeraan kennamanii fi saniin boodas murtiiwwan kennaman kana irraa ol iyyannoo gaafachuu danda'uun kan walqabatu ta'ee hubatama. Haa ta'u malee, qulqullinni tajaajilli abbaa seerummaa kana qofa irratti kan daanga'u osoo hin taane caalaatti kan bal'atu dha. Fakkeenyaaf, wabii bilisummaa abbaa seerummaa, jechuunis, calallii, turmaata yeroo abbootii seeraa, kaffaltii abbootii seeraa fi kkf niin walqabata (walumatti, olitti yaadannoo lak.1, F.1 ilaalaa).

<sup>7</sup> Dhimmoonni toorban kunniinis:

- i. Gaggeessaa fi bulchiinsa mana murtichaa,
- ii. Imaammata mana murtichaa keessatti hordofamu,
- iii. Deemsa ykn bu'aa bahiiwwan falmii mana murtichaa keessa jiru,
- iv. Amantaa ummatni mana murtichaa irra qabu,
- v. Garagahiinsa maamiltotaa,
- vi. Sirna bulchiinsa qabeenya mana murtichaa (nama, qabeenyaa fi maallaqa) fi



qophaa'e tokko ni agarsiisa. Dhimmoonni toorbanuu kallattiinis ta'e al-kallattiin qulqullina tajaajila abbaa seerummaa akka waliigalaatti, qulqullina murtii akka addaatti dhugoomsuuf ykn duubatti hambisuuf gahee guddaa taphatu. Kana waan ta'eef, qulqullinni tajaajila abbaa seerummaa dhimmoota hedduu irratti kan rarra'u ta'ee, haala uumama isaanii irratti hundaa'uun bakkeewwan adda addaatti qoodamuu kan danda'anidha. Fakkeenyaaf, kan keessaa fi alaa (internal & external),<sup>8</sup> kan namni hundi irratti waliigaluu fi hubannoo dhuunfaa irratti hundaa'an (objective & subjective)<sup>9</sup> jedhamuun qoodamuu danda'u. Haala kanaan kan qoodaman ta'us, hundi isaanii wal irratti kan hirkatan waan ta'eef tokko isa biraa irraa adda baasanii ilaaluun murtii qulqulluu ta'e kennuun hin danda'amu.

Biyyootni adda addaas qulqullina tajaajila abbaa seerummaa ulaagaalee adda addaa irratti hundaa'un kan madaalan kanumaafi.<sup>10</sup> Fakkeenyaaf, biyyoota Awurooppaa keessaa Siwudinii yoo fudhannee ulaagaalee afuriin qulqullina tajaajila abbaa seerummaa kan madaaltu yoo ta'u, isaan keessaa qulqullinni murtii isa tokko.<sup>11</sup> Waan ta'eefuu, qulqullina tajaajila kenninsa abbaa seerummaa keessatti qulqullinni murtii dhimma murteessaa fi barbaachisaa ta'e dha. Yaada kana barreeffamni tokko akka itti aanutti cimsa:

*The quality of the decision of the court is a critically important aspect of court operations. The decision is the product on the basis of which the successfulness, or not, of the operations of the court is ultimately evaluated.*<sup>12</sup>

Kana jechuun, murtii qulqulluu ta'e kennuun hojiiwwan manni murtii hojjetu keessatti dhimma baayyee murteessaa dha. Murtiin bu'aa milkaa'uu fi milkaa'uu dhabuun hojii mana murtii dhuma

---

vii. Qaqqabamummaa tajaajila mana murtichaa dha (Olitti yaadannoo lak. 3, F.2 ilaaluun ni danda'ama).

<sup>8</sup> Opinion no.11(2008) of the Consultative Council of European Judges (CCJE) to the attention of the Committee of Ministers of the Council of Europe on the Quality of Judicial Decisions, fuula-3-5. Haaluma kanaan, qulqullinni seerota yeroo yeroodhaan tumaman, qabeenyi (humna namaa fi qabeenya maateeriyaa), fi leenjii qaamolee haqaaf kennamuu fi walitti dhufeenyi manni murtii qaamolee haqaa biroo waliin qabu dhimmoota alaa yoo ta'an, ogummaa abbaa seerummaa qabaachuu, adeemsi falmii fi bulchiinsa dhimmootaa, fi ruqaaleen(alamantootni) bu'uuraa murtii/inherent elements of decision/ ammoo fakkeenya dhimmoota keessaa ti.

<sup>9</sup> Vineta Skejuniece, The Quality of Court Judgement, F.59; Dhimmoonni namni hundi irratti waliigaluu danda'an kallattiin gahumsa abbootii seeraan walqabatu. Leenjii, muuxannoo, ulaagaa filannoo, sirna to'annoo keessaa, fi kanneen biroo akka fakkeenyaatti kaasuu ni danda'ama. Karaa biraatiin, hangi mindaa abbootii seeraa, faayidaan adda addaa fi mijaa'inni naannoo hojii dhimmoota hubannoo dhuunfaa irratti rarra'anidha.

<sup>10</sup> Olitti yaadannoo lak.8, fuula 11.

<sup>11</sup> Ulaagaaleen hafan sadan si'oomina, garagahinsa maamilaa, fi gahumsaa fi leenjii humna namaa ti (Walumaa galatti, Valuation of Court Clients-The Road to Improving Functioning of Courts, F.2) .

<sup>12</sup> Evaluation of the quality of adjudication in court of law, fuula 35

irratti ittiin madaalamu dha jechuu dha. Dabalataanis, qulqullinni murtii meeshaa ol'aantummaan seeraa itti mirkanaa'uu fi wabii mirga namoomaati jechuun og-barruuwwan ibsanis jiru.<sup>13</sup>

Gara biyyaa fi naannoo keenyaatti yoo dhufnus yaadrimeen qulqullina murtii beekamtii heeraa fi seeraa; akkasumas,rifoormiiwwan manneen murtii qaba. Sirna bulchiinsa biyya tokkoo keessatti mirgi haqa argachuu iddoo ol aanaa akka qabu beekamaa dha. Heera keenya<sup>14</sup> keessatti mirga kanaaf beekamtiin kan kenname kanuma irraa ka'ameeti. Mirga haqa argachuu keessatti ammoo yaadrimeen dhaqqabamummaa dhimma murteessaa dha. Haala waliigalaan yoo ilaalamu, dhaqqabamummaan haqaa agarsiiftota sadiin: furmaanni jiraachuu (existence of remedy), furmaata argachuu danda'uu (capacity to seek remedy) fi furmaata bu'a qabeessa ta'e argachuu danda'uu (capacity to seek effective remedy) ibsamuu danda'a.<sup>15</sup>

Agarsiiftuun furmaanni jiraachuu jedhu eegumsi barbaachisu mirgootaaf sadarkaa Seerota Idila Addunyaa fi Heera Mootummaan, seerotaa fi qajeelfamoota biroo, fi duudhaalee fi aadaa jiruun godhamu ibsa.<sup>16</sup> Akkasumas, agarsiiftuun furmaata argachuu danda'uu jedhu mirga seeraan kabajamee jiru kabachiifachuu danda'uu ibsa.<sup>17</sup> Waan ta'eefuu, hubannoo seeraa qabaachuu, gorsa seeraa argachuu danda'uu, fi tajaajila haqaa qaamolee haqaan kennaman argachuu danda'uun walqabata. Dhuma irratti, furmaata bu'a qabeessaa argachuun haqni kennamu *qulqullinaan kennamuu danda'uu*,fi inni biraa haqni qulqullinaan kenname kun akkuma kennametti raawwachuu danda'uu agarsiisa.<sup>18</sup> Kanaaf, qajeeltoowwan bu'uura seeraa kan akka walqixxummaa (equality), tilmaamamuu danda'uu (predictability), walfakkaachuu (consistency),

---

<sup>13</sup> Fakkeenyaaf, Quality of judicial decision and evaluation thereof, the supreme court of Estonia in co-operation with the consultative council of the European judges (CCJE)-fuula-1.

<sup>14</sup> Heeraa Mootummaa Ripaabilika Dimokiraatawaa Federaalawaa Itoophiyaa (RDFI) fi Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa, kwt.37.

<sup>15</sup> Background Paper on Access to Justice Indicators in the Asia-Pacific Region (2003), F.5, <http://asia.pacific.undp.org/Practices/.../a2j/.../Access to Justice Indicators.pdf>

Mudde 24, 2004 kan ilaalame. Dhimmoonni kunniin qorannoo Si'oomina, Dhaqqabamummaa, fi Bilisummaa fi Itti Gaafatamummaa Manneen Murtii Oromiyaa: Kallattii Rifoormiiwwanii Yoo Madaalamu jedhu bara 2004 Inistiitiyuutii Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaa fi Qorannoo Seeraa Oromiyaatiin gaggeeffame FF.18-19 keessatti ibsamani jiru.

<sup>16</sup> Akkuma 15ffaa,F.1

<sup>17</sup> Akkuma 16ffaa, F.7.

<sup>18</sup> Akkuma 17ffaa, F.1.

fi kkf dhimmoota qulqullina ibsuu danda'an yommuu ta'u, itti gaafatamummaan hojjechuun qaamolee raawwachiisoo, keessattuu poolisii fi manneen amala sirreessaa ammoo raawwii ibsu.<sup>19</sup>

Agarsiiftonni dhaqqabamummaa kunniin heera biyyaa fi naannoo keessatti bakka baayyeetti tumamanii jiru.<sup>20</sup> Akkuma boqonnaa lammeffaa keessatti ilaaluuf jennu, qulqullinni galteewwan dhimmoota hedduuti. Waan ta'eefuu, warreen kunniin qulqullina murtii mirkaneessuu keessatti gahee akka qaban ni hubatama. Haaluma walfakkaatuun, mirkanaa'uun bilisummaa abbaa seerummaa,<sup>21</sup> sababa gahumsaa fi naamusa dhabuutiin hojii abbaa seerummaa irraa ka'uu abbaa seeraa,<sup>22</sup> fi kkf tumaalee heeraa qulqullina murtii mirkaneessuu danda'anidha.

Dhimmi qulqullinaa sadarkaa Heeraa qofaa keessatti osoo hin taane seerota biroo keessattis xiyyeeffannoo argateera. Fakkeenyaaf, labsii manneen murtii Oromiyaa irra deebi'anii hundeessuuf bahe labsii lakk. 142/2000 kaasuun ni danda'ama. Akkasumas, Danbii Ittiin Bulmaata Abbaa Seeraa fi Muudamaa Gumii Mana Murtii Mootummaa Naannoo Oromiyaa, lakk. 1/2001 seensa keessatti, Abbaan seeraa fi muudamaan Gumii mirgaa fi dirqama isaanii hunda sirnaan beekanii hojii isaanii seeraa fi seera qofa irratti hundaa'uun saffisaan, **qulqullinaan**, iftoomaa fi itti-gaafatamummaan akka raawwatan gochuuf seera ittiin bulmaataa ifaa ta'e qabaachuuf yaadamee kan tumame akka ta'e ibsameera.

Kanaaf, heera mootummaa federaalaas ta'e, kan naannoo akkasumas seeronni biroo Heera bu'uureffachuun tumaman qulqullina murtiif beekantii akka kennan hubachuun nama hin dhibu.

Heeraa fi seerota qofa osoo hin taane, riifoormiiwwan kanaan dura manneen murtii keessatti gaggeeffamanis qulqullinaaf xiyyeeffannoo kennanii jiru. Fakkeenyaaf, Sagantaa Fooyyaa'insa Bulchiinsa Manneen Murtii dhimmoota gurguddoo shan irratti xiyyeeffatee kan ture yommuu ta'u, isaan keessaa tokko ququllina murtii mirkaneessuu dha.<sup>23</sup>

---

<sup>19</sup> Akkuma 18ffaa, F.32.

<sup>20</sup> Fakkeenyaaf, tumaaleen namni himatame abukaattoo filaten falmachuu danda'u, abukaattoo dhaabbachuuf humna yoo dhaabee fi haqni kan jallatu yoo ta'e ammoo manni murtii abukaattoo dhaabuufii akka qabu dirqisiisuun, afaan hojii mana murtii hubachuu kan hin dandeenye yoo ta'e baasii mootummaatiin hiiktuun afaanii dhaabbachuufii akka qabu dirqisiisan furmaata argachuu danda'uu agarsiisu (Heera Mootummaa RDFI, fi Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa, kwt. kwt.20(5,7))

<sup>21</sup> Heera Mootummaa RDFI, kwt. 78 fi 79(3) ; Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa, kwt. 61 fi 63(1)

<sup>22</sup> Heera Mootummaa RDFI, kwt. 79(4) fi Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa, kwt.63(4).

<sup>23</sup> Sanada Sagantaa Fooyyaa'insa Bulchiinsa Manneen Murtii.

Haaluma walfakkaatuun, sanada qorannoo Jijjiirama Bu'uura Adeemsa Hojii (JBAH) keessattis dhimmi qulqullinaa beekamtii argatee jira. Haaluma kanaan, rakkoolee qulqullina Kenninsa Tajaajila Abbaa Seerummaa jedhamanii adda bahuun qorannichaan taa'an keessaa muraasni: sirriitti ragaa madaaluu dhabuu, hanqina naamusaa fi dandeetti, ajajinii fi murtiin kennamu ifa ta'uu dhabuu, adeemsa seeraan taa'ee jiru hordofuu dhabu, dhaddacha meeshaa hammayyaadhaan gaggeessuu dhabuu fi kkf dha.<sup>24</sup>

Dabalataanis, Sanada Sirna Madaallii Bu'aa Karoora Tarsiimawaa (SMBKT) Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa keessattis qulqullinni tajaajila abbaa seerummaa akka toora xiyyeeffannoo tokkotti qabamee kan jiru yommuu ta'u, bu'aan tarsiimawaa kana irraa eegamus tajaajila abbaa seerummaa haqa mirkaneesse dha.<sup>25</sup>

Walumaagalatti, tumaalee heeraa fi riifoormiiwwan kanaan dura manneen murtii keessatti gaggeeffaman qulqullina tajaajila abbaa seerummaaf xiyyeeffannoo kennaniiru. Waan ta'eefuu, ulaagaalee qulqullina murtii madaaluuf gargaaran irratti hundaa'uun qulqullina murtii manneen murtii naannoo keenyaa madaaluun ka'umsa kan qabu akka ta'e hubachuun ni danda'ama.

## **1.2.Hima Rakkoo**

Qulqullinni tajaajila abbaa seerummaa dhimma murteessaa ta'uun isaa itti amanamee xiyyeeffannoon irratti hojjetamaa kan turee fi kan jiru ta'ullee sadarkaa barbaadamu irra kan hin geenyee fi rakkoo ta'uun isaa yeroo adda addaatti ibsamaa jira. Fakkeenyaaf, gabaasa raawwii hojii manneen murtii Oromiyaa Caffee Bulchiinsa Mootummaa Oromiyaaf dhihaatu keessatti hanqinni qulqullinaa rakkoowwan gurguddoo manneen murtii mudatan keessaa tokko ta'ee ibsamaa tureera.<sup>26</sup> Rakkoo ta'uu isaa irraa kan ka'e akka karoora ijoo manneen murtiittis qabamee irratti hojjetamaa tureera.<sup>27</sup> Haa ta'u malee, hojiiwwan hojjatamaniin fooyya'iinsi haa jiraatu malee qulqullinni tajaajila abbaa seerummaas ta'e, qulqullinni murtii sadarkaa barbadamurra hin geenye. Kanaaf, dhimmoota qulqullina murtii irratti dhiibbaa uuman qorannoodhaan adda baasuun kallatti fuula duraa akeekuun qulqullinni murtii akka mirkanaa'uuf

---

<sup>24</sup> Qorannoo JBAH Mana Murtii Waliigala Oromiyaa, fuula -35

<sup>25</sup> Sanada Sirna Madaallii Bu'aa Karoora Tarsiimawaa (SMBKT) Mana Murtii Waliigala Oromiyaa, Bara 2003, F. 63.

<sup>26</sup> Gabaasa Raawwii Hojii Manneen Murtii Oromiyaa bara 2002 A.L.I. Caffee dhihaate, F.20.

<sup>27</sup> Karoora Ijoo Manneen Murtii Oromiyaa Kan Bara 2004, F.12-13; akkasumas, Gabaasa Raawwii Hojii Manneen Murtii Oromiyaa bara 2001 A.L.I. Caffee dhihaate, F.2 ilaaluun ni danda'ama.

tarkaanfii sirreeffamaa fudhachuun barbaachisaa ta'a. Kana hin ta'u taanaan, amantaan uummatni murtii manneen murtii naannichaa irratti qabu gadi bu'a; ol'aantummaan seeraas akka hin milkoofne godha. Kun ammoo ergamaa fi mul'ata manneen murtii naannoo keenyaa akka hin dhugoomne waan godhuuf rakkoo dha. Haaluma kanaan, qorannichi gaaffilee bu'uuraa armaan gadii kan deebisu ta'a:

1. Qulqullinni murtii maaliin madaalama?
2. Qulqullinni murtii manneen murtii naannoo Oromiyaa sadarkaa maal irratti argama?
3. Qulqullinni murtii manneen murtii naannoo Oromiyaa akka hin mirkanoofneef waantonni akka sababaatti ka'uu danda'an maal fa'i?

### **1.3. Kaayyoo Qorannichaa**

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa sadarkaa qulqullinni murtii manneen murtii Oromiyaa irratti argamu erga madaalee booda, hanqinoota jiran adda baasuun fuula duraaf yaada furmaataa kaa'uu dha. Dabalataanis, qorannichi kaayyoowwan gooree armaan gadii ni qabaata:

- Maalummaa, yaad-rimee, malaa, fi sirna shallaggii qulqullina tajaajila abbaa seerummaa fi qulqullina murtii ibsuu
- Dhimmoota qulqullina murtii irratti dhibbaa uumuu danda'an akka waliigalaatti ibsuu
- Ulaagaaleen qulqullina murtii madaaluuf gargaaran maalfaa akka ta'an adda baasuu
- Ulaagaalee akka haala qabatamaa naannoo keenyaatti qulqullina murtii madaaluuf gargaaran irratti hundaa'uun qulqullina murtii manneen murtii naannichaa madaaluu
- Qulqullina murtii dhugoomsuuf tattaaffii godhamu keessatti wantota danqaa ta'an adda baasuun kallattii fuula duraa akeekuu

### **1.4. Daangaa Qorannichaa**

Yaad-rimeen qulqullina murtii bal'aa akka ta'e olitti ibsameera. Haaluma kanaan, dhihaannaa himataa irraa kaasee hanga murtii fi tajaajila biroo sanaan walqabatani kennamanitti hojiiwwan

hojjetaman xiyyeeffannoo argatanii qulqullina barbaadame akkaataa fiduu danda'uun hojjechuu kan agarsiisu dha.<sup>28</sup> Kun akkaataa himannii fi deebiin itti dhihaatu, falmiin afaanii itti gaggeeffamu, ijoon dubbii itti qabamu, ragaan itti dhagahamu, seerotni itti hiikaman, ajajinii fi murtiin ifa ta'e itti barreeffamuu fi raawwatu hunda of keessatti kan hammatu dha.<sup>29</sup>

Adeemsa kana keessatti, quqlqullinni seerota yeroo yeroon bahanii, walitti dhufeenyi mana murtii, fi qaamolee haqaa jidduu jiru, gahumsii fi naamusi abbootiin seeraa qaban, ifa ta'uun seerota adeemsa, itti fayyadamni meeshaalee teekinooloojii hammayyaa, sirni keessummeessa abbootii dhimmaa, ifa ta'uu, ragaa fi sababaan deeggaramuu, seera irratti hundaa'uu, fi raawwatamuu danda'uu murtii, diriiruu sirna hiikkaa waldiddaa filannoo, haalli gurmaa'insa' *jury*', sirni calallii abbootii seeraa fi kkf gahee mataa isaanii taphatu.<sup>30</sup>

Haa ta'u malee, dhimmoota kunneen mara irratti qorannoo gaggeessuuf humni namaa, baajatnii, fi yeroon jiru hin hayyamu. Dabalataanis, ulaagaaleen tokko tokko haala qabatamaa naannoo keenyaa waliin kan hin deemne waan ta'aniif (fkf. haala gurmaa'insa *jury*), daangaa kaa'uun qorannicha gaggeessuun barbaachisaa ta'a. Haaluma kanaan, qorannoon kun dhimmoota qulqullina murtii irratti dhiibbaa uumuu danda'an keessaa warreen haala qabatama naannoo keenya waliin deemanii fi kallattiin adeemsa falmii (adjudication) ilaallatan qofa keessaa filachuun kan gaggeefamu dha.<sup>31</sup> Haaluma kanaan, ulaagaaleen madaallii qulqullina murtii armaan gadii filatamaniiru:

- 1) Gahuumsaa fi naamusa abbootii seeraa.<sup>32</sup>
- 2) Iftoomina seerota adeemsa<sup>33</sup>
- 3) Dhaddacha meeshaa teekinooloojii hammayyaan gaggeessuu.<sup>34</sup>
- 4) Sirna keessummeessa abbootii dhimmaa fi hawaasaa<sup>35</sup>
- 5) Hojiirra oolmaa hiikkaa waldiddaa filannoo (ADR)<sup>36</sup>

---

<sup>28</sup> Sanada SMBKT MMWO, Olitti yaadannoo lakk.16.

<sup>29</sup> Akkuma 28ffaa.

<sup>30</sup> Akkuma 29ffaa.

<sup>31</sup> Ulaagaalee haala qabatamaa waliin deeman filachuun qulqullina madaaluun kan danda'amu akka ta'e seensa keessattis ilaalleerra.

<sup>32</sup> Evaluation of the Quality of Adjudication in Courts of Law, Principles and Proposed Quality Benchmarks, Quality Project of the Courts in the Jurisdiction of the Court of Appeal of Rovaniemi, Finland, March 2006, F.43

<sup>33</sup> Olitti yaadannoo lak. 8, F.6

<sup>34</sup> Olitti yaadannoo lak.32,F.34

<sup>35</sup> Akkuma 34ffaa,F.38

<sup>36</sup> Akkuma 35ffaa, F.33

- 6) Bilisummaa fi itti gaafatamummaa abbaa seerummaa<sup>37</sup>
- 7) Abbootiin seeraa hojii abbaa seerummaa qofa akka hojjatan gochuu<sup>38</sup>
- 8) Murtii yeroo murtaa'e keessatti kennuu(Timeliness)<sup>39</sup>
- 9) Barreessa Murtii-murtiin ifa, firii dubbii irratti kan hundaa'e (based on fact), fi bu'uura seeraa kan qabu ta'uu<sup>40</sup>
- 10) Tilmaamamumaa murtii guddisuu<sup>41</sup>

Gabaabsuuf,qorannoon kun ulaagaalee qulqullina murtii madaaluuf gargaaran hunda kan hammatu osoo hin taane, warreen ijoo ta'anii fi riifoormiiwwan kanaan dura gaggeeffaman keessattis rakkoo qulqullinaa jedhamuun adda bahan qofa filatee qulqullina murtii manneen murtii naannoo Oromiyaa madaaluu irratti kan daangeffame dha.

### **1.5. Mala Qorannoo**

Qorannoon kun malawwan adda addaatti fayyadamuun gaggeeffamee jira. Adda duraan, og-barruuwwan rogummaa qaban sakatta'amaniiru. Kanaanis, yaad-rimeen, maalummaa, fi qajeeltoowwan bu'uuraa qulqullinni tajaajila abbaa seerummaa fi qulqullinni murtii maal akka ta'an agarsiifameera. Dabalataanis, muuxannoon biyyoota ambaa sirna siivil loo fi kooman loo hordofan; akkasumas, qulqullina murtii barreessa murtii qofaan madaalanii fi barreessa murtii ulaagaalee biroo waliin madaalanii) ilaalameera. Haaluma kanaan,muuxannoon biyya Ameerikaa, Laativiyaa, Jaarmanii fi Fiinilaandi fudhatameera. Kanaanis, biyyootni kunniin ulaagaalee fi mala attamii fayyadamuun qulqullina murtii akka madaalan irraa baratameera. Akkasumas, bar-gaaffii, af-gaaffii, daataa istaatiksii manneen murtii fi mariin garee malawwan biroo odeeffannoon ittiin guurame dha. Haaluma kanaan, abbootii seeraarraa odeeffannoon malawwan sadaniinuu (bar-gaaffii, af-gaaffii, fi marii gareen) funaanameera. Akkasumas, abbootii alangaa, fi poolisoota irraa bar-gaaffii fi af-gaaffiin; abukaattota, bulchiinsa manneen sirreessaa, hoggantoota koomishinii naamusaa fi farra malaammaltummaa, fi hoggantoota waajjira dhimma dubartootaa fi daa'immanii irraa ammoo mala af-gaaffiin odeeffannoon sassaabameera.

---

<sup>37</sup> Olitti yaadannoo lak.13,F.1

<sup>38</sup> Olitti yaadannoo lak.3,F. 13

<sup>39</sup> Akkuma 38ffaa.

<sup>40</sup> Olitti yaadannoo lak.8,F. 7

<sup>41</sup> Sanada SMBKT MMWO,F. 75

Kana malees, murtiiwwan kennamaa jiran ija ulaagaalee murtii qulqulluu ta'een yoo madaalaman maal akka fakkaatan beekuuf akka gargaarutti murtiiwwan manneen murtii sadarkaa hunda irra jiran (kanneen bara 2002 ALI as murtaa'an iddattoon fudhachuun) ilaalamaniiru. Barri 2002 kan filatameef hojiirra oolmaa SMBKT tiin wal-qabatee tajaajila abbaa seerummaa fooyyeessuuf hojiin bal'an bara kanaa fi sanaa as kan hojjetame waan ta'eefi dha.

Odeeffannoon kan guuramu mala iddattootti fayyadamuuni dha. Haaluma kanaan, akkaataa teessuma lafaarratti hundaa'uun **godinaaleen jaha** (Godina Addaa Oromiyaa Naannawaa Finfinnee, Shawaa Bahaa, Harargee Bahaa, Arsii Lixaa, Jimmaa, fi Wallagga Lixaa), tokkoo tokkoo godinaalee kanniin jalaa aanaaleen sadii sadii; walumatti **anaaleen kudha-saddeetii**, fi **Finfinneen** (Mana Murtii Waliigala Oromiyaa, Biiroo Haqaa Oromiyaa, Komishinii poolisii Oromiyaa, Biiroo Bulchinsaa fi Nageenya Oromiyaa, Komshinii Mana Amala Sireessaa, Komishinii Naamusaa fi Farra Malaamaltummaa, Biiroo Dhimma Dubartoota fi Daa'iman Oromiyaa ) bakkeewwan odeeffannoon irraa guurame dha.

Aanaaleen deemamanis Godina Addaa Naannawaa Finfinnee keessaa aanaalee Walmaraa, Aqaaqii fi Sabbataa Hawaas; Godina Shawaa Bahaa keessaa aanaa Adaamaa, Lumee fi Bishooftuu; Godina Harargee Bahaa keessaa Aanaalee Kombolchaa, Baabbilee fi Haromayyaa; Godina Arsii Lixaa keessaa aanaalee Shaashamannee, Arsii Negellee, fi Wandoo Gannat; Godina Jimmaa keessaa aanaalee Jimmaa, Gommaa, fi Maannaa; Godina Wallagga Lixaa keessaa aanaalee Gimbii, Biilaa fi Innangoo dha.

Walumaagalatti, gosoota odeeffannoo guuramanii fi baay'ina odeeffannoo guuramuuf karoorfaman akka itti aanutti gabateen ibsameera.



## Gabatee 1.1: Gabatee Gosa Daataa Guuramuuf Karoofamee fi Hanga Daataa

Guurame Agarsiisu

La k.	Gosa daataa	Baay'ina	
		Karoora	Raawwii
1	Bar-ggaaffii	264	374
2	Aff-gaaffii	241	226
3	Xiinxala dhimmaa	170	166
4	Marii garee a/s MMO	6	6
5	Ida'ama	881	772(87.6%)

### 1.6. Faayidaa Qorannoo

Qorannoon kun manneen murtii Oromiyaa keessatti rakkoowwan qulqullina murtiin walqabatani mul'atan adda baasuun akkaataa maqsuun danda'amu irratti yaada furmaataa kan dhiheesse waan ta'eef, qulqullina tajaajila abbaa seerummaa akka waliigalaatti fooyyeessuu keessatti gahee inni qabu guddaa dha. Qulqullinni tajaajila abbaa seerummaa fooyyaa'e taanaan, karaa biraatiin, ol'aantummaan seeraa waan mirkanaa'uuf amantaan uummanni mana murtii irratti qabu ni guddata. Kun ammoo deebi'ee sirna dimokiraasii dagaagsa waan ta'eef, faayidaa qorannichaa daran ol aanaa taasisa.

### 1.7. Fayyadamtoota Qorannichaa

Qorannoo kanarraa qaamoleen hedduu fayyadamtoota ta'u. Haaluma kanaan, Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa bu'aa qorannichaa irratti hundaa'uun qulqullina murtii guddisuuf tarkaanfiwwan adda addaa fudhachuuf kan isa gargaaru waan ta'eef, fayyadamaa jalqabaa ta'a. Dabalataanis, Inistiitiyuutiin Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaa fi Qo'annoo Seeraa Oromiyaa argannoo qorannichaa hojii leenjii fi qorannoo kennuu keessatti itti gargaaramuu waan danda'uuf fayyadamaa biraati. Dhuma irratti, adeemsa dheeraan booda (in the long run) bu'aan qorannichaa ol'aantummaa seeraa fi dimokiraasii dagaagsuun fayyadamummaa hawaasaa mirkaneessuuf tattaaffii godhamu keessatti galtee guddaa waan ta'uuf, Bulchiinsi Mootummaa Naannoo Oromiyaa fayyadamaa ta'a.

## 1.8. Caaseffama Qorannichaa

Gaaffii qabatee ka'eef deebii laachuuf akka tolutti, qorannoon kun boqonnaawwan jahatti gurmaa'uun dhiyaateera. Boqonnaan tokkoffaa asiin olitti kan ilaalame yommuu ta'u, guutummaan guutuutti adeemsa qorannoon kun itti gaggeeffame kan ibsu dha.

Boqonnaan lammeffaa, dhimmoota waliigala ta'an kan akka maalummaa, seenaa guddinaa, malaa, fi sirna shallaggii madaallii qulqullina murtii gaggabaabsee ibsa.

Boqonnaan sadaffaa, muuxannoo biyyoota biroo sakatta'uun qulqullinni murtii manneen murtii ulaagaalee fi mala attamiin akka madaalamu nu barsiisa.

Boqonnaan shanaffaa, handhuura qorannoo kana yommuu ta'u, sadarkaa qulqullinni murtii manneen murtii Oromiyaa irra jiru ulaagaalee boqonnaa afraffaa irratti hundaa'uun xiinxala daataa mala adda addaan sassaabaman (af-gaaffii, bar-gaaffii, marii garee, fi dhimmoota mana murtii) gaggeessuun kan madaalu dha.

Dhuma irratti, boqonnaan shan, xiinxala qorannoo godhame irratti hundaa'uun yaadota gudunfaa fi furmaata kaa'a.

## Boqonnaa Lama

### Qulqullina Murtii: Dhimmoota Waliigalaa fi Muuxannoo Biyyootaa

#### 2.1. Dhimmoota Waliigalaa

##### 2.1.1. Maalummaa

Gaalee “qulqullina murtii” jedhu barreeffamoonni kallattiin hin hiikan. Kanaafuu, maalummaa qulqullina murtii hubachuuf jechoota lamaan, jechuunis qulqullinaa fi murtii addaan baasnee tokko tokkoon ilaaluun barbaachisaa ta’a.

Guuboon jechootaa, dhaabbilee fi waldaaleen qulqullina irratti hojjetan jecha qulqullina jedhuuf hiikkaa adda addaa kan kennan yoo ta’u, baayyeen isaanii garagahinsa maamilaa wajjiin walqabsiisu.

Fakkeenyaaf, biyya Jaappaanitti koreen sadarkaa industirootaa baasu (Japanese Industrial Standards Committee, 1981) “*Quality is a system of means to economically produce goods or services which satisfy customer’s requirements*”<sup>42</sup> jechuun hiikee jira. Kana jechuun, qulqullinni sirna dinagdummaa qabuun oomisha ykn tajaajila maamila garaa gahuu danda’u ittiin oomishan jechuu dha.

Akkasumas, ISO 8402-1986s qulqullina “*the totality of features and characteristics of a product or service that bears its ability to satisfy stated or implied needs*”<sup>43</sup> jechuun hiika. Kana jechuun, amaloota waliigalaa oomishni ykn tajaajilli fedha barbaadame ykn yaadame guutuuf qabu jechuu dha.

Hiikkaawwan olitti kennaman kana irraa waantota gurguddaa lama hubachuun ni danda’ama. Tokkoffaa, qulqullinni oomisha oomishamuun ykn tajaajila kennamuun kan walqabatu ta’uu dha. Lammeffaa, itti quufinsa fayyadamtoonni ykn maamiltoonni oomisha oomishamutti ykn tajaajila kennamutti qabani dha.

---

<sup>42</sup> American Heritage Dictionary 1996, Quality Digest, <http://www.qualitydigest.com/magazine> /2001 keessatti kan argamu, Guraan dhala 20,2005 kan ilaalame.

<sup>43</sup> <http://www.Businessdictionary.com/definition.Business> Dictionary, Guraan dhala 20,2005 kan ilaalame.

Haaluma walfakkaatuun hiikkaa jecha “murtii” jedhuu ilaaluun ni danda’ama. Guuboon jechoota seeraa, *Black’s Law Dictionary*, jecha kana, “*A court’s final determination of the rights and obligations of the parties in a case. [I]t includes an equitable decree and any order from which an appeal lies*”<sup>44</sup> jechuun hiika. Kana jechuun, murtii dhumaa manni murtii mirgootaa fi dirqamoota gareewwan walfalman irratti kennu ta’ee *dikirii* ykn ajaja ol iyyatamuu danda’u kamiyyuu kan dabalatu dha jechuu dha.

Hiikkaan kun murtiin isa dhumaa ta’uu fi irraa ol iyyatamuu danda’uu agarsiisa. Gosti isaa *dikirii* ykn ajaja dhuma argate ta’uu danda’a. Yaadni kun yaada Seera Adeemsa Falmii Hariiroo Hawaasaa biyya keenyaa keessa taa’ee jiruun kan wal simu dha.<sup>45</sup>

Seeri Adeemsa Falmii Hariiroo Hawaasaa biyya keenyaas jechichaaf hiikkoo, “*Judgement shall mean the statement given by a court of the grounds of a decree or order*”<sup>46</sup> jedhu kenneera. Kana jechuun, murtiin *dikirii* ykn ajaja akka ka’umsaatti fudhachuun hima mana murtiin kennamu jechuu dha. Himi kennamu kunis murtii duraa ykn ol iyyata ta’uu danda’a. Hiikkaa *Dictionary Black’s Law* irraas ta’e seera Adeemsa Falmii Hariiroo Hawaasaarraa murtiin hojii mana murtii ta’uu hubanna.

Ka’umsi keenya jechoota “qulqullina” fi “murtii” jedhan addaan baafnee qofa qofaatti hiikuu osoo hin taane, “qulqullina murtii” jechuun maal jechuu akka ta’e hiikuu dha. Hiikkaawwan olitti kennaman irratti hundaa’uun *qulqullina murtii* jechuun adeemsa kenninsa tajaajila abbaa seerummaatiin walqabatee murtii manni murtii kennu irratti itti quufinsa tajaajilamtoonni qaban kan agarsiisuu fi amantaa uummataa horachuu keessatti meeshaa murteessaa dha jedhamee hiikamuu danda’a. Kun dhimmoota hedduu kan akka sirrummaa, madaalamummaa, si’oomina murtii fi kkf of keessatti hammata.<sup>47</sup>

---

<sup>44</sup> *Black’s Law Dictionary*, FF. 2463-2464.

<sup>45</sup> Sababni isaa, Seeri Adeemsa Falmii Hariiroo Hawaasaa ol iyyachuun kan danda’amu murtii dhumaa kennamu irraa akka ta’e kwt. 320(1) jalatti tumee jira.

<sup>46</sup> Civil Procedure Code of the Empire of Ethiopia, *Negarit Gazeta-Extraordinary Issue No 3 of 1965*, kwt.3.

<sup>47</sup> Yaada kana barreeffamni olitti yaadannoo lak.8 irratti ibsame, *A high quality judicial decision is one which achieves a correct result-so far as the material available to judge allows-and does so fairly, speedily, clearly, and definitively* jechuun kaa’a.

## 2.1.2. Seenaa Guddinaa

### 2.1.2.1. Akka Waliigalaatti

Seenaa guddina qulqullina murtii sirriitti hubachuuf dursa seenaa qulqullinaa akka waliigalaatti ilaaluun barbaachisaa ta'a. Yaad-rimee qulqullinaa irratti mari'achuun kan jalqabe bara 1950'oota keessa biyya Jaappaanitti yommuu ta'u, innis kan dhufe oomishaa fi tajaajila dhaabbileen dhuunfaa kennaniin wal walqabateeti.<sup>48</sup> Yeroon kun Boordii Manajimantii Kaampanoota Jaappaan Imaammata qulqullinaa hojiirra oolchuun ilaalcha gadhee oomishawwanii gara ilaalcha gaariitti jijjiiruun faayidaa akka qabu yeroo itti hubate ture. Hayyuun *Feigenbaum* jedhamus bara 1951ALatti sirna qulqullina argamsiisu, eegsisu, fooyyeessuu, fi itti quufinsa maamilaa mirkaneessuuf bu'a qabeessa ta'e, *to'annoo qulqullina waliigalaa (Total Quality Control)* jedhamu hojiirra oolche.<sup>49</sup> Boodarra jechuunis, bara 1980-1990 ALatti maqaan to'annoo qulqullina waliigalaa jedhu kun maqaa qajeeltoo bulchiinsa qulqullina waliigalaa (*Total Quality Management, TQM*) jedhuun bakka bu'e. Qajeeltoo kana to'annoo qulqullina waliigalaa irraa adda kan godhu dhimma oomishaa ykn tajaajila kennamu qofa irratti kan daangeffame osoo hin taane, dhimmoota dhaabbata sana wajjiin rogiummaa qaban mara of keessatti kan hammate dha.

Qajeeltoo bulchiinsa qulqullina waliigalaa biyya Jaappaanitti jalqabe kana Amerikaanis ofitti fudhachuun yeroo duraaf hojiirra oolchite.<sup>50</sup> Bara 1987ALitti ammoo qulqullinni dinagdee biyyaa guddisuu keessatti gahee guddaa qaba amantaa jedhuun Koongireesiin Amerikaa seera sadarkaa biyyoolessaatti badhaasa qulqullina kennisiisu, *Malcolm Baldrige National Quality Improvement Act* jedhamu tume.<sup>51</sup> Seerri kun kaayyoowwan gurguddoo lama qaba: 1) dhaabbilee qajeeltoo bulchiinsa qulqullina waliigalaa hojiirra oolchuun oomishaa fi tajaajila isaanii irratti fooyyaa'insa guddaa argamsiisan badhaasuu; 2) tarsiimoowwanii fi sagantaalee milkaa'ina dhaabbileef ka'umsa ta'an dhaabbileen biroos akka irraa barataniif odeeffannoo kennuu dha.<sup>52</sup> Seera kana irratti hundaa'uunis dhaabbileen qulqullina irratti milkaa'ina agarsiisan xiqqaa dha hanga gurguddoo sektera uummataa dabalatanitti (fayyaa, barnootaa, fi kkf) badhaafamaniiru.<sup>53</sup>

---

<sup>48</sup> Olitti yaadannoo lak.1.

<sup>49</sup> Akkuma 48ffaa.

<sup>50</sup> Akkuma 49ffaa.

<sup>51</sup> Akkuma 50ffaa.

<sup>52</sup> Akkuma 51ffaa.

<sup>53</sup> Akkuma 52ffaa.

Waggoota afuriin booda, kaka'umsi Jaappaanii fi Amerikaatti godhamee ture bifuma walfakkaatuun biyyoota Awurooppaa keessattis mul'achuu jalqabe.<sup>54</sup> Fakkeenyaaf, moodeliin bulchiinsa qulqullinaa, *European Foundation on Quality Management Model (EFQM)* jedhamu hojiirra ooleera. Qajeeltoon akkayyaa(moodelii) kanaa inni guddaan qulqullinni raawwii maamilaa fi hawaasa bal'aa garaagahuuf tarkaanfiiwwan hooggansi imaammataa fi tarsiimoo jiru irratti hundaa'uun fudhatu irratti hundaa'a kan jedhu dha.<sup>55</sup> Moodelii kana dhaabbileen qulqullina isaanii madaaluuf,fooyyeessuu, fi akkasumas akka ka'umsaatti fudhachuuf (as a benchmark reference) fayyadamaniiru.<sup>56</sup> Akkuma biyya Amerikaa, moodelii kana irratti hundaa'uun dhaabbileen qulqullina qabu jedhamanii filataman waggaa waggaaatti ni badhaafamu.<sup>57</sup>

Kanneen olitti ibsamaniin alatti, adeemsa yeroo keessa yaadrimeewwan qulqullinaa babal'achaa fi dabalaa dhufan. Fakkeenyaaf, sirna madaallii bu'aa karoora tarsiimawaa (BSC), sirna bulchiinsa qulqullinaa (ISO), fi kkf maqaa dhahuun ni danda'ama.<sup>58</sup> Waan ta'eefuu, seenaan guddina yaadrimee qulqullinaa dhaabbilee dhuunfaa keessatti akka jalqabe hubachuun ni danda'ama.

#### 2.1.2.2. Mana Murtii Keessatti

Qulqullinaaf xiyyeeffannoo kennuun dhaabbilee dhuunfaa keessatti kan jalqabe ta'us, dhaabbilee mootummaa kan akka mana murtii keessattis kan dagatamee miti. Fakkeenyaaf, bara 1980'ootaa keessa waajjiraalee mootummaa, mana murtii dabalatee madaaluun xiyyeeffannoo argatee akka ture hayyuun **Richard Y.Schauffler** jedhaman akka itti aanutti ibsu:

*In the wake of the neoconservative efforts in the 1980s to privatize, downsize, and reorganize the public sector, the idea of reconceptualising how governmental functions are **organized and evaluated** held some appeal across political spectrum*<sup>59</sup> jechuun barreessaniiru.

Hayyuun kun akkaataa waajjiraaleen hojii mootummaa itti gurmeessanii fi madaalan irra deebi'anii ilaaluun barbaachisaa akka ta'e akeeku.Waanti madaalamus qulqullina hojii manichaa

---

<sup>54</sup> Akkuma 55ffaa.

<sup>55</sup> Akkuma 54ffaa.

<sup>56</sup> Akkuma 55ffaa.

<sup>57</sup> Akkuma 56ffaa.

<sup>58</sup> Akkuma 57ffaa.

<sup>59</sup> Richard Y.Schauffler, Judicial Accountability in the US State Courts Measuring Court Performance, Law Review, <http://www.utrechtlawreview.org/volume> 3, Issue 1(June) 2007, F.118 ilaalaa.

akka ta'e ifa. Adeemsi guddina yaadichaas kutaalee addunyaa adda addaa keessatti adda addummaa kan qabu dha.

### A) Amerikaa

Seenaan guddina madaallii qulqullina murtii seenaa guddina sirna madaallii raawwii hojii abbaa seerummaa irraa jalqaba jechuun ni danda'ama. Hubannoon yeroo dheeraaf ture, qulqullinni kallattii qulqullina tajaajila abbaa seerummaa, jechuunis murtii kennamu qofaan ilaalama kan jedhu dha.<sup>60</sup> Fakkeenyaaf, dhimmoota biroo qulqullina bulchiinsa haqaa irratti dhiibbaa geessisuu danda'an kan akka bilisummaa tilmaama keessa hin galchu ture.<sup>61</sup> Boodarra garuu, yaadni kun dhiphaa waan ta'eef qulqullina murtii madaaluu keessatti hanqina kan qabu ta'uu biyyoota baayyee biratti hubatamaa waan dhufeef dhimmoota biroo hammachiisuun jalqabame.<sup>62</sup> Kunis yeroo duraaf kan jalqabe biyya Amerikaa keessatti yommuu ta'u, innis 1980'oota keessa, keessumaa 1987 tti sirna madaallii raawwii hojii manneen murtii sadarkaa duraan falmii dhagahan (*Trial Court Performance Standards, TCPS*) hojiirra oolchuuni dha.<sup>63</sup> Sirni madaallii raawwii kun dhimmoota gurguddoo shan irratti<sup>64</sup> manneen murtii kan madaalu ta'ee isaan jalattis ulaagaaleen 22 fi tarkaanfiileen 68 ta'an hammatamaniiru.<sup>65</sup> Haa ta'u malee, sirnichi akka barbaadametti hojiirra ooleera jechuun hin danda'amu.<sup>66</sup> Kanaafis hayyuun *Schauffler* jedhaman waantota shan akka sababaatti tarreessu.<sup>67</sup> Waan ta'eefuu, sirni madaallii biraa, "*Cour tools*" jedhamuun beekamu bara 2005 ALItti ifa ta'e. Sirni madaallii kun kaayyoowwan gurguddoo sadii qaba. Isaanis.<sup>68</sup>

- 1) Tajaajila abbaa seerummaa qulqullina ol aanaa qabu uummataaf kennuun kanaanis bulchiinsaa fi itti gaafatamummaa qaama abbaa seerummaa dabaluu

---

<sup>60</sup> Olitti yaadannoo lak.1.

<sup>61</sup> Akkuma 60ffaa.

<sup>62</sup> Akkuma 61ffaa.

<sup>63</sup> Akkuma 62ffaa.

<sup>64</sup> Akkuma 63ffaa, F.2; ulaagaaleen shanan kanniin boqonnuma kana mata-duree xiqqaa "Muuxannoo Biyya Ameerikaa" jedhu jalatti ibsamani jiru waan ta'eef,asitti osoo hin kaasiin bira darbameera.

<sup>65</sup> Akkuma64ffaa, F2.

<sup>66</sup> Akkuma 65ffa.

<sup>67</sup> 1) lakkoofsi tarkaanfilee baayyachuu fi akka salphaatti hubatamuu dadhabuu 2) Sirni odeeffannoo mana murtii dadhabaa ta'uu 3) Guddinni dinagdee fooyyaa'aa dhufuu irraan kan ka'e sirna madaallii raawwiif xiyyeeffannoo xiqqaa ta'e kennuu 4) Manni murtii qaamolee mootummaa biraa irraa adda bahee of danda'ee waan tureef sirnicha hojiirra oolchuuf dhiibbaan godhamu lafaa ta'uu; fi 5) Sirnicha hojiirra oolchuuf kutannoo fi xiyyeeffannoon hooggansa lafaa ta'uu dha (*Olitti yaadannoo lak. 1ffaa*).

<sup>68</sup> Olitti yaadannoo lak. 59, F.121.

- 2) Gahee qaama abbaa seerummaa hubachiisuun qaamoleen biroo bulchiinsa manneen murtii keessa akka hin seenne dhorkuu; fi
- 3) Sirna madaallii raawwii qopheessuun manneen murtii akkuma qaamolee mootummaa biroo akka of madaalan taasisuu dha.

Sirnichi sirna madaallii raawwii hojii manneen murtii falmii dhagahan (TCPS) ka'umsa godhachuun kan qophaa'e, qulqullina akka dhimma ijoo tokkootti kan qabatee, fi ulaagaalee madaallii kudhan of keessatti kan hammate dha.<sup>69</sup> Biyya Amerikaatti, guddinni sirna madaallii raawwii hojii abbaa seerummaa kana qofa irra gahee hin dhaabbanne. Bara 2008 ttis sirni madaallii biraa "*Framework for Court Performance Measurement By the US National Center for State Courts*" jedhu diriireera.<sup>70</sup> Sirni madaallii kun akka haaraatti kan diriire osoo hin taane ulaaguma madaallii sirna "*Cour tools*" keessa jiran bu'a qabeessummaa, itti quufinsa adeemsaa, si'oominaa fi bu'aa argame jechuun bakka afuritti cuunfee kan kaa'u dha.<sup>71</sup> Haaluma kanaan, ulaagaaleen baay'ina guyyoota beellamamanii, hanga qarshii walitti qabamee, fi juureroota (namoota murtii kennuuf filataman) haala sirrii ta'een itti fayyadamuun ulaagaa *bu'a qabeessummaa jalatti*; ulaagaan dhaqqabamummaa fi madaalamummaa *itti quufinsa adeemsaa jalatti*; ulaagaaleen hanga dhimmoonni itti qulqullaa'an, turtii umrii galmee tokkoo, fi rogummaa fi ciminni dhimmootaa ulaagaa *si'oomina jalatti*; fi ulaagaaleen dhimmoota murteessuuf yeroo fudhatuu fi hanga baasii giddu galeessaa dhimmi tokko barbaadu ulaagaa *bu'aa argame* jedhamuun kurfaa'aniiru.

Kana waan ta'eef, manni murtii tajaajila kennuun ***qulqullina qaba*** kan jedhamu kallattiiwwan madaallii afraniinuu (bu'a qabeessummaa, itti quufinsa adeemsaa, si'oomina jiruu, fi bu'aa argameen) gaarii ta'ee argamuuti irraa eegama.

## **B) Awurooppaatti**

Sirni madaallii raawwii hojii abbaa seerummaa Amerikaatti eegale kun gara biyyoota Awurooppaattis babal'ateera. Biyyoota Awurooppaa kanneen akka Ingilizii keessattis sirni madaallii raawwii hojii waajjiraalee mootummaa akka waliigalaatti kan abbaa seerummaa ammoo

<sup>69</sup> Olitti yaadannoo lak. 1, F. 2 fi lak.59, F.121).

<sup>70</sup> Olitti yaadannoo lak.1,F.2.

<sup>71</sup> Akkuma 70ffaa.



akka addatti uumamuu chaarterii lammiileen walqabata.<sup>72</sup> Chaarterii lammiilee manneen murtii kanaan dhimmoonni qulqullina murtiif gargaaran adda bahuun taa'aniiru. Fakkeenyaaf, sadarkaan tajaajilaa ifatti taa'uu, dhaqqabamummaan haqaa fooyyaa'uu, gareewwan tajaajilamtootaa muraasaaf (kanneen akka ragoolee, daa'immanii,fi miidhamtootaa) xiyyeeffannoon addaa kennamuu fi sirna odeeffannoo sadarkaa dhimmootaa ibsu diriirsuu maqaa dhahuun ni danda'ama.<sup>73</sup>

Biyya Faransaay keessattis bara 2003ALAtti tarkaanfiin walfakkaataa ta'e fudhatamee chaarteriin lammiilee hojiirra oolee ture.<sup>74</sup> Chaarterii kanaanis tajaajilli qaamolee mootummaa dhaqqabamummaa ta'uun, fedhii tajaajilamaa giddu galeessa godhachuun, komii dhiheeffachuu danda'uu, fi furmaata atattamaa lammiileef kennuu yaadonni jedhan ifatti taa'aniiru.<sup>75</sup> Dhimmi qulqullina abbaa seerummaas haala fedhii tajaajilamtootaa jiddu galeessa godhateen madaalamuu akka qabu biyyoota Awurooppaa kan akka Siwiizelaand keessatti baramaa dhufe.<sup>76</sup> Bara 1999ALA ttis biyya Neezerlaanditti pirojektiin bal'aa qulqullina mana murtii irratti xiyyeeffatu hojiirra ooleera. Kaayyoon ijoo pirojektichaas sirna madaallii raawwii hojii *qulqullina murtii madaaluun* fooyyaa'insa barbaachisu argamsiisuu danda'u diriirsuu yommuu ta'u, sirna madaallii raawwii manneen murtii Amerikaa sadarkaa duraan falmii dhagahan (TCPS) irraa muuxannoo hedduu kan fudhate ta'us, bifa salphaa ta'een hojiirra ooluu akka danda'utti yaadamee kan qophaa'e dha.<sup>77</sup> Biyya Fiinilaand keessattis bara 1995ALA as dhimmi madaallii raawwii hojii abbaa seerummaa xiyyeeffannoo guddaa argatee ture<sup>78</sup>. Keessumaa, bara 2003ALA caalaatti sirna qabatee cimoon ulaagaalee qulqullina murtii irratti karaa gaarii ykn gadhee ta'een dhiibbaa dhaqqabsiisan jaha adda baasee hojiirra ooleera.<sup>79</sup> Bara 2005ALAtti ammoo damee haqaa keessatti pirojektii kalaqa guddaa qabu jedhamuun badhaafameera.<sup>80</sup> Fedhiin sirna kana diriirsuu biyya tokko ykn lama qofa keessatti osoo hin ta'iin biyyootuma Awurooppaa hunda keessatti mul'achaa waan dhufeef Gamtaan Awurooppaa fi Manni Maree Awurooppaas hojii kana keessatti

---

<sup>72</sup> Akkuma 71ffaa.

<sup>73</sup> Akkuma 72ffaa.

<sup>74</sup> Akkuma 73ffaa.

<sup>75</sup> Akkuma 74ffaa.

<sup>76</sup> Akkuma 75ffaa.

<sup>77</sup> Akkuma 76ffaa.

<sup>78</sup> Akkuma 77ffaa.

<sup>79</sup> Akkuma 78ffaa.

<sup>80</sup> Akkuma 79ffaa.

hirmaachuun sanadoota adda addaa qopheessuu itti fufan.<sup>81</sup> Qulqullina murtii madaaluunis ardii kanaa fi ardiilee biroo keessatti kanuma faana guddachaa fi bal’achaa dhufuun addunyaalessa ta’e. Keessumaa, bara 2007ALAtti pirojektiin biraa manneen murtii addunyaa hunda irratti raawwatinsa qabaatu “*Framework for Court Excellence*” jedhamuun beekamu abbaa seeraa mana murtii aanaa biyya Singaapooriin jalqabe ekspertoota addunyaa garagaraa hirmaachisuun ifa ta’eera. Galmi guddaa pirojektii kanaas duudhaalee, yaadrimeewwanii fi meeshaalee manneen murtii addunyaa fayyadamuun qulqullinaa fi bulchiinsa haqaa isaanii madaalanii fi fooyyeessan diriirsuu dha.<sup>82</sup>

Walumaagalatti, seenaan guddina qulqullina murtii seenaa guddina madaallii raawwii hojii abbaa seerummaa yeroo adda addaatti taasimaa dhufee har’arraa gaheen kan wal qabatu akka ta’e ibsa olitti kenname kana irraa hubachuun ni danda’ama.

## **2.2. Muuxannoo Biyyoota Ambaa**

### **2.2.1. Muuxannoo Biyya Ameerikaa**

Biyyoota qulqullina murtii qulqullina tajaajila abbaa seerummaa waliin makanii madaalan keessa tokko biyya kana dha. Ulaagaan madaalli gahumsa hojii mana murtii madaalu bara 1987 ALA qophaa’uun hojiirra ooleera.<sup>83</sup> Haaluma kanaan, gahumsa hojii mana murtii madaaluuf ulaagaaleen 5 (shan) kan teechifaman yoo ta’u, of jalattis ulaagaalee xixiqqoo ni qabu.<sup>84</sup> Isaanis:

**a) Dhaqqabamummaa abbaa seerummaa:-** ulaagaa kana jalatti ulaagaalee xixiqqaa shantu jira. Isaaniis: falmii dhaddacha ifaan gaggeessuu (public proceeding), dhaqqabamummaa fi mijaa’ina (accessibility and convenience), hirmaannaa bu’aa qabeessa (effective participation), gara laafummaa, deebii hatattamaa kennuu fi kabaja (Courtesy, responsiveness, and respect), fi baasii fi yeroo madaalawaa ta’een dhimmoota raawwachu (Affordable cost of access)<sup>85</sup> dha.

**b) Si’oomina tajaajila abbaa seerummaa (expeditious and timeliness):-** Kana jalattis ulaagaalee xixiqqaa sadii: adeemsa dhimmootaa (case processing), sagantaa yeroo taa’e keessatti

---

<sup>81</sup> Akkuma 80ffaa, F.3.

<sup>82</sup> Akkuma 81ffaa.

<sup>83</sup> Evaluation of Quality of Adjudication in Court of Law, Olitti yaadannoo lak.32, F. 26.

<sup>84</sup> Akkuma 83ffaa.

<sup>85</sup> Akkuma 84ffaa;akkuma 1ffaa,F2

hojjechuu (compliance with schedule),fi si'oominaan seerota bu'uuraa fi seerota adeemsaa hojiirra oolchu dha.<sup>86</sup>

c) **Walqixxummaa, Haqummaa, Ejjannoo Cimaa Qabaachuu (Equality, fairness, and integrity):** Adeemsa tajaajila abbaa seerummaa madaalawaa fi amanamaa taasisu (fair and reliable judicial process), juuritti(namoota murtii kennuuf filataman) gargaaramuu, murtii fi tarkaanfiiwwan fudhataman walfakkaatoo ta'uu, ifa ta'uu hojii, murtii raawwachiisuuf itti gaafatamummaa fudhachuu,fi ragaa waraabuu fi ol kaa'uun ulaagaalee xixiqqoo ulaagaan kun of jalatti qabate dha.<sup>87</sup>

d) **Bilisummaa fi Itti Gaafatamummaa:** bilisummaa fi aangoo manneen murtii biroo kabajuu (independence and comity), qabeenya uummataaf itti gaafatamummaa fudhachuu (accountability for public resource), carraaqqii fi murtii namoonni dhuunfaa godhan jiraachuu (Personnel practices and decisions) fakkeenyaaf,ani bilisa jedhanii of amansiisuun dhiibbaa qaamota biraa irraa itti dhufu dandamachuu danda'uu, hubannoon hawaasaa akka jiraatu gochuu (public education), fi jijjiramaaf qophii ta'u (response to change)<sup>88</sup>ulaagaalee jedhan of keessatti hammata.

e) **Amantaa Uummataa Horachuu (Public Trust and Confidence):** ulaagaan kun qabxilee xixiqqaa sadii: dhaqqabamummaa tajaajila abbaa seerummaa, hojii manneen murtii si'ataa, madaalawaa fi amanamaa taasisu (expeditious fair and reliable court function), fi bilisummaa fi itti gaafatamummaan mana murtii kanneen jedhan of jalatti qabateera.<sup>89</sup>

Ulaagaalee kanneen fayyadamuun madaallii gaggeessuuf tooftaalee fi maloota garagaraatti fayyadamu. Tooftaaleen kunneenis daawwannaa (observation), meeshaalee teeknoolojii garagaraatti fayyadamuun fakkiidhaan (simulation) odeeffanno waa'ee mana murtii sassaabuu,

---

<sup>86</sup> Akkuma 85ffaa.

<sup>87</sup> Akkuma 86, fuula 27.

<sup>88</sup> Akkuma 87ffaa.

<sup>89</sup> Akkuma 88ffaa.

Af-gaaffii, dokimantii garagaraa xiinxalu, fi gabaabumatti sirna madaallii digirii 360(hunda galeessa) fayyadamuun madaalli gaggeessu.<sup>90</sup>

Ulaagaaleen madaallii qulqullinaa biyyi kun itti fayyadamtu baay'een isaanii waliigala kan ta'anii fi ibsa bal'aa kan barbaadan ta'us, dhimmoota kanniin tokko tokkoon kaasuun ijoo qorannichaa dagachuu waan ta'uuf bira darbameera. Ulaagaaleen kun hundi qajeeltoo seeraa "*Justice should not only be done, but should be seen done*" jedhuun kan hogganamani dha.<sup>91</sup>

### 2.2.2. Muxannoo Biyya Laativiyaa

Biyyoota qulqullina murtii kophaa isaa ulaagaalee addatti baasuun madaalan keessaa tokko biyya Laatiiviyaa dha. Biyya kana keessatti, hawaasa dimokraatawaa ta'e tokko keessatti murtii qulqullina qabu kennuun dirqama barbaachisaa dha jedhamee amanama.<sup>92</sup> Kana galmaan gahuudhaaf seerota bu'uuraa fi seerota adeemsaa isaanii keessatti abbootiin seeraa yeroo murtii kennan ulaagaalee qulqullinni murtii hordofu qaban hammachisaniiru.<sup>93</sup> Haa ta'u malee, ulaagaaleen seerota garagaraa keessatti qulqullina murtii dhugoomsuuf barbaachisoo dha jedhamanii tumaman qixa yaadameen qabatamaatti hojjiirra ooluu isaa waan shakkaniif ulaagaalee murtii seerota garagaraa keessatti tumamanii jiran irratti hundaa'uun qulqullina murtii madaaluun rakkoo jiruuf kallattii fuula duraa ni akeeku.<sup>94</sup> Madaalliin kan gaggeeffamu gosaa fi yeroo murtiin itti kenname ka'umsa godhachuunidha.<sup>95</sup>

Murtii isaaniiis ulaagaalee gurguddoo lama: foormii fi qabiyyee murtii irratti hundaa'uun ni madaalu.<sup>96</sup> Foormii murtii jalatti kan ilaalamu murtiin sun ulaagaalee seerota adeemsaa isaanii keessatti tumaman kan akka seensa, firii dubbii, xinxala fi ajaja (decision) kan qabu ta'u isaa akka waliigalaatti kan itti madaalamu dha.<sup>97</sup>

---

<sup>90</sup> Akkuma 89ffaa.

<sup>91</sup> Akkuma 90ffaa.

<sup>92</sup> Vineta Skejuniece, Olitti yaadannoo lak.9,F.9

<sup>93</sup> Akkuma 92ffaa, F.12

<sup>94</sup> Akkuma 93ffaa, F9.

<sup>95</sup> Akkuma 94ffaa, F12.

<sup>96</sup> Akkuma 95ffaa, F11

<sup>97</sup> Akkuma 96ffaa, F12.

Qabiyyee murtii jalatti kutaaleen murtii arfan armaan oliitti ibsaman kunneen ulaagaalee kutaaleen kunneen hammachuu qabu jedhame seerota bu'uuraa fi adeemsaa jalatti tumaman hammachuuf dhiisuu isaa kan ittiin madaalamu dha. Bu'uuruma kanaan:

Kutaan duraa seensa murti kan jedhamu yoo ta'u, seensa keessatti guyyaa murtiin itti kenname, maqaa abbaa seeraa, mana murtii, fi garee falmiitootaa, gosa dhimmichaa, dhimmichi oll'iyannoo yookiin ijiibbaata yoo ta'e maqaa mana murtii dhimmichi irraa iyyatame kan haguugu akka ta'e seeraan tumameera.<sup>98</sup> Kanaaf,biyya kanatti seensi murtii tokko qulqullina qabaachuuf dhiisuun isaa ulaagaalee kanneen armaan olitti ibsamaniin madaalama.

Kutaan lammaffaa murtii, firii dubbii (description) kan jedhamu yoo ta'u, kutaan kun hawaasni biyyattii murtii mana murtii malee galmee guutuu ilaaluudhaaf carraa kan hin qabnee waan ta'eef manni murtii firii dubbii kaa'u keessatti yaada guutuu falmii bitaa fi mirgaa murtii keessatti ibsu akka qabu agarsisa.<sup>99</sup> Firii dubbii kana jalatti abbaan seeraa iyyannoo, himaataa fi mormiin himatamaa barreeffamaa fi afaaniin dhaddacha irratti ibsan haala gaariin kan kaa'ee ta'uu fi dhiisuu isaa akka ulaagaa madaalli qulqullinaatti fudhachuun ittiin madaalama.<sup>100</sup>

Kutaan sadaffaan, xinxala (reasoning) kan jedhamu yoo ta'u, kana jalatti qabxilee gurguddoo sadii irratti hundaa'uun abbaan seerichaa murtii kennef sababa gahaa kaa'uuf dhisuu isaa ykn haalaan xiinxaluuf dhisuu isaa ni madaalu. Kanarra darbee abbaan seeraa ragaawwaan garee falmiitootaan dhiyaatan sababa fudhateef ykn kufaa taasiseef ibsu isaa ni madaala.<sup>101</sup> Qabxiilee gurguddoon sadan kunnen:

- **Firii dubbii hundeessuu (establishment of fact):-** kunis firii dubbii gareen falmiitootaa himannaa fi deebii akkasumas falmii afaaniin keessatti ibsan keessaa firiiwwan rogummaa qaban adda baasuun kan qabu ta'u kan agarsisu dha. Kanaaf, ulaagaan kun murtiin kennamu hangam firiiwwan rogummaa qaban adda baasee akka xinxalee kan madaalu dha.<sup>102</sup>

---

<sup>98</sup> Akkuma 97ffaa,F15

<sup>99</sup> Akkuma 98ffaa, F14

<sup>100</sup> Akkuma 99ffaa.

<sup>101</sup> Akkuma 100ffaa.

<sup>102</sup> Akkuma 101ffaa,F21

- **Keewwata seeraa rogummaa qabu adda baasuu:**-Manni murtii erga firii dubbi rogummaa qabu adda baasee booda, dhimmichi bu'aa seeraa akka qabaatu keewwata seeraa rogummaa qabu adda baasuun isa barbaachisa. Ulaagaan kunis murtiiwwan kennaman hangam keewwata seeraa irratti akka hundaa'an kan madaalu dha.<sup>103</sup>
- **Dhimmicha irratti xiinxala seeraa gaggeessu:**-Firiin dubbii rogummaa qabu fi keewwanni seeraa rogummaa qabu erga adda bahe booda firii dubbii keewwata seeraa waliin wal bira qabuun xinxaluun barbaachisaa dha. Ulaagaan kunis manni murtii hangam keewwatoota seeraa fi firii dubbitii waliitti fiduun akka xinxalu kan madaaluu dha.<sup>104</sup>

Kutaan arfaffaa, ajaja yoo ta'u kutaa kana jalatti waa'ee fudhatamummaan yookiin fudhatamummaa dhabuun himata (iyyata), mirgaa fi dirqama gareewwanii, adeemsa falmii keessatti garee baasii uwwisuu qabu, yeroo fi ol iyyannoon mirga ta'uu iddoo itti ibsamu dha.<sup>105</sup>

Ulaagaalee olitti ibsaman kanniin fayyadamuun madaallii gaggeessuuf akka madda odeeffannootti kan gargaaru murtiiwwan kanaan dura kennamanidha.<sup>106</sup> Kanaaf, haalli madaalli qulqullina murtii guutummaan guutuuti murtii kenname irratti kan hundaa'eefi isaa ala kan hin baane dha. Akkuma olitti ibsame, filannoon murtiiwwaniis gosaa fi turtii yeroo murtiin itti kenname irratti hundaa'a.<sup>107</sup> Dhimmoonni haala kanaan erga fo'amanii booda, ulaagaalee olitti ibsaman irra taa'uun laafinnii fi ciminni isaanii madaalama.<sup>108</sup> Madaalliin qulqullina murtiis kanuma.

Gabaabumatti, biyya Laativiyaatti, madaallii qulqullina murtii yeroo jedhamu, murtiin mana murtiin kenname tokko ulaagaalee armaan olitti ibsaman guutuuf dhiisuu isaa kan ittiin madaallu jechuu dha.

---

<sup>103</sup> Akkuma 102ffaa.

<sup>104</sup> Akkuma 103ffaa,F22

<sup>105</sup> Akkuma104ffaa,F15

<sup>106</sup> Akkuma 105ffaa, F12

<sup>107</sup> Akkuma106ffaa.

<sup>108</sup> Akkuma 107ffaa,F55

### **2.2.3. Muxannoo Biyya Jarmanii**

Biyyoota qulqullina murtii qulqullina tajaajila haqaa abbaa seerummaa wal duukaa madaalan keessaa Jarman ishee tokko dha. Qulqullinni haqaa fi qulqullinni murtii (quality of judicial justice and of quality of judicial decision) jiraachu isaas ulaagaalee armaan gadiitiin madaalu.

#### **1) Murtii Yeroo dhama qabeessa keessatti kennu (Decision shall be made within reasonable time)**

Ulaagaan kun ulaagaa qulqullina haqaaf barbaachisaa waan ta'eef waadaa Mirga Namoomaa Biyyoota Awuroopaa (European Convention of Human Right) kewwata 6 jalatti tumameera. Ta'uus ulaagaan kun akka biyya kanaatti haalaan hordoofamaa hin ture. Haata'uuyyuu malee manni murtii Jarman dhimma waggaa saddeeti fi ji'a afur fixee waan gaggeessaniif keewwata seeraa armaan oliitti ibsamee bira darbuun isaanii waan mirkanaa'eef kanummarraa ka'uun murtii yeroo daanga'ee keessatti kennu akka ulaagaatti fayyadamu jalqabaniru.<sup>109</sup> Yeroo kanarraa kaasee dhimmoonni daangaa yeroo akka qabaatan yaaliin garagaraa taasifameera. Dhimmoonni yeroo dhama qabeessa keessatti furmaata akka argatan gochuuf sirni itti to'atamu ni jira. Tokkoffaa, daangaa yeroo dhimmi tokko keessatti xumuramuu qabu bu'uura seerota adeemsaatiin adda baasuun kaawwachuu dha.<sup>110</sup> Lammeffaa, bu'uura istaandardii yeroo taa'e keessatti dimmoonni furmaata argachaa jiraachuuf dhiisuu isaanii hooggansi mana murtii hordofuu qaba.<sup>111</sup> Dhuma irratti, hordooffii gaggeeffameen sababa gahaa malee dhimmoonni yeroo taa'eefii jiru keessaa kan bahan yoo ta'e sirni tarkaanfiin ittiin fudhatamu danda'u jiraachuu dha.<sup>112</sup>

#### **2) Falmii haqa qabeessa ta'e gaggeessuun murtii haqaa kennu/just decision as a result of fair proceeding)**

Yeroo baay'ee murtii si'oomina qabu kennuuf yeroo yaalamu qulqullinna hojichaa dagachuun ni mul'ata, kanaaf, ulaagaan kun yaadotni lamaan kun kunis si'oominni murtii fi qulqullinni murtii akka wal-madaalani deeman gochuuf ulaagaa kana kaawwataniru.<sup>113</sup> Kanaaf ulaagaan kun yeroo

<sup>109</sup> Otto Mallmann, Experience in Germany in Evaluating Quality of Justice and of Judicial Decision, F1.

<sup>110</sup> Olitti yaadannoo lak.32, F40

<sup>111</sup> Hon. Justice Brian J Preston, Olitti yaadannoo lak.3, F13

<sup>112</sup> Akkuma 111.

<sup>113</sup> Otto Mallmann, Olitti yaadannoo lak.109, F2.

manni murtii murtii si'aawaa ta'e kennu qixuma sanaan ulaagaalee qulqullinaafis xiyyeeffannoo kennu kan qabu ta'u isaa kan nu akeeku dha.

### **3) Murtii gareen kennuu (Panel of judge)**

Akka muxannoo biyya kanaatti, Seera biyyatti keessatti dhimmoonni gareen ilaalaman baay'een tumamanii waan jiraniifi Abbootii seeraa haarawwaa gara hojiitti makamaniif akka muxannoo argatan kan isaan gargaaru waan ta'eef akka ulaagaa qulqullinaatti fudhatama.<sup>114</sup> Kunis abbootiin seeraa haaraa qacaraman abbootii seeraa muxannoo qaban waliin hojjachuun qulqullina tajaajila isaanii fooyyeessuu kan danda'an ta'u agarsisa.

### **4) Dhimmoota araaran fixu danda'uu(Amicable settlements)**

Dhimmoota araaraan fixuun dhimmoonni yeroo gabaabaa fi haala nageenya falmitootaa irratti miidhaa hin gessisneen akka raawwatu waan taasisuuf abbootiin seeraa hanga danda'amee garee falmitootaa dhimmoota hariiroo hawaasaa hunda araaran akka xumuran seeraa yaaluu kan qaban ta'u isaa seera adeemsaa biyyatti keessatti akka ulaagaa dirqisisaatti kaawwameera.<sup>115</sup> Dhimmoonni araaraan akka xumuraman taasisuun baay'inna hojii abbaa seeraa irraa kan salphisuu waan ta'eef, abbootiin seeraa dhimmoota haala idileetiin qabatanii jiraniif yeroo gahaa argatanii haalaan akka xinxalan kan isaan taasisuu waan ta'eef qulqullinni murtii isaanii akka dabaluu ni taasisa.

### **5) Garee Qulqullinaa Hundeessu(Quality group)**

Ulaagaan kun manneen murtii keessatti gareen qulqullinaa jiraachuu isaanii akka ulaagaa tokkotti kan fudhatu dha. Gareen kunis abbootii seeraan kan hundaa'uu fi mana murtii keessatti adeemsii hojii abbaa seermmaa akka fooyya'uu tarkaanfiwwan garagaraa akka fudhataman kan taasisu dha.<sup>116</sup> Gareen qulqullinaa kun tarkaanfiwwan garagaraa qulqullina hojii murtii fooyyessuuf gargaaran akka fudhataman kan taasisuu waan ta'eef, qulqullinni murtii akka dagaagu gochu keessatti iddoo guddaa qaba.

---

<sup>114</sup> Akkuma 113ffaa.

<sup>115</sup> Akkuma 114ffaa.

<sup>116</sup> Akkuma 115ffaa, F3.



## 6) **Murtee Manneen Murtii Maxxansuu**<sup>117</sup>

Murtii manneen murtii kallattii garagaraan maxxansisanii haawasa akka qaqqabu gochu akka ulaagaa qulqullina tokkootti kan fudhatamu dha.

## 7) **Abbootiin Seeraa Dhimma Dhimmaan Ogummaa Addaa Akka Horatan Taasisu (Specialization by Type, and Matter)**<sup>118</sup>.

Abbootiin seeraa dhimma dhimmaan xiyyeeffatanii akka hojjatan taasisuun waa'ee dhimma sanaa hubannoo fi dandeetti gahaa akka qabaatan kan isaan taasisuu waan ta'eef, murtiin isaan naannoo sanarratti kennan qulqullina kan qabaatu akka ta'u kan gargaaru waan ta'eef akka ulaagaa qulqullinaatti fudhatama.

Ulaagaalee madaallii kanniin qabatama taasisuuf maddi odeeffannoo fayyadamtu hedduu yoo ta'u, kana keessaa tokko istaatiksii mana murtii dha.<sup>119</sup> Keessattuu, si'oomina murtii madaaluuf daataa kanatti gargaaramu.<sup>120</sup> Maddi odeeffannoo biraa, yaada maamilaa (client survey) yoo ta'u, kunis manneen murtii baay'ee keessatti kan gaggeeffamu ta'ee kaayyoon isaas abbootiin dhimmaa, keessattuu ogeessoonni seeraa gara mana murtii dhufan gahuumsa abbootii seeraa kallattii dhagaha falmii (public hearing), fudhatamummaa fi hubatamuu danda'uu murtii abbootii seeraa, dheerina falmii (length of proceeding), odeeffannoo gahaa kennu irratti maal akka fakkaatan kan itti madaalani dha.<sup>121</sup> Xinxalli yaada maamilaa kun bargaa'ffii qaphxiilee 1-6 qabuun kan funaanamu ta'ee, qabxiin 1 raawwii baay'ee gaarii(Very Good) kan agarsisuu yoo ta'u, qabxiin 6 gahaa ta'u dhabu(insufficient) agarsisa.<sup>122</sup> Kanaaf, maddi odeeffannoo akkuma rogummaa qabuun kan filatamu ta'a jechuu dha.

### 2.2.4. **Muuxannoo Biyya Fiinlaand**

Biyya kanatti, ulaagaaleen madaallii qulqullinaa og-barruuwwan seeraa garagaraa, bu'aa xiinxala garee qulqullinaa (quality working group) irraa argamee, fi muxannoo biyyoota biroo irratti

---

<sup>117</sup> Quality of judicial decision and Evaluation Thereof, olitti yaadannoo 13, F2

<sup>118</sup> Akkuma 120ffaa.

<sup>119</sup> Otto Mallmann, Olitti yaadannoo lak.109, F3.

<sup>120</sup> Akkuma 119ffaa.

<sup>121</sup> Akkuma 120ffaa.

<sup>122</sup> Akkuma 121ffaa.

hundaa'uun kan qophaa'e yoo ta'u, bara 1999 irraa kaasee hojiirra ooleera.<sup>123</sup> Gulantaan qulqullinaa bu'uura kanaan wixineeffamee adeemsa falmii (adjudicative) manneen murtii ol'iyannoo dhagahan madaaluuf kan gargaare ta'us, amala isaaniitiin waliigala(general) waan ta'aniif, manneen murtii biyyattii hunda keessatti hojiirra ooleera.<sup>124</sup>

Ulaagaaleen qulqullina madaaluuf wixineeffaman kunniin lakkoofsaan jaha ta'u. Isaaniis: qulqullina adeemsa (process), qulqullina murtii (decision), qulqullina keessummeessa abbootii dhimmaa fi hawaasa, qulqullina si'oomina falmii (promptness of proceeding), gahumsa fi ogummaa (competence and professional skill), qulqullina bulchiinsaa fi qindoomina adeemsa falmii (organization and management of adjudication) dha.<sup>125</sup>

Akkuma armaan olitti ibsame, biyyi kun qulqullina akka waliigalaatti kallattii jahaan kan madaaltu yoo ta'u, kallattii jahan kaawwaman keessa tokko qulqullina murtii dha. Qulqullinni murtii hojii mana murtiif baay'ee barbaachisa<sup>126</sup> gahumsi isaas ulaagaalee xixiqqaa toorbaan kan madaalamu dha.<sup>127</sup> Isaaniis:

- 1) **Sirrummaa murtii (correctness of judgement)**-ulaagaan kun murtiin kennamu akkaataa seera hojiirra jiruu fi firiiwwan dubbii hundeeffaman irratti hundaa'uu kan qabu ta'u agarsiisa.<sup>128</sup>
- 2) **Seera qabeessummaa fi haqummaan murtiichaa kan nama amansisuu ta'u**-Seerummaa fi haqummaan murtichaa ogeessoota seeraa (abbootii seeraa, abbootii alangaa, abukaatoota fi ogeessoota seeraa biroo) fi garee falmitootaa amansiisuu danda'uu agarsiisa.<sup>129</sup>
- 3) **Iftooma qabaachuu sababaa (transparency of reasoning)**-sababni kaa'amu bu'uura qabatamaa agarsiisuu qaba; kana bira darbees cimina fi laafiina (pro and contra) sababa taa'ee abbaan seeraa agarsiisuu danda'uu qaba.<sup>130</sup>

---

<sup>123</sup> Evaluation of Quality of Adjudication in Court of Law, Olitti yaadannoo lak.32,F 30

<sup>124</sup> Akkuma 123ffaa,F 31.

<sup>125</sup> Akkuma 124ffaa.

<sup>126</sup> Akkuma 125ffaa, F35.

<sup>127</sup> Akkuma 126ffaa, F31.

<sup>128</sup> Akkuma 127ffaa, F36.

<sup>129</sup> Akkuma 128ffaa.

<sup>130</sup> Akkuma 129ffaa,F 37

- 4) **Sababni kaa'ame gad-fageenya kan qabuu fi sirnaawaa (systematic and detailed) ta'uu:-**sababni kaa'amu haala ijoo dubbiiif furmaata laachu danda'uun caaseefamu kan qabu fi ragaawwan dhiyaatan hunda kan xiinxale ta'uu agarsiisa.<sup>131</sup>
- 5) **Hunda-galeessaa (Comprehensive) ta'uu:-**sababni murtii keessatti jechoonni seeraa kan itti hin baay'annee fi afaan namni hunduu hubachuu danda'uun barreeffamuu agarsiisa.<sup>132</sup>
- 6) **Afaan murtichi ittiin barreeffame ifa ta'uu fi caaseffama sirrii ta'e qabaachuu (clear structured and linguistically and topographically correct):-** murtiin kennamu kutaawwan murtii yaada waliigalaa waa'ee murtii, ragaa, xinxala adda adda baasee kan agarsisuu ta'uu fi haalli barreeffama isaa fi afaan itti fayyadame sirrii ta'u akka qabu agarsisa.<sup>133</sup>
- 7) **Murtii dubbisuu (pronouncement of judgement):-**ulaagaan kunis murtiin kennamu booda osoo hin ta'in dhaddacha irratti garee falmitootaa fi hawaasaaf dubbifamu kan qabu, kunis murtiin kennamu garee falmitootaaf ifa akka ta'u yeroo dubbifamus ta'e sana booda gaaffii gaafachuu deebii kennu ille kan dabalatu dha.<sup>134</sup>

Maddi odeeffannoo bifa bargaa'fii (survey), madaallii eksipertiin godhamu (expert evaluation), xiinxala daataa istaatistikaawaa (statistical analysis), ofiin of madaaluu (self evaluation) fi yaada mana murtiin kennamuun (response by the court) odeeffannoon funaanamu akka qabu sanadni qulqullina madaaluuf qophaa'e ni ibsa.<sup>135</sup> Odeeffannoon mala kanaan funaanamu hubannoo nama dhuunfaa irratti kan rarra'e (subjective) ykn falmii malee waan namni hundi irratti waliif galu (objective) ta'uu danda'a. Waan ta'eefuu, odeeffannoon bifa hunda galeessa ta'een (digirii 360) walitti kan qabamu akka ta'e hubachuun ni danda'ama. Kun sirna madaallii raawwii hojii mana murtii akka waliigalaatti jiru wajjiin walfakkaata. Haa ta'u malee, madaalliin qulqullina murtiin adeemsuma walfakkaatuun argamuu akka danda'u hubachuun ni danda'ama. Odeeffannoon hubannoo nama dhuunfaa irratti rarra'us ta'e waanti namni hundi irratti waliif galu hanqinaa fi cimina ofii isaa ni qabaata<sup>136</sup>. Fakkeenyaaf, odeeffannoon hubannoo dhuunfaa irratti rarra'u yaada madaallii sababaan deggaree ibsuuf ni gargaara waan ta'eef kallattii namatti agarsiisa. Qabatama

---

<sup>131</sup> Akkuma 130ffaa.

<sup>132</sup> Akkuma 131ffaa.

<sup>133</sup> Akkuma 132ffaa.

<sup>134</sup> Akkuma 133ffaa.

<sup>135</sup> How to Assess Quality in the Courts?, Quality Benchmarks for Adjudication Are Means for the Improvement of the Activity of the Courts, F.7

<sup>136</sup> Akkuma 135ffaa.

godhanii dhiheessuuf garuu hin mijatu. Gama biraatiin, odeeffannoo namni hundi irratti waliigalu qabatama godhanii dhiheessuun kan danda'amu ta'us, sababaan deggaree ibsuuf garuu mijataa miti. Malawwan adda addaatti fayyadamuun odeeffannoo guuruun kan barbaachises qaawwa tokko qabu inni biraa akka duuchuuf yaadameeti.

Gara sirna madaallitti yoo deebinu, ulaagaalee qulqullinaa jahaan kaawwamanii fi ulaagaalee xixiqqaa isaan jala jiraniif qabxii 0-5 hiikkoo barbaachisu waliin kennamee jira. Caalaatti ifa gochuuf gabatee armaan gadiin agarsiisuun ni danda'ama.

*Gabatee 2.1: Gabatee qaphxii fi hiikkoo qaphxiileef kenname agarsiisu*

<b>Ulaagaa Taa'eef Qaphxii Kennamu</b>	<b>Hiikkoo Qaphxiin Kenname Agarsiisu</b>
Qaphxii-0	- Bu'aan argame <b>gonkumaa hin jiru</b> (none)
Qaphxii-1	- Murtaa'aa dha (limited) - Fooyyaa'insi ulaagaalee <b>murteessoo baayyee muraasa</b> (a few indicators) ta'an qofa irratti - Ulaagaaleen murteessoo ta'an baayyeen ni hafu
Qaphxii-2	- Madaalawaa (Fair) - Fooyyaa'insi ulaagaalee <b>murteessoo muraasa</b> (some key indicators) ta'an irratti ni jira
Qaphxii-3	- Gaarii dha (Good) - Raawwii gaarii dha - Fooyyaa'insi ulaagaalee <b>murteessoo ta'an baayyee</b> (most key indicators) irratti ni jira
Qaphxii-4	- Baayyee gaarii (Very good) - Ulaagaalee <b>murteessoo ta'an hunda irratti</b> (all key indicators) bu'aan argame jira.
Qaphxii-5	- Baayyee baayyee gaarii dha (excellent) - Raawwii fakkeenyummaa qabu - Ulaagaalee <b>hunda irratti</b> (all indicators) bu'aan argame ni jira

**Madda:** *How to Assess Quality in the Courts? Quality Benchmarks for Adjudication Are Means for the Improvement of the Activity of the Courts, F.7.*

Qabxiin 0 hojiin homaa kan hin hojjatamne ta'u; qabxiin 1 waan murtaa'aan qofti kan hojjetame ta'u; qaphxiin 2 qubsaa qaphxiin 3 gaarii; qaphxiin 4 baay'ee gaarii (very good); qaphxiin 5 raawwii fakkeenya gaarii ta'uu agarsisa.<sup>137</sup> Ulaagaalee gurguddoo jahan ibsamaniif fi ulaagaalee xixiqqaa isaan jala kaawwamaniif qabxii kennuuf toftaawwan garagaraatti ulaagicha irratti hundaa'uun ni kaa'u.

Ulaagaan qulqullina murtii inni duraa, sirrummaa murtii (correctness of judgement) yommuu ta'u, kana maadaaluuf akka madda odeeffannootti kan fayyadu abbaan seeraa of akka madaaluu gochuu, istaatiksii galmeewwan ol'iyyannoon ilaalamanii<sup>138</sup> fi komii seera qabeessummaa irratti dhiyaate.<sup>139</sup> Ulaagaa lammaffaa, seera qabeessummaa fi haqummaa murtii ilaalchisee akka madda odeeffannootti kan gargaaru yaada maamilaa (abukaattota, abbootii alangaa, fi gareewwan walfalman) bal'inaan xiinxaluu dha.<sup>140</sup> Ulaagaan sadaffaa, iftoomina qabaachuu sababaa (transparency of reasoning) ta'ee, madaallii gaggeessuuf akka madda odeeffannootti abbaan seeraa ofii isaatiin akka of madaalu gochu, yaada maamilaa bal'inaan xiinxaluu, fi madaallii garee ogeessootaan godhamu dha.<sup>141</sup> Ulaagaalee hafan biroo (sababni kaa'ame gad-fageenya qabaachuu fi sirnaawaa ta'uu, hunda-galeessa ta'uu, caaseffama gaarii fi afaan ifa ta'een barreeffamuu) madaaluuf maddawwan odeeffannoo gargaaran walfakkaatoo yommuu ta'an isaanis, abbaan seeraa ofiin akka of madaaluu gochu, xiinxala bal'aa gaggeessuu, fi garee ogeessootaan madaalliin akka gaggeeffamu gochuu dha.<sup>142</sup> Ulaagaan torbaffaa waliin wal-qabatee Murtii dubbisu (pronouncement of judgement) yoo ta'u, ulaagaa kanaaf toftaawwan fayyadaman abbaan seeraa ofiin akka of madaalu gochuu fi xiinxala yaada maamilaa gaggeessuu dha.<sup>143</sup>

Walumaagalatti, muuxannoo biyyoota olitti ibsaman kana irraa waanti hubachuun danda'amu qulqullinni murtii qofaa isaatti of danda'ee ykn raawwii hojii mana murtii waliigalaa keessatti madaalamuu kan danda'u ta'uu; kanaafis ulaagaalee, fi toftaaleen madaallii haala qabatama biyyootaa irratti hundaa'uun garaagarummaa qabaachuu kan danda'u ta'uu dha. Qulqullinni murtii manneen murtii Oromiyaas kan madaalamu muuxannoowwan olitti ibsaman kanaa fi

---

<sup>137</sup> Evaluation of Quality of Adjudication in Court of Law, Olitti yaadannoo lak.32,FF. 59-60

<sup>138</sup> Akkuma 137, F65.

<sup>139</sup> Akkuma 138ffaa.

<sup>140</sup> Akkuma 139ffaa.

<sup>141</sup> Garee ogeessootaa yoo jedhamu abbootii seeraa, abukaattoota, barsiisota seeraa (law professors), ogeessoota wal-qunnamtii (communication professionals) of keessatti kan hammatu dha (Akkuma 140ffaa).

<sup>142</sup> Akkuma 141ffaa.

<sup>143</sup> Akkuma 142ffaa, F67

sanadoota rifoormii manneen murtii keessatti gaggeeffaman kanneen akka JBAH fi SMBKT irraa ka'uunidha. Haaluma kanaan, ulaagaaleen madaallii gurguddoo 11 ta'an: gahumsaa fi dandeettii, naamusa abbootii seeraa, iftoomina qabaachuu seerota adeemsaa, itti fayyadama meeshaalee teekinooloojii ammayyaa, keessummeessa abbootii dhimmaa,hiikkaa waldiddaa filannoo, bilisummaa fi itti gaafatamummaa abbaa seerummaa, hojiin abbootii seeraa fi hojjetoota deeggersaa sirriitti adda bahuu, murtii daangaa yeroo taa'e keessatti murteessuu, barreessa murtii, fi tilmaamamummaa murtii irratti hundaa'uun madaalliin ni gaggeeffama.

## **Boqonnaa Sadii**

### **Qulqullina Murtii Manneen Murtii Oromiyaa: Xiinxala Daataa**

Boqonnaa darbe keessatti, biyyootni ambaa qulqullina murtii haala kamiin akka madaalan ilaalameera. Keessattuu, ulaagaalee madaallii hiikkoo isaanii wajjiin ilaaluuf yaalameera. Boqonnaa kana jalatti ammoo ulaagaalee madaallii adda bahan kanaan yoo madaalaman qulqullinni murtiiwwan manneen murtii Oromiyaa maal fakkaatu kan jedhu daataa guurame irratti hundaa'uun xiinxalama. Qorannoo gaggeessuu keessatti adeemsa walfakkaataa ta'e tokko (uniformity) hordofuun odeeffannoo xiinxaluun kan baratamee fi yaa'insa yaadaa eeguufis kan gargaaru dha. Haa ta'u malee, qorannoowwan akkanaa yaadimeewwan babal'oo ta'an of keessatti hammatan adeemsa akkasii qofa irratti hundaa'uun xiinxala gaggeessuun ulfaataa fi gaaffiiwwan qorannicha keessatti ka'aniif deebiin sirrii akka hin kennamne kan godhu dha. Kanaaf, xiinxalli boqonnaa kana keessatti godhamu bu'aa odeeffannoo bar-gaaffii, af-gaaffii, marii garee,ykn dhimmoota manneen murtii irraa argame dursa xiinxaluun isa biraa itti aansuu adeemsa jedhu kan hordofe miti. Adeemsi hordofame daataa isa kamti gaaffii qorannoo kam deebisuu danda'a kan jedhu giddu galeessa godhateeti. Kanaafuu, xiinxalli dhimmoota manneen murtii, daataa istaastikawaa, bar-gaaffii, af-gaaffii, fi marii garee funanaman akkaataa rogummaa qabaniin ni fayyadamu.

#### **3.1. Gahumsaa fi Dandeettii Abbootii Seeraa**

Gahumsi abbootii seeraa qaphxiiwwan adda addaa kan akka beekumsa seeraa waliigalaa fi addatti seeerota adda addaa irratti horachuu,seerota yeroo yerootti bahan beekani hojjechuu,leenjii itti fufiinsa qabu argachuu,dhimmoota seeraa irratti marii gaggeessuu, dhiibbaa bilisummaa irratti dhufu dandamachuu fi dandeettii waliigaluu(communication skill) of keessatti hammata. Dhimmoonni kunniin hundi waantota lamaan: leenjii fi barnootaan walqabatu. Lamaanuu gargar baasnee tokko tokkoon mee haa ilaallu:

##### **3.1.1. Leenjii**

Leenjiin hundeeffamuma manneen murtii Oromiyaa irraa eegalee (bara 1985 ALI) kennamaa ture. Erga Inistiitiyuutiin Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaa fi Qo'annoo Seeraa hundaa'ee as immoo

haala itti fufiinsa qabuun kennamaa jira. Leenjiin kennamus sagantaalee lamaani. Inni duraa, sagantaa leenjii hojiin duraa fi sagantaa leenjii hojiirraati. Sagantaan leenjii hojiirraa deebi'ee bakka lamatti: leenjii hojiirraa yeroo gabaabaa fi yeroo dheeraa jedhamee qoodama. Hubannoof akka tolu sagantaawwan leenjii adda addaatiin baay'ina abbootii seeraa leenji'an akka armaan gadiitti gabateen agarsiisuun ni danda'ama.

*Gabatee 3.1: Gabatee baay'ina abbootii seeraa leenjii hojiirraa fudhatan agarsiisu*

**a. Sagantaa Leenjii Hojiirraa Yeroo Gabaabaa**

Lak	Bara	Baay'ina abbootii seeraa leenjii hojiirraa yeroo gabaabaa fudhatan
1	2000	958
2	2001	1227
3	2002	800
4	2003	1,532
5	2004	1,585
6	2005 (hanga kurmaana 3 <sup>ffaa</sup> tti)	1,310

*Madda: Inistiitiyuutii Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaa fi Qo'annoo Seeraa Oromiyaa, Adeemsa Hojii Ijoo Leenjii fi Kenna Tajaajila Gorsaa*

*Gabatee 3.2: Gabatee baay'ina abbootii seeraa leenjii hojiirraa yeroo dheeraa fudhatan agarsiisu*

**b. Sagantaa Leenjii Hojiirraa Yeroo Dheeraa (LHYD) baatii shanii**

Lak	Leenjii Hojiirraa Yeroo Dheeraa	Yeroo itti Gaggeeffame	Baay'ina abbootii seeraa LHYD fudhatan
1	Marsaa 1 <sup>ffaa</sup>	Guraan dhala 2002-Hagayya 2002	100
2	Marsaa 2 <sup>ffaa</sup>	Hagayya 2002- Mudde 2003	97
3	Marsaa 3 <sup>ffaa</sup>	Guraan dhala 2003-Waxabajjii 2003	100
4	Marsaa 4 <sup>ffaa</sup>	Hagayya 2003-Mudde 2004	118
5	Marsaa 5 <sup>ffaa</sup>	Amajjii 2004-Adoolessa 2004	120
6	Marsaa 6 <sup>ffaa</sup>		71
<b>Ida'ama</b>			<b>606</b>

*Madda: Inistiitiyuutii Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaa fi Qo'annoo Seeraa Oromiyaa, Adeemsa Hojii Ijoo Leenjii fi Kenna Tajaajila Gorsaa*



*Gabatee 3.3: Gabatee baay'ina abbootii seeraa leenjii hojiin duraa yeroo dheeraa fudhatan agarsiisu*

**A. Sagantaa Leenjii Hojiin Duraa Yeroo Dheeraa (LHDYD)**

<b>Lak</b>	<b>Marsaa LHYDH</b>	<b>Yeroo itti Gaggeeffame</b>	<b>Baay'ina a/seeraa LHYDH fudhatan</b>
1	Marsaa 1 <sup>ffaa</sup>	Guraandhala 1999-Waxabajjii 2001	352
2	Marsaa 2 <sup>ffaa</sup>	Bitootessa 2001-Fulbaana 2002	60
3	Marsaa 3 <sup>ffaa</sup>	Sadaasa 2002-Waxabajjii 2003	136
4	Marsaa 4 <sup>ffaa</sup>	Mudde 2003-Onkoloolessa 2004	99
5	Marsaa 5 <sup>ffaa</sup>	Onkoloolessa 2004- Onkoloolessa 2005	113
6	Marsaa 6 <sup>ffaa</sup>	Sadaasa 2005	Hin xumuramne

*Madda: Inistiitiyuutii Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaa fi Qo'annoo Seeraa Oromiyaa, Adeemsa Hojii Ijoo Leenjii fi Kenna Tajaajila Gorsaa*

Gabateewwan oliirraa waanti hubachuun danda'amu sagantaawwan leenjii adda addaatiin leenjiin haala bal'ina qabuun gaggeeffamaa kan ture ta'uu isaati. Kun ammoo gahumsa abbootii seeraa cimsuuf hojiiwwan ijoo hojjetamuu qaban keessaa tokko kan hojjetamee fi hojjetamaa jiru akka ta'e hubachuun ni danda'ama.

Leenjiin itti fufinsa qabu kennamus hubannoon abbootii seeraa hundi sadarkaa barbaadamu irra gahee jira jechuun hin danda'amu. Qaawwa akkasii duuchuuf dhimmoota akka sirnaatti diriiran keessaa tokko marii idileessuu dha. Manneen murtii Oromiyaa keessattis marii idileessuun akka karooratti qabamee itti hojjetamaa jira.<sup>144</sup>

<sup>144</sup> Gabaasa Raawwii Hojii Manneen Murtii Oromiyaa Caffee Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaaf Bara 2000 dhihaate, F.8.

### 3.1.2. Barnoota

Kana qorannoo SMBKT manneen murtii Oromiyaa ka'umsa godhachuun madaaluun ni danda'ama. Qorannoon SMBKT dandeettii raawwachiisummaa gama barnootaan jiru madaaluuf kan gargaarame baay'ina ogeessota digirii lffaa fi isaa ol qaban %dhaan dabale dha.

*Gabatee 3.4: Gabatee ogeessota manneen murtii digirii lffaa fi isaa ol qaban irratti manni fi raawwii jiru agarsiisu*

<b>Kaayyoo tarsiiimowaa xiqqaa</b>	<b>Ka'umsa 2002</b>	<b>Manni 2007</b>	<b>Mannii 2003</b>	<b>Raawwii 2003</b>	<b>Mannii 2004</b>	<b>Raawwii 2004</b>
Ogeessota digirii lffaa fi isaa ol qaban (% dhaan )	24	50	28	28	33	14

Akkuma gabatee olii kana irraa dubbisuun danda'amu manniin ka'umsaa ogeessota digirii lffaa fi isaa ol qaban %24 dha. Bara 2007tti ammoo %50n gahuuti yaadame. Bara 2003tti manniin taa'ee fi raawwiin jiru walqixa,%28. Bara 2004 tti ammoo raawwiin jiru manni taa'een walbira yoo qabamu hedduu gadi bu'ee jira. Kana jechuun manniin qabamee %33 yommuu ta'u, raawwiin ammoo %14 qofa. Kun tarii bara 2004 keessa hojii gadhiisuun bal'inaan waan tureef ta'a. Osuma karoorra qabame keessatti raawwiin ni milkaa'a jennee yaadnee ogeessonna digirii jalqabaa fi isaa ol qaban %50 qofa ta'u jechuu dha. Kun kan agarsiisu, istaandardii qorannoo SMBKTtiin yoo madaalamu gama barnootaatiin hedduu kan hafu ta'uu isaati.

Gabaabumatti,leenjiis ta'e barnoota ilaalchisee sochiiwwan ni jiru. Kun ammoo deebi'ee gahumsii fi dandeettii abbootii seeraa kan fooyyaa'e ta'uu agarsiisa. Kana jechuun garuu, gama kanaan qaawwi mul'atu tasuma hin jiru jechuu miti. Kana dhimmoota murtaa'an tokko tokko irraa hubachuun ni danda'ama. Rakkoowwan mul'atanis bifoote adda addaan fakkeenyaaf, akka salphaatti dubbifamuu dhabuu murtii<sup>145</sup>, akkaataa sadarkaa dhimmi ilaalamuun seensa murtii sirriitti osoo hin barreessiin hafuu<sup>146</sup>, falmii gareewwanii madaalchisanii kaa'uu dhiisuu<sup>147</sup>, ijoo

<sup>145</sup> Fakkeenyaaf, galmeewwan 166 ilaalaman keessaa galmeewwan 23 (%13.9) akka salphaatti hin dubbifaman (Gaditti gabatee lak. 3.13 ilaalaa).

<sup>146</sup> Fakkeenyaaf, galmeewwan 166 ilaalaman keessaa galmeewwan 9 (%5.4) akkaataa seensi murtii itti barreeffamuu qabu hordofanii hin barreeffamne (Gaditti gabatee lak. 3.14 ilaalaa).

dubbii sirriitti adda baasanii ibsuu dhabuu<sup>148</sup>,ragaa gareewwanii hin galmeessiin hafuu ykn osoo hin madaalchisiin galmeessuu<sup>149</sup>,seeraa fi ragaa osoo hin xiinxaliin bira darbuu<sup>150</sup>,ajaja raawwiif mijatu kennuu dhabuun<sup>151</sup> ibsamuu danda'a.

### 3.2. Naamusa Abbaa Seerummaa

Murtii qulqullina qabu kennuu keessatti akkuma gahumsaa naamusi abbaa seerummaas iddoo ol'aanaa qaba. Naamusa abbaa seerummaa yeroo jennu yaadrimee bal'aa ta'ee fi dhimmoota hedduu of keessatti hammachuu danda'udha. Fakkeenyaaf, alloogummaa, ejjennoo cimaa qabaachuu, fayyaalummaa, walqixxummaa, fi kkf hundi dhimmoota naamusa abbaa seerummaa keessatti akka fakkeenyaatti ka'uu danda'anidha. Uumama isaa irraan kan ka'e gochoonni al naamusawoo ta'an hedduun dhoksaan raawwatamu. Kanaaf, haalli qabatama itti ta'uu danda'u dhiphaa dha. Haa ta'u malee, yaadni (perception) jiru maal fakkaata kan jedhu agarsiisuun ni danda'ama. Haaluma kanaan, abbootiin seeraa manneen murtii Oromiyaa sadarkaa maaliirra akka jiran beekuuf abbootiin alangaa fi poolisoonni qaphxii akka kennan barreeffamaan gaafatamanii qaphxii itti aanu kennaniiru:

*Gabatee 3.5:-Gabatee hanga naamusi abbootii seeraa gahu agarsiisu*

*(Yaada A/A fi Poolisii)*

Qaamaa fi baay'ina nama gaafatame	Qaphxii 0	Qaphxii 1	Qaphxii 2	Qaphxii 3	Qaphxii 4	Qaphxii 5
A/alangaa=104	3	11	25	39	21	6
Poolisoota=79	4	7	20	26	16	6
Ida'ama=183	7 (%3.83)	18(%9.8)	45 (%24.59)	65(%35.5)	37(%20.2)	12(%6.55)

<sup>147</sup> Fakkeenyaaf, galmeewwan 166 ilaalaman keessaa galmeewwan 20 (%12.1) falmii gareewwanii madaalchisanii barreessuu irratti hanqina qabu (Gaditti gabatee lak. 3.15 ilaalaa).

<sup>148</sup> Fakkeenyaaf, galmeewwan 166 ilaalaman keessaa galmeewwan 27(%16.2) ijoo dubbii adda baasuu irratti hanqina qabu (Gaditti gabatee lak. 3.16 ilaalaa).

<sup>149</sup> Fakkeenyaaf, galmeewwan 166 ilaalaman keessaa galmeewwan 18(%10.8)kana irratti hanqina qabu (Gaditti gabatee lak. 3.17 ilaalaa).

<sup>150</sup> Fakkeenyaaf, galmeewwan 166 ilaalaman keessaa galmeewwan 63(%37.9) gama kanaan hanqina qabu (Gaditti gabatee lak. 3.18 ilaalaa).

<sup>151</sup> Fakkeenyaaf, galmeewwan 166 ilaalaman keessaa galmeewwan 24(%14.5) irratti rakkinni akkasii mul'ateera (Gaditti gabatee lak. 3.19 ilaalaa).

Gabatee olii kana irraa hubachuun kan danda'amu abbootii alangaa fi poolisoota 183 gaafataman keessaa % 62.25 (%35.5+%20.2+6.55) qaphxii 3 fi sanaa ol yoo kennan, kanneen hafan %37.75 ammoo qaphxii 2 fi sanaa gadi laataniiru. Kun kan agarsiisu, yaadni abbootiin alangaa fi poolisoonni naamuusa abbootii seeraa irratti qaban akka waliigalaatti gaarii ta'uu isaati. Kana jechuun garuu, yaadni jiru guutummaan guutuutti rakkoo tokkollee hin qabu jechuu miti. Abbootiin alangaa fi poolisii gaaffii deebisan keessaa %37.75 qaphxii 2 fi sanaa gadi kennuunis kanuma agarsiisa. Af-gaaffiin hooggantoota ykn abbootii adeemsaa manneen murtii,<sup>152</sup> waajjiraalee haqaa<sup>153</sup>, waajjiraalee poolisii,<sup>154</sup> Bulchiinsa Manneen Amala Sirreessaa<sup>155</sup>, Bulchiinsaa fi Nageenyaa<sup>156</sup>, abukaattota dhuunfaa,<sup>157</sup> fi abbootii dhimmaa<sup>158</sup> wajjiin gaggeeffames yaaduma kana kan cimsu dha. Innumaa, rakkoon naamusaa gahumsa abbootiin seeraa leenjii fi barnootaan horatame hojiirratti akka hin mul'anneef sababa ijoo akka ta'etti kan ilaalan ni jiru.<sup>159</sup> Kun karaa adda addaa ibsamuu danda'a. Fakkeenyaaf, adabbii daangessuu, ragaa dhihaate bira darbuu, akka kaayyoo adabbiitti barsiisuu kan danda'u adabbii hidhaa ta'uu osoo qabuu qarshii gochuu, ykn qarshii ta'uu osoo qabuu hidhaa gochuu, jecha ragaa jijjiiruu, garee tokko gargaaruuf jecha keewwata yakki itti himatame jijjiiruu, falmii garee lamaanii madaalawaa godhanii kaa'uurra gamtokkotti duuffisuu, fi kkf.

<sup>152</sup> Fakkeenyaaf, Obbo Dhugumaa Nadhaa, Pirezidaantii Mana Murtii Ol'aanaa Godina Addaa Oromiyaa Naannawaa Finfinnee, Mudde 1, 2005 ALI; Obbo Mulugeetaa Fiqaaduu, Pirezidaantii Mana Murtii Ol'aanaa Godina Harargee Bahaa, Amajjii 7, 2005 ALI; Obbo Yeroo Raggaasaa, Gageessaa Garee Dhimma Siivilii, Mana Murtii Ol'aanaa Godina Addaa Naannawaa Finfinnee, Mudde 1, 2005 ALI

<sup>153</sup> Fakkeenyaaf, Obbo Miiliyoon Wandafireesh, A/A/H/Q/Y/M/H/ Kennisiisaa Waajjira Haqaa Godina Harargee Bahaa, Mudde 4, 2005 ALI; Obbo Xilaayee Ayyaanoo, B/B I/G Waajjira Haqaa Godina Addaa Oromiyaa Naannawaa Finfinnee, Mudde 2, 2005 ALI; Obbo Tashaalaa Angaasaa, I/G Waajjira Haqaa Aanaa Ada'a, Sadaasa 26, 2005 ALI

<sup>154</sup> Fakkeenyaaf, Inispekter Ol'aanaa Zalaalam Gazzaany, Hoogganaa Poolisii Aanaa Lume, Sadaasa 24, 2005 ALI; Inispekter Kadir Bushuraa, I/G Waajjira Poolisii Aanaa Ada'a, Sadaasa 25, 2005 ALI.

<sup>155</sup> Fakkeenyaaf, I/A Komaanderaa Mulugeetaa Laggasaa, Gageessaa A/H/B/M/Q/H/N Bulchiinsa Mana Amala Sirreessaa Godina Harargee Bahaa, Sadaasa 19, 2005 ALI

<sup>156</sup> Obbo Biraanuu Warquu, I/G Waajjira Bulchiinsaa fi Nageenyaa Aanaa Lume, Sadaasa 24, 2005 ALI.

<sup>157</sup> Fakkeenyaaf, Mana Murtii Kamiittuu Abukaattoo fi Gorsaa Seeraa (maqaan iccitii), Sadaasa 24, 2005 ALI; Ajajaa Dhibbaa Silashii Tafarraa, Mana Murtii Kamiittuu Abukaattoo fi Gorsaa Seeraa, Sadaasa 25, 2005 ALI

<sup>158</sup> Fakkeenyaaf, obbo Biraanuu Kabbadaa, Abbaa Dhimmaa Mana Murtii Ol'aanaa Godina Shawaa Bahaa, Sadaasa 13, 2005 ALI;

<sup>159</sup> Fakkeenyaaf, af-gaaffii Mana Murtii Hundatti abukaattotaa fi gorsitoota seeraa Obbo Yaamii Gurmuu, Obbo Naaftolii Fayisaa, obbo Nigaatuu Abeebbe, fi Obbo Taaddasaa Danbaluu waliin walduraa duubaan Sadaasa 18, 2005 ALI, Sadaasa 20, 2005 ALI, Mudde 4, 2005 ALI, fi Muddee 9, 2005 ALI waliin gaggeeffame. Akkasumas, Komaander Danbal Bobbaa, Qajeelcha Poolisii Godina Shawaa Bahaatti, A/A/H/ Q/Y/M/H/ Kennisiisaa, Mudde 11, 2005 ALI waliin gaggeeffame.

Keessumaa, yakkoota ajjeechaa daguu, kontirobaandii, bunaa, fi zayita irratti kan hammaatu ta'ee bilisa baasuu fi adabbii daangessuun karaawwan gurguddoo gochoonni naamusaan ala ta'an ittiin ibsamanidha.<sup>160</sup> Keessumattuu, ajjeechaa daguu irratti adabbii daangessuun hedduminaan mul'ata.

### 3.3. Iftoomina Seerota Adeemsaa

Seeronni adeemsaa keenya iftoomina qabu ykn hin qaban jechuudhaaf qorannoo mataa isaa barbaada. Haa ta'u malee, agarsiiftota tokko tokko irraa ka'uun iftoomina seerota adeemsaa tilmaamuun ni danda'ama. Kanaafis hiikkoowwan Dhaddacha Ijibbaataa Mana Murtii Waliigala Federaalaa fi qabatamatti galmeewwan sakatta'aman ka'umsa godhachuun ni danda'ama. Dhaddachi Ijibbaataa Mana Murtii Waliigala Federaalaa hiikkoo seeraa abbootii seeraa shanii gad hin taaneen kennuun manneen murtii sadarkaa hundaa akka hordofan kan dirqisisu ta'u labsii lakk. 454/1997 ni ibsa. Kanuma, irratti hundaa'uun manni murtii kun seeroota garagaraatiif hiikkoo kennaa tureera. Jildiiwwan manni murtii kun maxxansisee 1-13 jiran yeroo ilaallu, kewwattoota seeraa iftoomina hin qabnee garagaraatiif hiikkoo seeraa laachaa kan jiran ta'u hubannaa. Seeroota iftoomina hin qabnee fi hiikkoon irratti laatamee keessaa seerotni adeemsaa ni argamu. Jildiiwwan kannen keessatti mata dureewwan Seera Deemsa Falmii Hariiroo Hawaasaa, Aangoo Manneen Murtii fi Raawwii jedhan jalatti kewwattoota seeroota adeemsaa iftoomina hin qabneef hiikkoo garagaraa kennamea tureera; ammas kennamea jira. Fakkeenyaan fudhannee yoo ilaalle, hiikkoo s/d/f/h/h kewwata 43 kenname yoo ilaallu, kewwatni kun qaamni himatamummaan falmiitti makamee eenyu waliin falmata kan jedhu ifa waan hin taaneef, hojmaatni gara garaa manneen murtii keessatti kan jiru ta'u agarsisa.<sup>161</sup> Murtii kanarraa hubachuu kan dandeenyu keewwatni kun qaamni himatamummaan jidduu seenee eenyuu waliin falmata kan jedhu ifa waan hin taaneef dhaddachi ijibbaataa dhimmi kun kaayyoo s/d/f/h/h waliin ilaalamun hiikkamu qaba yaada jedhuun, g/seenaa himataa irrattis mormii isaa kaasuun himataa waliin falmachu kan danda'u ta'u ibseera.

---

<sup>160</sup> Af-gaaffii Pirezidaantota Manneen Murtii, I/G waajjiraalee Haqaa, I/G waajjiraalee Poolisii, fi Abukaattota wajjiin gaggeeffame

<sup>161</sup> Dhaabbata Inshuuraansii Awaash (Iyyattuun) fi Alii Mahaammad (D/kennaa), MMWF dhaddacha ijibbaataa, Lakk.G, 23692.

Kan biroon, hiikkoo kewwata s/d/f/h/h/ kewwata 70 waliin wal-qabatee kenname ilaaluun ni danda'ama.<sup>162</sup> Keewwatni kun himatamaan warqaan waamichaa isa gahee guyyaa deebii yoo hafe maal ta'a kan jedhu haala ifa ta'een waan hin keenyeef dhaddachi kun kaayyoo s/d/f/h/h mirga dhagahaa eeguu kan jedhu irratti hundaa'uun guyyaa deebii yoo himatamaan hafee mirga deebii kennu isaatu bira darbama malee adeemsa falmii itti aanu itti fufee falmachuu danda'a jechuun hiikeera. Kana malees, mormii darbiisa yeroo bu'uura s/d/f/h/h kewwata 49(1) tiin dhiyaatu eenyutu kaasa kan jedhu ilaalchisee keewwatichii ifa akka hin taanee dhaddachi ijibbaataa kun dhimma tokko<sup>163</sup> irratti ibseera.

Dabalataan, qaamnii bu'uura s/d/f/h/h kewwata 72 fi 78(1) tiin iyyata dhiyeessee jalaa kufaa ta'e, akkuma jalaa kufaa ta'een ol'iyannoo fudhata moo? hanga dhimmichi xumura argatuti eegaa kan jedhu ilaalchisee seerri adeemsa falmii hariiroo hawaasaa ifa akka hin taanee dhaddachi kun galmee biraa irratti ibseera.<sup>164</sup> Raawwiin s/d/f/h/h/ kewwata 73 dhimmoota ol'iyannoo irratti ifa akka hin taanee fi manni murtii ol'iyannoo irratti ol'iyataan hin dhiyaanne jedhe galmee cufu kan danda'u yoomii? kan jedhu hiikkoon kan isa barbaachisu ta'u isaa dhaddachi ijibbaataa ibsuun hiikkoo bu'uura s/d/f/h/h/ kewwata 199 tin itti kennera.<sup>165</sup>

Galmeewwan sadarkaa manneen murtii naannootti sakatta'aman irraattis bakki hanqinni iftoominaa itti mul'atu ni jira. Kanneen keessaa tokko falmii maatii irratti diiggaa gaa'ilaa fi bu'aawwan diiggaan gaa'ilaa hordofsiisuun kan walqabatu dha. Seerrii Maatii Oromiyaa keewwatoota bu'uura fi adeemsa of-keessatti kan hammatu akka ta'e beekamaa dha. Keewwatootni adeemsa seera kanaa falmiin diiggaa gaa'ilaa fi qoodinsa qabeenyaa galmee tokkoo irratti moo galmeewwan adda addaa irratti keessummaa'uu qaba kan jedhu ifatti hin teechisan. Kun ammoo manneen murtii dhimmuma walfakkaataa ta'e hojimaata adda addaan akka keessummeessan godhaa jira.

---

<sup>162</sup> Sheel Itoophiyaa dhaabbata itti gaafatamummaan isaa murtaa'ee(iyyataa) fi Asteer Birhaanuu(D/kennituu), MMWF dhaddacha ijibbaataa, lakk. G.15835.

<sup>163</sup> Addee Gaaddisee Ergee(iyyattuu) fi Addee Warqianxiif Baqqala(D/kennitu), MMWF dhaddacha ijibbaataa, Lakk.G.17361.

<sup>164</sup> Obboo Tasfaahuun Waanyawwu (iyyataa) fi Bajiiyaak Agroo Koomershiiyaal Interpraayizii (D/kennaa) MMWF dhaddacha ijibbaataa, Lakk.G 36412.

<sup>165</sup> Obbo Urgeessaa Taaddasa (iyyataa) fi Mallasa Takkaa N-4(D/kennitootni), MMWF Dhaddacha ijibbaataa, Lakk.G 14184.

Fakkeenyaaf, dhimma tokko<sup>166</sup> irratti manni murtii diiggaa gaa' ilaa kennuun galmee cufe. Falmiin qooddaa qabeenyaa raawwii galmee kana irratti itti fufee hin keessummeeffamne jechuu dha. Dhimma biraa<sup>167</sup> irrattimmoo galmeema tokko irraatti murtii diiggaa gaa' ilaa, qoodinsa qabeenyaa fi raawwiin yoo keessummaa' u mul'ata. Galmee kana irratti murtiin diiggaa gaa'eelaa fi qoodinsa qabeenyaa mana falmii kaasee irratti erga kenne booda, galmeedhuma haadhoo kana irratti raawwiin manichaas itti fufe. Murtii diiggaa gaa' ilaa fi qabeenyaa galmee haadhoo irratti kennun, raawwii isaa ammoo galmee biroo irratti yoo keessummaa' us ni jira. Fakkeenyaaf, falmii dhirsaa fi niitii Adde Muluu Safaraa fi Obbo Asaffaa Tafarraa jidduu ture irratti manni murtii adeemsa kana hordofeera.<sup>168</sup> Kanaaf, dhimmuma walfakkaatu irratti adeemsaalee adda addaa hordofuun akka jiru salphaatti hubachuun ni danda'ama. Ka'umsi rakkoo kanaas dhimma kana ilaalchisuun Seerri Maatii Naannoo Oromiyaa ifa ta'uu dhabuu dha.

Akka hubannoo qorattoota kanaatti, adeemsa isa kamti hordofamuu qaba kan jedhu murteessuun dura, osoo Seerri Adeemsa Falmii Siivilii jiruu Seerri Maatii Oromiyaa maaliif addatti dhimmoota adeemsa falmii of keessatti hammate kan jedhu ilaaluun barbaachisaa dha. Ibsa biraatiin, mirgootni bu'uuraa siivilii Seera Adeemsa Falmii Siiviliitiin keessummaa'aa bakka jiranitti adeemsa dhimmoonni maatii ittiin ilaalaman Seerri Maatii Oromiyaa<sup>169</sup> maaliif kaa'e gaaffiin jedhu deebi'uu qaba. Deebiin gaaffii kanaa, maatiin bu'ura hawaasaa waan ta'eef, seerri eegumsa addaa maatiif gochuu yaadeeti kan jedhu ta'uu danda'a.<sup>170</sup> Kana taanaan ammoo adeemsi dhimmoonni maatii itti keessummaa'an adeemsa dhimmoonni sivilii idilee itti keessummaa'an irraa yoo maqe nama hin dingu. Dantaa maatii caalaatti kan eegu jalqabaa kaasani hanga dhumaatti jechuunis, iyyata walhiikinsaatii kaasee hanga qoodinsa qabeenyaatti galmee tokko irratti kan keessummaa'an yoo ta'e dha. Adeemsi kun fakkeenyaaf deddeebii abbootii dhimmaa

<sup>166</sup> Adde Yaayinaababaa Geetinat (himattuu) fi Haayila Mikaa'eel Acaamoo (himatamaa), Mana Murtii Aanaa Shaaashamannee Lakk.G 29891.

<sup>167</sup> Addee Salaamawii haayilee (himattuu) fi Obbo Gadaamu Takilee (himatamaa), Mana Murtii Aanaa Jimmaa, Lakk.G 18239/2004

<sup>168</sup> Adde Muluusafaraa (Iyyattuu) fi Obbo Asaffaa Tafarraa (Waamamaa), Mana Murtii Aanaa Walmaraa, Lakk. G.36054/2004.

<sup>169</sup> Seerri Maatii Oromiyaa tumaalee adeemsa falmii ta'an hedduu of keessaa qaba. Fakkeenyaaf, iyyanni hiikkaa gaa' ilaa yoo dhihaatu manni murtii abbaa warraa fi haadha warraa addaa addatti ykn walbiratti dhiheessuun yaada walhiikuu isaanii akka jijjiiratan gaafachuu (kwt.100(1)); kun milkaa'uu yoo baate ammoo akkaataa barbaachisummaa isaatti yeroo ji'a sadii hin caalle keessatti deddeebisan akka itti yaadan gochuu (kwt.104(1)) akkuma iyyanni diiggaa gaa' ilaa dhihaateen manni murtii battalumatti akkaataa bulmaataa fi jireenya abbaa warraa fi haadha warraa, iddoo fi akkaataa jireenya ijoollee, akkasumas akkaataa bulchiinsa qabeenyaa isaanii ilaalchisee ajaja kennuu (Kwt.105(4)) fi kkf of keessatti hammateera.

<sup>170</sup> Kana ibsa seensa (preamble) Seera Maatii Oromiyaa irraa ka'uun tilmaamuun ni danda'ama.

salphisuu danda'a. Adeemsa kaan caalaas furmaata atattamaa kennuu danda'a. Kanaafuu, adeemsi murtii diiggaa gaa'ila, qoodinsa qabeenyaa fi raawwii galmeema tokko irratti keessummeessu filatamaa dha jechuun ni danda'ama.

Rakkoon adeemsa seeraa inni biroo, aangoo manneen murtii ifa taasisuun adda baasanii kaa'uu dhabuu dha. Kun, keessattuu yakkoota haarawaa seera yakkaa haaraa bahee keessatti tumamaniif aangoon mana murtii seera adeemsa falmii yakkaa duraan bahee jiru keessatti kan hin hammatamne ta'uudhaan walqabata. Fakkeenyaaf, yakkoota seera yakkaa bara 1949 bahe keessa hin turre garuu seera yakkaa bara 1996 bahe keessatti yakka jedhamanii tumaman keessaa tokko yakkoota kompuuteraan walqabatani hojjetamanidha.<sup>171</sup> Yakkoonni kanniin keessummeessuuf manni murtii aangoo qabu mana murtii kam akka ta'ee seera adeemsa falmii yakkaa keessatti tumamee hin jiru.

Walumaagalaatti, hiikkoowwan dhaddacha ijibbaataa fi ibsa olitti kenname irraa seerota adeemsa keenya iftoominni kan hanqatu ta'uu hubachuun ni danda'ama. Kun ammoo qulqullina murtii irratti dhiibbaa badaa kan dhaqqabsiisu dha.

### **3. 4. Meeshaalee Teekinooloojii Hammayyaatti Fayyadamu**

Meeshaaleen teekinooloojii hammayyaa mana murtii (court technologies) hojiirra akka oolu taasisuun si'oomina hojii kan dabaluu, baay'ina hojii kan salphisuu, fi qulqullina ragaa kan dabaluu waan ta'eef qulqullinna murtii waliin hidhata guddaa akka qabu boqonnaa darbe keessatti ilaaluuf yaalameera. Meeshaaleen hammayyaa yeroo ammaa manneen murtii naannoo Oromiyaa keessatti hojiirra akka oolaniif karooran qabaman: maashinii sagalee waraabu (Voice recording technology), viidiyoo koonfiraansii (Video conferencing), *e-filing system*, interactive Video, sirni daataa beezii (data base) ta'uu isaanii qorannoo JBAH irraa hubachuu dandeenyerra. Qabatamatti uwwisni meeshaalee teekinooloojii manneen murtii Oromiyaa keessatti maal akka fakkaatu gabatee armaan gadiin agarsiisuun ni danda'ama.

---

<sup>171</sup> Keewwattota 706-710, The Criminal Code of the Federal Democratic Republic of Ethiopia, Proclamation No. 414 / 2004, 9<sup>th</sup> of May, 2005, Addis Ababa.



*Gabatee 3.6: Gabatee uwwisa teekinooloojiiwwan odeeffannoo manneen murtii*

*Oromiyaa agarsiisu*

Lakk.	Mana murtii	Gosa teekinoolojii jiru			
		Maashinii sagalee waraabu	Vidiyoo konfiraansii	e-filing system	Interactive video
1	Manneen murtii aanaa	114	Hin jiru	Hin jiru	Hin jiru
2	Mannen murtii olaanaa	19	19	Hin jiru	1 (GAONF)
3	MMWO	Hin jiru	1	Hin jiru	Hin jiru

*Madda: MMWO, Garee Teekinoolojii Odeeffannoo*

Gabatee armaan olii irraa hubachuun kan danda'amu, meeshaalee teekinoolojii jiran keessaa maashiniin sagalee waraabu manneen murtii aanaalee 114 keessa jira. Baay'inni manneen murtii aanaalee akka Oromiyaatti jiran 300 ol. Kanaafuu, uwwisi sadarkaa manneen murtii aanaaleetti jiru %38 qofa jechuu dha. Gara sadarkaa manneen murtii ol'aanootti yoo deebinu uwwisi isaa hunda keessa jira; manneen murtii ol'aanoo kudha-salganuu ni qabu. Kana jechuun garuu, lakkoofa barbaadamuun walgaheera jechuu miti. Hanqina kana irraan kan ka'e meeshichi dhaddacha yakkaa qofaaf yeroo itti fayyadamanti jira; osoo jiraatee dhaddacha siiviliifis kan gargaaru dha. Sadarkaa MMWtti meeshaan kun hin jiru. Kun, tarii sadarkaa mana murtii kanatti barbaachisummaan meeshichaa xiqqaa waan ta'eef ta'uu mala. Dhimmoonni sadarkaa kanatti ilaalaman ragaa haaraa fuudhuu kan barbaadan osoo hin taane ragaa manneen murtii jalaatti dhagahaman fi ijoowwan seeraa irratti murtii kennuu dha. Kanaaf dursa manneen murtii jalaaf meeshicha guutuun adeemsuma sirrii hordofamuu qabu dha jechuun ni danda'ama. Kana jechuun garuu, MMWO dhimmoota aangoo sadarkaa duraan ilaalu gonkumaa hin qabu jechuu miti. Dhimmoota naannoo irratti aangoo jalqabaa kan hin qabne ta'uu baatus, dhimmoota federaalaa bakka bu'inaan dhagahu ni qabaata.<sup>172</sup> Yeroo kana, akkuma manneen murtii kaaniitti ragaa dhagaha waan ta'eef maashiniin kun ni barbaachisa. Kanaaf, meeshaa kana guutummaatti dhabuun isaa hanqina jennee amanna. Uwwisi viidiyoo koonfiraansii manneen murtii ol'aanoo hunda fi MMWO dhaqqabee jira. Garuu, manneen murtii aanaalee hundi hin qaban. Sirni *e-filing*

<sup>172</sup> Bu'uura Heera Mootummaa RDFI Kwt. 78 (2) fi 80(6)tiin Manni Murtii Waliigala Oromiyaa dhimmoota aangoo Mana Murtii Ol'aanaa Federaalaa bakka bu'inaan ilaaluu kan danda'uu fi murtiin kennamus Mana Murtii Waliigalaatti ol iyyataan ilaalamuu akka danda'u tumameera.

manneen murtii sadarkaa hunda keessa hin jiru; *interactive videon* ammoo Mana Murtii Ol'aanaa (Mana Murtii Ol'aanaa Godina Addaa Oromiyaa Naannawaa Finfinnee) tokko qofa keessa jira.

Walumatti, meeshaalee teekinooloojii hammayyaan walqabatee rakkoowwan gurguddoo lama kaasuun ni danda'ama. Inni duraa, fi gabatee oliirraas hubachuun kan danda'amu uwwisaa wajjiin kan walqabatu dha. Meeshaalee hammayyaa olitti ibsaman keessaa manneen murtii sadarkaa hunda irratti kan argamu daataa beezii dha. Meeshaalee kanneen keessaa manneen murtii Oromiyaa bal'inaan irratti hojjechaa jiru warreen jedhaman lamaan (viidiyoo koonfiraansii fi meeshaa sagalee waraabu)<sup>173</sup> fudhanneema kan ilaallu yoo ta'e, uwwisi isaanii baayyee hafa. Meeshaalee kanniin guuttachuun baajata guddaa waan barbaaduuf, sababa hanqina baajataa ta'uu mala. Af-gaaffiiwwan Pirezidaantota manneen murtii sadarkaa hunda irra jiran waliin gaggeeffames kanuma agarsiisa.<sup>174</sup>

Inni lammeffaa fi gadheen bakkeewwan uwwisi qaqqabee jirutti itti fayyadamuu dadhabuu dha. Fakkeenyaaf, daataa beeziin manneen murtii Oromiyaa hunda walgahee jira. Itti fayyadamni isaas salphaadha jedhamee yaadama. Garuu, ragaawwan galmeen walqabatan akkaataa qabamuu qabanitti ammallee qabamaa kan hin jirre ta'uu qorattoonni kunniin ofumaaf arganiiru.<sup>175</sup> Itti fayyadama maashinii sagalee waraabuu irrattis rakkoo walfakkaataa ta'eti jira. Kana irraan kan ka'e rakkoowwan akka jechi ragaa erga fuudhamee booda baduu ykn ammoo tasuma hin waraabamiin hafuu ykn jecha murteessaa ta'e irra utaaluu ni mul'atu.<sup>176</sup> Meeshaalee kanniin rakkoo yoo godhatanis ogeessi suphu akka salphaatti hin argamu; kaasettiin meeshaa kanatti fayyadamuuf gargaarus akka salphaatti gabaa irraa hin argamu<sup>177</sup> Akkaataa itti fayyadamaa

---

<sup>173</sup> Gabaasa Manneen Murtii Naannoo Oromiyaa kan baatii sagalii bara 2005, fuula 18.

<sup>174</sup> Fakkeenyaaf, Af-gaaffiiwwan obbo Bojaa Taaddasaa, Pirezidaantii MMWO, Amajjii 21, 2005; Obbo Mohaammad Jimaa, Pirezidaantii Mana Murtii Ol'aanaa Godina Shawaa Bahaa, Sadaasa 12, 2005; Obbo Dassaaleny Namarraa, Pirezidaantii Mana Murtii Aanaa Walmaraa, Mudde 8, 2005; Obbo Dhugumaa Nadhaa, Pirezidaantii Mana Murtii Ol'aanaa Godina Harargee Bahaa, Mudde 16, 2005; Ob. Kaffaloo Abbabaa, Pirezidaantii Mana Murtii Ol'aanaa Godina Wallagga Lixaa, Mudde 22, 2005; Obbo Gammachu Baqallaa, Pirezidaantii Mana Murtii Ol'aanaa Godina Jimmaa, Sadaasa 26, 2005 waliin gaggeeffame.

<sup>175</sup> Fakkeenyaaf, odeeffannoowwan qorattootaan funaanamaa turan keessaa tokkoo sadarkaa Mana Murtii Ol'aanaatti baay'ina galmeewwan ol iyyataan dhufan keessaa meeqa akka cime, akka fooyyaa'e, akka diigame, akka gadi deebi'e adda baafachuu ture. Manneen murtii Ol'aanoo 6 gaaffiin kun dhihaateef keessaa manneen murtii ol'aanoo 2 qofatu osoo hin harcaasiin qabate.

<sup>176</sup> Rakkoon akkasii fakkeenyaaf Mana Murtii Ol'aanaa Godina Arsii Lixaatti mudateera (Marii garee abbootii seeraa Mana Murtii Ol'aanaa Godina Arsii Lixaa waliin Sadaasa 20, 2005 gaggeeffame).

<sup>177</sup> Rakkoon akkasii keessumaa sadarkaa manneen murtii aanaaleetti caalaatti kan hammaatu ta'us, manneen murtii ol'aanoo irrattis ni jira (Af-gaaffii Obbo Dassaaleny Namarraa, Pirezidaantii Mana Murtii Aanaa Walmaraa, Mudde 8, 2005; Obbo Girmaa Abbabaa, Pirezidaantii Mana Murtii Aanaa Aqaaqii, Sadaasa 27, 2005 ALI; Obbo Dassaaleny

wallaaluu irraan kan ka'e mashiiniin bitamee kutaa kuusaa meeshaa kan taa'uus ni jira.<sup>178</sup> Kun qisaasama! Rakkoowwan kunniin viidiyoo koonfireensiingii irrattis ni mul'atu.<sup>179</sup> Maddi rakkoo kanaa leenjiin tasuma kennamuu dhabuu fi bakka kennamettis haala ciccitaa fi hubannoo qabsiisuu hin dandeenyeen kennamuu isaati.<sup>180</sup>

Gabaabumatti, meeshaalee teekinooloojiin walqabsiisee rakkoowwan jiran gama tokkoon kan dhiheessaa yoo ta'u, gama biraan ammoo dhiheessi jiraatus itti fayyadama isaa irratti hubannoon gahaa ta'e dhabamuu dha.

### 3.5. Keessummeessa Abbootii Dhimmaa

Boqonnaa darbee keessatti akkuma ilaaluuf yaalleetti yeroo keessummeessii gaariin jiraatu gareen falmiitootaa yaada isaanii haala bilisa ta'een ibsatu. Gareen falmiitootaa yaada isaanii bilisaan yoo ibsatan manni murtii yaada garee falmiitootaa hubachuun murtii haqa qabeessa ta'e kenna. Murtiin haqa qabeessa ta'e kennameera yoo ta'e qulqullinni murtii eegameera nama jechisiisa.

Keessummeessi manneen murtii naannoo Oromiyaa maal akka fakkaatu madaaluuf gaaffiiwwan lama barreeffamaan abbootiin alangaa fi qorattoota poolisiif dhihaataniiru. Gaaffiiwwan kunneenis:

- a) *Abbootii dhimmaa fi hawaasa gara mana murtii dhufuun tajaajilamu bifa kabaja mirga namoomaa eggateen keessummeessuun maal fakkataa?* kan jedhuu fi
- b) *Abbootii dhimmaaf "gora"<sup>181</sup> kennamuu qabuu fi haqummaa abbootii seeraa gaaffii keessa hin galchinee kennu irratti manni murtii maal fakkaata?* kan jedhu dha.

Deebiin giddu-galeessaa gaaffiiwwan dhihaatan lamaaniif kennamees akka armaan gadiitti ibsameera.

---

Galataa, Pirezidaantii Mana Murtii Aanaa Sabbataa Hawaas, Mudde 3, 2005 ALI; Obbo Kaffaalloo Abbaba, Pirezidaantii Mana Murtii Ol'aanaa Godina Wallagga Lixaa, Mudde 22, 2005 ALI itti gaggeeffame

<sup>178</sup> Fakkeenyaaf, Mana Murtii Aanaa Lumeetti rakkoon akkasiiti jira (Af-gaaffii obbo Yuusuuf Yaasin, Pirezidaantii Mana Murtii Aanaa Lume; obbo Ifabaas Gammachuu, Abbaa Seeraa Mana Murtii Aanaa Lume fi Obbo Magraa Baabsaa, Ofisara Seeraa Mana Murtii Aanaa Lume wajjiin gaafa Sadaasa 20, 2005 ALI itti godhame)

<sup>179</sup> Fakkeenyaaf, sababa addaan ciccituuf falmii dheeraa gaggeessuuf ni rakkisa. Kana sirreessuun ogummaa gaafata. Namni ogummaa isaa qabu ammoo dhiheeniyatti argamuu dhiisuu mala (Marii garee abbootii seeraa Manneen Murtii Ol'aanoo Godinaalee Shawaa Bahaa fi Arsii lixaa wajjiin Sadaasa 20 fi 21, 2005 gaggeeffame. fi Sadaayeroo

<sup>180</sup> Af-gaaffii obbo Bojaa Taaddasaa, Olitti Yaadannoo Lak.174; obbo Mohaammad Jimaa, Olitti Yaadannoo 174; Obbo Dassaaleny Galataa, Olitti Yaadannoo Lak.177.

<sup>181</sup> Akka waliigalaatti, abbaan seeraa gorsa hin kennu. Asitti kan jechuun barbaadame yaada bilisummaa isaa gaaffii keessa hin galchine fakkeenyaaf, dhaqiiiti abukaattoo mariisii jechuufaa kan agarsiisu dha.

*Gabatee 3.7(a): Gabatee sadarkaa keessummeessa manneen murtii Oromiyaa  
Agarsiisu (bar-gaaffii)*

Qaama gaafatamee	Shan keessaa qabxii kenname						
	0	1	2	3	4	5	Ida'ama
A/alangaa	5(4.4%)	8(7.4%)	27(26.1%)	38(36.9%)	21(20.2%)	4(4.9%)	103
Poolisii	3(3.3%)	8(8.7%)	21(22.8%)	31(33.7%)	25(26.6%)	5(4.9%)	92

Gabatee armaan olii irraa hubachuun akka danda'amutti abbootii alangaa 40(38.8%) fi poolisiin 32(34.8%) keessummeessa mana murtiif qabxii lamaa fi sanaa gad kennaniru. Akkasumas, abbootiin alangaa 63(61.2%) fi poolisootni 60 (65.2% ta'an) qabxii sadii fi isaa ol kennaniru. Kun keessummeessi jiru gaarii akka ta'e kan agarsiisu dha.

Dabalataanis, sadarkaa keessummeessi irra jiru beekuuf af-gaaffiin gaggeeffamee ture. Haaluma kanaan, Hoggantootni Waajjiraalee Dhimma Dubartoota fi Daa'immanii, Bulchinsaa fi Nageenya, Bulchiinsa Manneen Sirreessaa, Haqaa, fi Poolisii; akkasumas, abukaattota dhuunfaa fi abbootii dhimmaa; walumatti, 131 ta'an, keessummeessa mana murtii akka armaan gadiitti sadarkeessaniiru:

*Gabatee 3.7(b): Gabatee sadarkaa keessummeessa manneen murtii Oromiyaa  
Agarsiisu (af-gaaffii)*

Qaama gaafatamee	Sadarkaa keessummeessi irra jiru			Waliigala Ida'ama
	Gaarii	Giddu galeessa	Yaraa	
Abuukaattota dhuunfaa, A/dhimmaa, hooggantoota Waajjira Bul/Na, W/Dh/Dub/Da, B/M/Sir , W/Haqaa, fi Poolisii	63(48.1%)	54(41.2%)	14(10.7%)	131

Namoota 131 gaafataman keessaa 63(48.1%) Keessummeessi jiru gaarii; 54 (41.2%) giddu-galeessa; 14 (10.7%) ammoo yaraa dha jedhaniiru. Kun kan agarsiisu keessummeessi mana murtii sadarkaa gaarii irratti kan argamu ta'uu isaati. Kanaafuu, xiinxalli odeeffannoo bar-gaaffii fi af-

gaaffii irraa argame kan waldeggaru dha jechuun ni danda'ama. Fooyyaa'insi kun akka argamuuf waantonni akka galteewwaniitti hojjetaman hedduun kan jiran yoo ta'u, kanneen keessaa JBAH hojiirra oolchuu, marii idileessuun keessummeessaas ajandaa gochuu, fi ILOQHQSotti leenjiin kennamu adda duraan tuqamu.<sup>182</sup>

Kana jechuun garuu, keessummessi manneen murtii guutummaan guutuutti qulqullu ta'ee jira jechuu miti. Xiinxalli gabatee lak.4.8 (a) fi 4.8(b) irratti godhames kanuma agarsiisa. Hanqinootni jiranis bifa armaan gadiin ibsamuu akka danda'an af-gaaffiiwwan gaggeeffaman irraa hubachuun ni danda'ama.

- i. Murtiin yoo dubbifamu abbootii dhimmaa haala amansiisuu danda'uun murtii kenname ibsuurra bifa waliigalaan murtiin cimeera ykn fooyyaa'eera ykn diigameera jechuun akka abbootiin dhimmaa quuqamaa adeeman gochuu.
- ii. Yeroo hojii kabajuu dhabuu. Fakkeenyaaf, sa'atii 10:00 yeroo ta'u himannaa banu diduun har'a dadhabneerraa boor kottu jechuu. Ifachuu fi dutuunis ni jira. Keessattu rakkoon kun caalaatti ofisaroota seeraa fi hojjetoota deeggersaa biratti mul'ata.<sup>183</sup>

#### **4.6. Hiiktuu Waldiddaa Filannoo (ADR)**

Kenninsa tajaajila abbaa seerummaa keessatti hiiktuun waldiddaa filannoo gama si'oomina, dhaqqabamummaa, fi qulqullina dhugoomsuu keessatti iddoo ol'aanaa qaba. Seerota bu'uura<sup>184</sup> fi adeemsa falmii keessatti<sup>185</sup> dhimma kanaaf beekantiin kan

---

<sup>182</sup> Af-gaaffii Pirezidaantotaa fi abbootii seeraa manneen murtii sadarkaa adda addaa irra jiran wajjiin gaggeeffame (Fakkeenyaaf, obbo Geetaachoo Galataa, Pirezidaantii Mana Murtii Aanaa Adaamaa, Sadaasa 17, 2005; Obbo Biraanuu Bayyanaa, Abbaa Seeraa Mana Murtii Ol'aanaa Godina Shawaa Bahaa, Sadaasa 14, 2005; Obbo Dhugumaa Nadhaa, Olitti yaadannoo lak. 174, Mudde 1, 2005; Obbo Tuulii Baayyisaa, Abbaa Seeraa Mana Murtii Waliigala Oromiyaa, Amajjii 16, 2005 waliin godhame. Mariin garee abbootii seeraa manneen murtii ol'aanoo godinaalee Shawaa Bahaa, Sadaasa 21, 2005, Godina Addaa Oromiyaa Naannawaa Finfinnee, Mudde 2, 2005; Harargee Bahaa, Mudde 16, 2005 waliin taasifames yaaduma kana cimsa.

<sup>183</sup> Af-gaaffiiwwan abukaattota dhuunfaa, poolisootaa, fi abbootii dhimmaa waliin godhame. Fakkeenyaaf, obbo Naaftolii Fayyisaa abukaattoo fi gorsaa seeraa, Sadaasa 20, 2005; Komaander Juhaar Mohaammad, A/A/H/Qo/Y /M/ H/K Qajeelcha Godina Harargee Bahaa; Obbo Hayiluu, A/dhimmaa MMO Godina Addaa Oromiyaa Naannawaa Finfinnee, Mudde 1, 2005

<sup>184</sup> Seerri Hariiroo Hawaasaa biyya keenyaa kwt.3307-3324 akkaataa gareewwan walfalman ofumaa isaaniitiin, ykn karaa nama sadeffaa araaramuu itti danda'an; kwt.3325-3346 akkaataa gareewwan dhimma isaanii jaarsummaan fixachuu itti danda'an tuma.

kenname kanumaafi. Manneen murtii Oromiyaa keessatti dhimmoota kanniin caalaatti bu'a qabeessa taasisuuf qorannoo JBAHtiin adda bahee kan taa'e dhaddacha jaarsummaa gurmeessuu dha.<sup>186</sup> Qorannoo JBAHtiin gahee fi hojiin dhaddacha jaarsummaa maal faa akka ta'e; akkasumas, namoonni dhaddacha kana irra hojjetan naamusaa fi hubannoo attamii qabaachuu akka qaban kallattiin agarsiifamee jira.<sup>187</sup> Kana raawwachiisuuf garuu, qajeelfamni bahee hin jiru waan ta'eef akka gurmaa'uu qabutti hin gurmoofne.<sup>188</sup> Manneen murtii kaka'umsuma isaaniitiin hojiirra oolchuuf yaalanis jiru. Fakkeenyaaf, manneen murtii aanaalee 18 qorannoon kun irratti gaggeeffame keessaa aanaaleen shan<sup>189</sup> gurmeessuun hojiirra oolchuuf yaalaniiru. Manneen murtii aanaalee hafan kudhasadii keessatti ammoo abbootiin seeraa akka dhuunfaatti abbootii dhimmaa falmii qaban karaa hiiktuu waldiddaa filannootiin akka fixatan jajjabeessuu bira darbee sirna itti gochuuf yaaliin taasisan hin jiru.<sup>190</sup> Warreen gurmeessuun hojiirra oolchuuf yaalanis kaka'umsa dhuunfaa taasisaniin kan itti deeman malee qajeelfamni ifa ta'e waan diriireef miti. Fakkeenyaaf, jaarsoliin araaraa attamitti filamu, adeemsa attamii hordofanii hojii hojjetu, itti gaafatamummaan isaanii eenyuuf ta'a, deggarsa attamii isaan barbaachisa, dhimmoota attamiiti kanaan keessummaa'uu danda'aa fi kkf dhimmoonni jedhan ifatti kaa'amee hin jiru.

Manneen murtii sirna itti uumuuf yaalanis dhimmoota kanniin ofumaaf deebisanii kan itti deemanidha. Yaada kana deggaruuf muuxannoo Mana Murtii Aanaa Lumee akka fakkeenyaatti ibsuun gaarii ta'a.

---

<sup>185</sup> Fakkeenyaaf, Seerri Aeemsa Falmii Hariiroo Hawaasaa kwt.274-277 akkaataa dhimmoonni araaraan furmaata argachuu itti danda'an tumee jira. Seera Adeemsa Falmii Yakkaa kwt.151 jalattis yakkoota iyyannoo dhuunfaa miidhamaatiin dhihaatan manni murtii walitti araarsuuf yaalii gochuu akka qabu tumameera

<sup>186</sup> Sanada qorannoo JBAH, FF. 98 -100.

<sup>187</sup> Af-gaaffii Pirezidaantota Manneen Murtii sadarkaa hunda irra jiran waliin gaggeeffame. Fakkeenyaaf, Obbo Bojaa Taaddasaa, Olitti Yaadannoo lak.174; Obbo Dhugumaa Nadhaa, Olitti yaadannoo lak.174; Obbo Mulugeetaa Fiqaaduu, Pirezidaantii Mana Murtii Ol'aanaa Godina Harargee Bahaa, Amajjii 7, 2005ALI; Obbo Masfin Zawudee, Pirezidaantii Mana Murtii Aanaa Kombolchaa, Mudde 22, 2005ALI

<sup>188</sup> Af-gaaffii Pirezidaantota Manneen Murtii sadarkaa hunda irra jiran waliin gaggeeffame. Fakkeenyaaf, Obbo Bojaa Taaddasaa, Olitti Yaadannoo lak.174; Obbo Dhugumaa Nadhaa, Olitti yaadannoo lak.174; Obbo Mulugeetaa Fiqaaduu, Pirezidaantii Mana Murtii Ol'aanaa Godina Harargee Bahaa, Amajjii 7, 2005ALI; Obbo Masfin Zawudee, Pirezidaantii Mana Murtii Aanaa Kombolchaa, Mudde 22, 2005ALI

<sup>189</sup> Aanaaleen kunniin Lumee, Bishooftuu, Aqaaqii, Walmaraa fi Kombolcha dha.

<sup>190</sup> Aanaaleen kunniin Haromayyaa, Baabbilee, Sabbataa Hawaas, Adaamaa, Arsii Nagallee, Shaashamannee, Wandoo, Jimmaa, Maannaa, Gommaa, Gimbi, Laaloo Assaabii, fi Bojjii Dirmajjii dha.

*Jaarsolee miseensota shan qabanti hojii jaarsummaa hojjeta. Jaarsoleen kunniin namoota hawaasa keessatti fudhatamummaa qabu jedhamanii yaadaman yommuu ta'u, pirezidaantii mana murtii fi qaamolee bulchiinsaa waliin ta'uun kan filatamanidha. Walittiqabaan jaarsolee isaanuma keessaa filama. Torban keessatti guyyoota lama hojjetu. Dhimmoota keessummeessan kallattiimaan qaamolee walddhaban irraa argatu. Manni murtiis gareewwan walddhaban gara isaaniitti yeroo qajeelchuti jira. Bakki hojii mana murtii keessa. Deggersa waraqaa fi kobbee ittiin barreessanis achumaa argatu;manuma murtiiti to'atas.<sup>191</sup>*

Manni murtii aanaa kun tarkaanfii akkasii kan fudhate kaka'umsama dhuunfaa isaatiin malee akka sirnaatti adeemsi hiikkaan walddiddaa filannoo ittiin gaggeeffamu kana jedhamee akka sirnaatti diriire hin jiru. Kanaaf, manneen murtii oromiyaa keessatti akkaataa qorannoo JBAH'n hojjetamaa kan hin jirree ta'u agarsisa.

### **3.7. Bilisummaa fi Itti Gaafatamummaa**

Yaadrimeen kun bal'aa fi dhimmoota hedduu of keessatti akka hammatu sakatta'a ogbarruu jalatti ilaaluuf yaalameera. Xiinxalli asitti godhamus dhimmoota bilisummaa fi itti gaafatamummaa wajjiin walqabatan hunda kan hammatu osoo hin taane, dhimmoota muraasa garuu ammoo ijoo ta'an fudhachuudhaan ta'a.

#### **A) Kutannoo Dhuunfaa Abbootiin Seeraa Dhiibbaa Isaan Irra Gahuu**

##### **Dandamachuun “ani bilisa jedhanii of amansiisuun” seera qofaan gaggeeffamuun hojjechuu**

Walmadaaluun bilisummaa fi itti gaafatamummaa kallattii adda addaan ibsamuu danda'a. Kanneen keessaa tokko kutannoo dhuunfaa abbootiin seeraa dhiibbaa isaan irra gahuu danda'u dandamachuun *ani bilisa jedhanii of amansiisuun (mentality)* seera qofarratti hundaa'uun hojjechuu dha. Gama kanaan, abbootiin seeraa manneen murtii Oromiyaa maal ofiin akka jedhan gaafatamanii akka armaan gadiitti deebisaniiru.

---

<sup>191</sup> Af-gaaffii Obbo Yuusuuf Yaasin, Pirezidaantii Mana Murtii Aanaa Lume, Sadaasa 20,2005 ALI waliin gaggeeffame.

Gabatee 3.8 (a): *Gabatee sadarkaa bilisummaa dhuunfaa abbootii seeraa madaalu*  
(*yaada abbootii seeraa*)

Baay'ina abbootii seeraa gaafataman	Qaphxii 0	Qaphxii 1	Qaphxii 2	Qaphxii 3	Qaphxii 4	Qaphxii 5
115	-	11 %9.57	13 %11.30	21 %18.26	40 %34.78	30 %26.09

Gabatee olii kana irraa hubachuun akkuma danda'amu abbootii seeraa gaafataman keessaa %79.13 (%18.26+ %34.78+%26.09) qaphxii 3 fi sanaa ol yoo kennan,% 20.87 (%9.57+% 11.30) ammoo qaphxii 2 fi 1 ofiif kennanii jiru. Kun kan agarsiisu, abbootiin seeraa baayyeen bilisa akka ta'anitti sammuu isaanii amansiisanii hojjechuu irratti gaarii yoo ta'anis, muraasni isaanii garuu amantaa akkasii kan hin qabne ta'uu dha. Kun kan ittiin ibsamu keessaa tokko ragaa dhihaatuu fi seera jiru irratti hundaa'uun murteessuurra dhimma dhihaate tokko irratti qaamni bulchiinsaa fi hawaasni maal jechaa jira jedhanii alatti gurra qabuun yaaddoo keessa galuu dha<sup>192</sup>.

Qaamoleen biroo abbootii seeraa wajjiin hojjetan (abbootii alangaa, poolisii fi ofiisaroota seeraa) qaphxii ka'e irratti ilaalcha attamii akka qaban (perception) gaafatamanii qaphxii armaan gadii kennaniiru:

Gabatee 3.8(b): *Gabatee sadarkaa bilisummaa dhuunfaa abbootii seeraa madaalu*  
(*yaada abbootii alangaa, poolisii, ofiisaroota seeraa*)

Qaamolee gaafatamaniifi baay'ina	Qaphxii 0	Qaphxii 1	Qaphxii 2	Qaphxii 3	Qaphxii 4	Qaphxii 5
AbbaaAlangaa =103	3	8	26	42	15	9
Poolisii =83	2	11	20	28	15	7
Ofiisara Seeraa =64	0	6	8	13	21	16
Ida'ama=250	5=%2	25=%10	54=%21.6	83=%33.2	51=%20.4	32=% 12.8

<sup>192</sup> Marii garee abbootii seeraa Manneen Murtii Ol'aanoo Godinaalee Shawaa Bahaa fi Harargee Bahaa waliin gaafa Sadaasa 21,2005 fi Mudde 16,2005 gaggeeffame. Af-gaaffiin abukaattota dhuunfaa waliin gaggeeffames yaaduma kana deggara. Fakkeenyaaf, af-gaaffii Obbo Naaftolii Fayyisaa, Abukaattoo fi Gorsaa Seeraa, Sadaasa 20,2005;Obbo Taaddasaa Danbaluu,Abukaattoo fi Gorsaa Seeraa,Muddee 9,2005.



Gabateen olii kana irraa dubbisuun kan danda'amu, abbootii alangaa, poolisootaa, fi ofiisaroota seeraa 250 gaafataman keessaa % 66.4 (%33.2+%20.4+%12.8) qaphxii 3,4 fi 5 yoo kennan kanneen hafan %33.6 ammoo qaphxii 2,1, fi 0 kennaniiru. Kanarraas akkuma olii qaamoleen abbootii seeraa wajjiin hojjetan baayyeen bilisa ta'uu isaanii sammuu isaanii keessatti of amansiisuun hojjetu ilaalcha jedhu qabaachuu irratti gaarii akka ta'e hubachuun ni danda'ama. Haa ta'u malee, abbootiin seeraa dhibbeentaan xiqqaa hin taane (%33.6) qaphxii 2 fi isaa gadii waan kennaniif ammallee sammuu ofiitti bilisa jechuun of amansiisanii hojjechuun guutummaan guutuutti jira kan nama jechisiisu miti.

Kanaaf, akkaataa abbootiin seeraa itti of madaalaniinis ta'e akkaataa qaamoleen isaan waliin hojjetan itti hubatanitti ani bilisa jedhanii sammuu ofii amansiisuun hojjechuun gaarii ta'us ammallee hanqina akka qabu hubachuun ni danda'ama.

## **B) Sirni Ol Iyyannoo Jiraachuu**

Ajaja ykn murtii manni murtii kenne irratti qaamni komii qabu ol iyyata mana murtii aangoo qabuutti dhiheeffachuun mirga Heera mootummaan wabii argate dha.<sup>193</sup> Sirni isaas seerota adeemsa falmii siivilii fi yakkaa keessatti diriiree jira<sup>194</sup>. Manneen murtiis jalaa gara oliitti Mana Murtii Aanaa, Mana Murtii Ol'aanaa, fi Mana Murtii Waliigalaa jedhamuun caaseffamanii jiru.<sup>195</sup> Kanaaf,sirni ol iyyannoo Heeraa fi seerota biroo keessatti dhimma beekantii argatee jiruu fi qabatamaanis bal'inaan itti hojjetamaa jiru dha. Waan ta'eefuu, gama kanaan akka sirnaatti rakkoo ta'uun qulqullina irratti waanti dhiibbaa geessisu hin jiru.

## **c) Sirna Murtii Duraan Kenname Hordofuun Murteessu Qabaachuu**

Sirni seeraa biyyi keenyaa siivilii dha. Kanaaf, abbootiin seeraa koodotaa fi seerota ilaaluun murteessu. Haa ta'u malee, bara 1997 as murtiin Mana Murtii Waliigala Federaalaa dhaddacha ijibbaata abbootii seeraa 5n kenname manneen murtii federaalaa fi naannolee hundarratti

---

<sup>193</sup> Heera Mootummaa Ripaabilika Dimokiraatawaa Federaalawaa Itoophiyaa, fi Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa, kwt. 20 (6).

<sup>194</sup> Seera Adeemsa Falmii Siivilii Kwt. 320-357 ;Seera Adeemsa Falmii Yakkaa kwt.181-196.

<sup>195</sup> Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa Fooyyaa'ee Bahe Labsii Lak.46/1994,kwt.64 (1);Sadarkaa federaalaattis gurmaa'insi manneen murtii kanuma naannoo akka fakkaatu Heera Mootummaa Ripaabilika Dimokiraatawaa Federaalawaa Itoophiyaa kwt.79 jalatti tumamee jira.

dirqisiisummaa kan qabuu fi akka seeraattis kan ilaalamu ta'eera.<sup>196</sup> Kanaaf, dhimmoota hunda irratti ta'uus baatu, dhimmoota hiikkoo seeraa qaban irratti sirni murtii kanaan dura kenname hordofuun murtii kennuu akka biyyaatti diriiree jira jechuun ni danda'ama.

#### **d) Adeemsi ykn Sirni Komiin Naamusaa Itti Dhagahamu Jiraachuu**

Itti gaafatamummaa mirkaneessuun qulqullinni abbaa seerummaa akka dhugoomu gochuu keessatti adeemsi ykn sirni komiin naamusaa itti dhagahamu jiraachuu qaba. Gama kanaan hojiin hojjetame Gumii irra deebi'anii gurmeessuun caasaalee afur: Gumii Waliigalaa(sadarkaa MMW), Garee Gumii (sadarkaa MMW fi Mana Murtii Ol'aanaatti), Garee Inispekshinii (sadarkaa MMW fi Mana Murtii Ol'aanaatti), fi Waajjira Gumii akka qabaatu taasisuu dha.<sup>197</sup>

Hundi isaaniyyuu, gahee mataa-mataa isaanii qabu.Gumiin waliigalaa ol iyyannoo dhimma hanqina naamusaa salphaa garee gumii naannoo fi godinaa, akkasumas cimaa garee gumii naannoo irraa dhufu dhagahee murtii dhumaa kenna.<sup>198</sup> Gareen gumii akkuma haala isaatti hanqina naamusaa xixiqqaa ykn cimaa garee inispekshinii irraa dhihaatu dhagahee murteessa.<sup>199</sup> Gareen inispekshinii iyyata hanqina naamusaa dhaqqabu ni qorata;xiinxalee ni qulqulleeffata.<sup>200</sup> Xiinxalee ragaa gahaa yoo dhabe, ykn hanqina naamusaa ta'uu yoo baate galmee ni cufa<sup>201</sup>; kan himachiisu yoo ta'e ammoo waajjira gumiif ykn walitti qabaa garee gumiif ni dhiheessa.<sup>202</sup> Waajjirri Gumii ammoo himata garee inispekshinii irraa dhihaatuuf fuudhee galmee saaquun falmii itti fufsiisa.<sup>203</sup>

Akkaataa kanaan gurmaa'uun isaas waan lama argamsiise. Tokkoffaa, adeemsi falmii madaalawaa akka ta'u (fair trial) godhe. Kunis kan ta'eef, qaamni himatuu (Inispekshinii), fi qaamni himata dhagahu garaagara ta'uu isaatiin. Duratti, qaamni himatu, qaamni qoratee qulqulleessuu, fi murtii dabarsu Gumiima waan tureef, adeemsi falmiin itti keessummaa'aa ture

---

<sup>196</sup> Labsii Murtii Mana Murtii Waliigala Federaalaa Dhaddacha Ijibbaataa manneen murtii federaalaa,fi naannolee irratti humna dirqisiisummaa qabaachisuuf bahe, Labsii lakkoofsa 454/1997.

<sup>197</sup> Danbii Sirna Qorannoo fi Falmii Hanqina Naamusaa Hawaasa Manneen Murtii Oromiyaa Lakk.3/2001.

<sup>198</sup> Danbii Sirna Qorannoo fi Falmii Hanqina Naamusaa Hawaasa Manneen Murtii Oromiyaa Lakk.3/2001 , kwt.16(1)

<sup>199</sup> Danbii Sirna Qorannoo fi Falmii Hanqina Naamusaa Hawaasa Manneen Murtii Oromiyaa Lakk.3/2001 , kwt. 16(2).

<sup>200</sup> Aangoowwan Garee Inispekshiniif kennaman Danbii Sirna Qorannoo fi Falmii Hanqina Naamusaa Hawaasa Manneen Murtii Oromiyaa, kwt.6 jalatti tarraa'anii jiru.

<sup>201</sup> Danbii Sirna Qorannoo fi Falmii Hanqina Naamusaa Hawaasa Manneen Murtii Oromiyaa, kwt.8.

<sup>202</sup> Danbii Sirna Qorannoo fi Falmii Hanqina Naamusaa Hawaasa Manneen Murtii Oromiyaa, kwt.10 (1).

<sup>203</sup> Danbii Sirna Qorannoo fi Falmii Hanqina Naamusaa Hawaasa Manneen Murtii Oromiyaa, kwt.10 (1).

madaalawaa miti jedhamee komatamaa ture. Lammeffaa, Gumiinis ta'e inispekshiniin sadarkaa godinaatti hundaa'uu isaatiin mirgi ol iyyannoo akka jiraatu ta'eera. Kunis sirna falmii naamusaa caalaatti madaalawaa taasisuun itti gaafatamummaa cimsa. Kun ammoo deebi'ee hojii qulqullina abbaa seerummaa mirkaneessuu keessatti gahee guddaa qaba.

**e) Dhiibbaa Qaamolee Biroo Irraa Mana Murtii Irra Gahu Dandamachuu**

Qulqullinni ulaagaa kanaan madaalamu kan yaadaati (perception). Gama kanaan, sadarkaan qulqullinaa maal akka fakkaatu beekuuf gaaffiin abbootii seeraa 109 fi qaamolee abbootii seeraa wajjiin hojjetan 245f dhihaatee akka armaan gadiitti deebi'eera.

*Gabatee 3.9(a): Gabatee Sadarkaa Dhiibbaa Qaamolee Haqaa Dandamachuu*

*Manneen Murtii Madaalu (yaada abbootii seeraa)*

<b>Baay'ina abbootii seeraa gaafataman</b>	<b>Qaphxii 0</b>	<b>Qaphxii 1</b>	<b>Qaphxii 2</b>	<b>Qaphxii 3</b>	<b>Qaphxii 4</b>	<b>Qaphxii 5</b>
109	2 %1.83	8 %7.34	7 %6.42	33 %30.28	35 %32.11	24 %22.02

Gabatee oliirraa dubbisuu kan dandeenyu dhiibbaa qaamolee biroo irraa mana murtii irra gahuu dandamachuu irratti abbootiin seeraa baayyeen % 84.41 (%30.28+%32.11+%22.02) qaphxii 3,4 fi 5 yoo ofiif kennan, kanneen hafan %15.59 (%1.83+%7.34+%6.42) ammoo qaphxii 2,1 fi 0 ofiif kennanii jiru.

*Gabatee 3.9(b): Gabatee Sadarkaa Dhiibbaa Qaamolee Haqaa Dandamachuu Manneen Murtii Madaalu (yaada abbootii alangaa, poolisii fi ofisaroota seeraa)*

<b>Qaamolee gaafatamaniifi baay'ina</b>	<b>Qaphxii 0</b>	<b>Qaphxii 1</b>	<b>Qaphxii 2</b>	<b>Qaphxii 3</b>	<b>Qaphxii 4</b>	<b>Qaphxii 5</b>
AbbaaAlangaa 104	11	9	29	30	18	7
Poolisii =80	7	13	17	25	14	4
Ofiisara Seeraa =61	1	4	10	16	17	14
Ida'ama=245	19=%7.75	26=%10.61	56=%22.86	71=%28.98	49=%20	25=% 5.71

Harki caalaa qaamolee abbootii seeraa wajjiin hojjetanis %54.69 (%28.98+%20+%5.71) abbootiin seeraa dhiibbaa qaamolee biroo irraa itti dhufu ni dandamatu jedhanii yaadu. Haa ta'uu malee, sadarkaa abbootiin seeraa ittiin of ibsanii fi akkaataa qaamoleen biroo manneen murtii itti hubatan walbira qabamee yoo ilaalamu garaagarummaa %29.72 (%84.41-%54.69) qaba. Kana jechuun,qaamoleen manneen murtii wajjiin hojjetan manni murtii dhiibbaa itti dhufu dandamatee bilisummaa isaa eeggatee hojjeta hubannoo (perception) jedhu qabaachuu irratti gaarii ta'us, ammallee hanqinni kan jiru ta'uu isaati. Kanaafis waanti akka sababa guddaatti ka'uu tokko hanqina baajataan kan walqabatu dha. Fakkeenyaaf, waajjiraalee manneen murtii ijaaruu fi haaromsuu,dhaddacha naannawaa gaggeessuuf loojistikiiwwan barbaachisan guuttachuu fi kkf baajata barbaada. Baajati mana murtiif ramadamu dhimmoota kanniin guutummaatti uwwisuu waan hin dandeenyeef gargaarsa qaamolee biroo gaafachuun hojjetamaa jira. Yeroo kana, qaamoleen gargaarsa mana murtiif kennan akka waan gargaarsa dhuunfaa godhaniitti ilaaluudhaan mana murtii irratti dhiibbaa gochuu malu. Dhiibbaa kana dandamachuun mana murtiif qorumsa ta'uu danda'a. Maddi rakkoo kanaa dhiphisanii yaaduu irraan kan ka'e sirna tokkoof hojjechaa jiraachuu dagachuu dha. Hubannoon akkasii osoo jiraatee inni gargaarsa kennun dhiibbaa gochuuf hin yaalu; inni gargaarsa fudhatus gargaarsa waan argateef ija hin laafu.

### 3.8. Hojiin Abbootii Seeraa fi Hojjettoota Deeggersaa Sirriitti Adda Bahee Beekamuu

Kenninsi tajaajila abbaa seerummaa manneen murtii Oromiyaa si'oomina kan hin qabne akka ture qorannoon JBAH ni agarsiisa.<sup>204</sup> Kanaafis dhimmootni akka sababaatti tarreeffaman hedduu yoo ta'an, kanneen keessaa tokko gurmaa'insa humna namaa tajaajila abbaa seerummaa kennaniin kan walqabatu dha.<sup>205</sup> Kana jechuun, abbootiin seeraa hojiiwwan abbaa seerummaa ijoo ta'an irratti xiyyeeffachuurra hojiiwwan xixiqqoon waan qabamaniif tajaajilli kennamu si'oomina akka dhabu taasiseera. Kun si'oomina qofa osoo hin taane qulqullina irratti dhiibbaa akka qabu sakatta'a ogbarruu boqonnaa lammeffaa keessatti taasifamerra ni hubatama. Manneen Murtii Oromiyaas labsii lakkoofsa 141/2000n irra deebisanii gurmeessuun kan barbaachiseef kanuma irraa ka'ameeti. Labsii kanaan abbootiin seeraa, akka duraatti, hojiiwwan sasalphoo fi teekinikaan osoo hin qabamiin hojii ijoo abbaa seerummaa xiyyeeffannoon akka hojjetan ta'eera. Keessumaa, hojii abbaa seerummaa kallattiin namoota deggaran namoota seera adeemsa falmii keessatti reejistraara ykn hoogganaa mana galmee jedhaman gumiidhaan muudaman ofiisara seeraa jedhamuun beekaman labsii kanaan hundaa'era.<sup>206</sup> Aangoo fi gaheen isaas labsicha keewwata 5 jalatti tarreeffamee jira. Hubannoof akka tolu guutummaa keewwata labsichaa akka itti aanutti taa'eera.

*"Ofisarri seeraa hojiilee armaan gadii ni raawwata<sup>207</sup>:*

- (a) Seera adeemsa falmii sivilii fi yakkaa keessatti hojiilee rejistraaraf kenaman ni raawwata*
- (b) Akkuma haala isaatti iyyani, himannii fi ol'iyyanni dhiyaate ulaagaa seeraa guute dhiyaachuu isaa ni mirkaneessa*
- (c) Kaffaltii ni kaffalchiisa; mallaqa moodelaan akka qabamu ajajames ni fuudha; mallaqa sassabame qabaa mallaqaa mana murtichaatti galii taasisa*
- (d) Keewwata xiqqaa (c) jalatti kan kaffalchisamu akkuma jirutti ta'ee yeroo galmeen banamu, deebiin dhiyatuu fi iyyaannoon dhiyaatu tarree ragaa walfalmitootaan dhiyaatan lakkaa'udhaan kaffaltii qalaxee ni kaffalchiisa*

<sup>204</sup> Qorannoo Jijjiirama Bu'uura Adeemsa Hojii Kenninsa Tajaajila Abbaa Seerummaa Manneen Murtii Oromiyaa, F.37.

<sup>205</sup> Akkuma 204 ffaa.

<sup>206</sup> Labsii Manneen Murtii Oromiyaa Irra Deebi'anii Hundeessuuf Bahe, Lab. Lak.141/2000,kwt 2(10).

<sup>207</sup> Labsii Lak. 141/2000, Olitti yaadannoo lak.200, kwt.25.

- (e) Gaggeessa dhimmaa garee hojii wajjiin mari'achuun beellama ni kenna; ajaja waamichaa ni dabarsa; deebii ni fuudha; ajaja mallatteesse chappesse bahii ni godha; galmee banuun ni dhiyeessa
- (f) Galmee socho'u ni bulcha; yemmuu barbaadamu ni dhiyeessa abbootiin dhimmaa seeraan ajaja akka argatan ni taasisa
- (g) Hojilee biroo abbaa seeratiin kennamaniif ni raawwata
- (h) Istastikisii gosa galmeewwanii ilaalama jiran, murtii argatanii fi kan biroo qopheessee qaama ilaaluuf ni dabarsa.

Hojiiwwan olitti ibsaman kunniin baay'ee fi abbaa seeraa qofaan kan hojjetan osoo ta'ee to'atamuu dhiisuu kan malanidha. Amma garuu, abbaan seeraa osoo baayyee hin muddamiin hojiiwwan abbaa seerummaa warra ijoo ta'an irratti xiyyeeffachuun hojjechuu danda'a. Hojiiwwan bulchiinsaa ta'anis Pirezidaantii fi hojjetoota deggarsaa biroon gaggeeffamaa jira. Kanaafuu, gurmaa'insi humna namaa adeemsa kenninsa abbaa seerummaa manneen murtii Oromiyaa keessa yeroo ammaa jiru abbootiin seeraa hojiiwwan ijoo abbaa seerummaa irratti akka xiyyeeffatan kan dandeessisu dha jechuun ni danda'ama. Kanaanis kenninsi tajaajila abbaa seerummaa, keessumaa si'oominni fooyyaa'eera<sup>208</sup>. Abbootiin seeraas bifuma kanaan hubatu. Fakkeenyaaf, abbootiin seeraa 113 ta'an abbootiin seeraa hojii abbaa seerummaa qofa akka hojjetan fi hojjettoonni deggarsaas kanuma deggaruu irratti manni murtii maal akka fakkaatu qaphxii akka kennan gaafatamanii akka itti aanutti kennaniiru:

*Gabatee 3.10: Gabatee sadarkaa qoodinsa hojii abbaa seerota fi hojjetoota deeggarsaa madaalu*

<b>Baay'ina abbootii seeraa gaafatame</b>	<b>Qaphxii 0</b>	<b>Qaphxii 1</b>	<b>Qaphxii 2</b>	<b>Qaphxii 3</b>	<b>Qaphxii 4</b>	<b>Qaphxii 5</b>
113	1 (%0.88)	7 (%6.2)	15 (%13.27)	17 (%15.04)	43 (%38.05)	30 (%26.55)

Gabatee olii kanarraa hubachuun akkuma danda'amu abbootiin seeraa baay'inaan % 79.64 (%15.04+%38.05+%26.55) ta'an qaphxii 3 fi sanaa ol yoo kennan, abbootiin seeraa baay'inaan

<sup>208</sup> Qorannoo Bu'a Qabeessummaa Rifoormiiwwan Manneen Murtii Oromiyaa: Kallattii Si'oomina, Dhaqqabamummaa, Bilisummaa fi Itti Gaafatamummaan Yoo Madaalamu jedhu, Olitti yaadannoo lak.15, FF. 45-56.

%20.36 (%0.88+%6.2+%13.27) ta'an ammoo qaphxii 2 fi sanaa gadi kennaniiru. Kun kan agarsiisu qoodinsi hojii abbootii seeraa fi hojjettoota isaan deggaran jidduutti godhame gaarii ta'uu isaati. Af-gaaffiiwwan pirezidaantotaa fi abbootii seeraa manneen murtii sadarkaa adda addaa irra jiran wajjiin gaggeeffames yaaduma kana cimsa.<sup>209</sup>

Akkas yoo jennu garuu, gama kanaan waanti akka hanqinaatti ka'uu danda'u hin jiru jechuu miti. Tokkoffaa, gahee fi aangoon ofiisara seeraaf kenname ifatti yeroo aangoon fi gahee abbaa seeraaf kenname wajjiin walkeessa makamuti jira. Fakkeenyaaf, himanni dhihaatu tokko sababa himannaa (cause of action) qabaachuu ykn qabaachuu dhabuu ofisaroonni seeraa murteessuu danda'umoo kana gochuun gahee abbaa seeraati kan jedhu ilaalchisee hojimaati walfakkaataa ta'e manneen murtii Oromiyaa keessatti hin mul'atu.<sup>210</sup> Lammeffaa, humni namaa bu'uura caasaa diriiree jiruun guutummaan guutuutti hin guutamne. Hanqina kana Pirezidaantiin Mana Murtii Aanaa tokko akka itti aanutti ibsu:

*Waanti akka caasaatti qoratame gaarii dha. Garuu, akka caasaa qoratametti humna namaa guuttachuu hin dandeenye. Fakkeenyaaf, akka qorannoo JBAHtti mana murtii aanaa kanaaf abbootii seeraa 13 barbaachisa. Amma garuu, kan qabnu abbootii seeraa 7 qofa.<sup>211</sup>*

Hanqinni akkasii kun gama ofisaroota seeraatiinis ni jira. Fakkeenyaaf, akkaataa qorannoo JBAHttiin baay'inni ofisaroota seeraa mana murtii aanaa Haromayyaaf barbaachisu 10 yommuu ta'e ramadamanii hojiirra kan jiran garuu 5 qofa dha.<sup>212</sup> Kanaaf, akkaataa qoratameen humna namaa guuttachuu dadhabuun gama abbootii seeraa fi hojjettoota deeggarsaan kan jiru akka ta'e hubachuun ni danda'ama.

<sup>209</sup> Fakkeenyaaf, Af-gaaffiiwwan obbo Bojaa Taaddasaa, Pirezidaantii MMWO, Amajjii 21, 2005; Obbo Mohaammad Jimaa, Pirezidaantii Mana Murtii Ol'aanaa Godina Shawaa Bahaa, Sadaasa 12, 2005; Obbo Dassaaleny Namarraa, Pirezidaantii Mana Murtii Aanaa Walmaraa, Mudde 8, 2005; Obbo Kadir Abdul, A/Seeraa Mana Murtii Ol'aanaa Godina Harargee Bahaa, Mudde 16, 2005; Ob. Alamaayyoo Uumaa, Gaggeessa Garee Siivilii fi A/Seeraa Mana Murtii Aanaa Sabbataa Hawaas, Mudde 4, 2005 gaggeeffame.

<sup>210</sup> Bakka tokko tokkotti Ofisarii Seeraa murteessuu danda'a; bakka tokko tokkotti ammoo abbootii seeraati murteessa. Hanqinoonni gahee fi aangoon ofisaroota seeraa wajjiin walqabatee mul'atu kana qofa irratti kan daangeffame miti. Daangaa qorannoo kanaa ala ta'a malee dhimmoonni biroo kan akka ajaja fi beellama kennuu wajjiin walqabatani jiranis adda addummaa ni qabaatu (Gahee fi aangoon Ofisaroota seeraa wajjiin walqabatee rakkoowwan mul'atan hubachuuf Obbo Daawwit Geetaachoo, Gahee fi Aangoon Ofisaroota Seeraa Haala Qabatama Oromiyaa, boqonnaa 3ffaa FF.40-80, 2004 ALI, ILQSO ilaaluun ni danda'ama)

<sup>211</sup> Af-gaaffii obbo Dassaaleny Namarraa, Pirezidaantii Mana Murtii Aanaa Walmaraa, Mudde 8, 2005 ALI waliin gaggeeffame.

<sup>212</sup> Af-gaaffii Obbo Heenook Maammuyyee, Gaggeessaa Garee Siivilii fi Abbaa Seeraa Mana Murtii Aanaa Haromayyaa waliin Amajjii 6, 2005 ALI gaggeeffame.

Walumaagalatti, gurmaa'insi humna namaa qorannoo JBAH bu'uureffatee diriire abbootiin seeraa hojiiwwan ijoo abbaa seerummaa qofa irratti xiyyeeffatanii akka hojjetan kan dandeessisuu fi qulqullina tajaajila kenninsa abbaa seerummaa dhugoomsuu kan danda'u yoo ta'ellee, hanqinoonni olitti ibsaman kunniin akka salphaatti kan hin ilaalamnee fi furmaata barbaadanidha.

### 3.9. Murtii Daangaa Yeroo Taa'ee Keessatti Murteessuu

Si'oominni ulaagaalee qulqullina murtii ittiin madaallu keessaa isa tokko akka ta'ee boqonnaa lammeffaa keessatti ilaalleerra. Kana madaaluuf dhimmoonni sadii barbaachisoo dha. Tokkoffaa, yeroo dhimmoonni itti murtaa'an adda bahee beekamee taa'uu qaba. Lammeffaa, daangaa yeroo keessatti dhimmoonni furmaata argachaa jiraachuu isaanii hooggansi mana murtii hordofuu qaba. Sadeffaa, hooggansi hordoffii taasisuun sababa dhimmi daangaa yeroo taa'ee keessaa bahe qulqulleeffachuun sababni dhihaate quubsaa ta'uu yoo baate tarkaanfii barbaachisaa fudhachuu qaba.

Qaphxiiwwan sadan irratti haala qabatama manneen murtii Oromiyaa keessa jiru akka armaan gadiitti madaaluun ni danda'ama. Yeroo dhimmoonni itti murtaa'an adda baasanii kaa'uu ilaalchisee qorannoon JBAH manneen murtii Oromiyaa hundaaf dhimmootni yeroo hangam keessatti murtaa'uu akka qaban akka armaan gadiitti adda baasuun kaa'ee jira.

*Gabatee 3. 11: Gabatee daangaa yeroo dhimmoonni itti murtaa'uu agarsiisu*

<b>L a k</b>	<b>Gosa Dhimmaa</b>	<b>Yeroo Itti Murtaa'uu Qabu</b>	<b>Ibsa</b>
1.	Raawwii	Ji'a 1	Rakkoon addaa yoo jiraate kana darbuu danda'a
2.	Gaaffii mirga wabii; gaaffii beellama yeroo galmee himatna tiraafikaa beellama addaa hin qabnee fi kkf	Sa'a 48	
3.	Hojjetaa fi hojjisiisaa	Ji'a 2	Akkaatuma seera keessa taa'ee jiruun kan fudhatame dha



<b>L a k</b>	<b>Gosa Dhimmaa</b>	<b>Yeroo Itti Murtaa'uu Qabu</b>	<b>Ibsa</b>
4.	Falmiiwwanwaliigaltee, Waliigalteen ala itti gaafatamummaa dhufu, waliigalteewwan bulchiinsaa, qabeenyaa	Ji'a 3	
5.	Jeequmsi naaf haa dhaabbatu	Ji'a 1	
6.	Falmii maatii	Ji'a 2	Yeroon kun yeroo jaarsummaa maatii harka turu hin dabalatu
7.	Yakkoota ciccimoo kanneen akka ajjeechaa namaa S.Y kwt.539, 540, 541; yakka saamichaa S.Y kwt 670,671 fi yakkoota aangoodhaan fayyadamu	Ji' 3	
8.	Yakkoota xixiqqoo (petty offences)	Guyyoota 10	
9.	Yakkoota biroo	Ji'a 2	Haala addaan garuu daangaa yeroo kana keessaa bahu mala
10.	Iyyata guddifachaa mirkaneeffachuu	Ji'a 1	
11.	Dhimmoota siivilii biroon iyyata dhihaatu	Ji'a 3	

*Madda: Qorannoo Jijjiirama Bu'uura Adeemsa Hojii Manneen Murtii Oromiyaa  
Karoora Manneen Murtii Oromiyaa Bara 2002 keessatti ibsame.*

Yeroon raawwannaa galmeelee asiin olittii himata sadarkaa duraatiif kan taa'e dha. Sadarkaa ol iyyannoo irratti fageenya manneen murtii aanaa godina irraa qabaniin ykn akkuma haala isaaniitti fageenya godinaaleen Mana Murtii Waliigalaa irraa qabaniin ilaalamee hojiirra akka oolu sanadni JBAH ni kaa'a.

Kana waan ta'eef, yeroo dhimmoonni itti murtaa'an adda baasanii kaa'uu irratti hanqinni akka hin jirre hubachuun ni danda'ama. Haa ta'u malee, kana irratti waanti akka hanqina guddaatti ka'u daangaan yeroo taa'ee jiruu fi dhimmoonni Seerota Adeemsa Falmii keessatti hammatamanii jiran

wajjiin waldubbisuu dadhabuu dha. Fakkeenyaaf, akkaataa qorannoo JBAH tti rakkoo addaan yoo ta'e malee galmeen raawwii hundi guyyaa banamee dhaddachaaf dhihaate irraa eegalee ji'a tokko keessatti murtii xumuraa argachuu akka qabu gabatee olii keessatti agarsiifamee jira. Tumaawwan Seera Adeemsa Falmii Sivilii, keessattuu qabeenyota caalbaasiin gurguraman ilaalchisee guyyaa beeksifni caalbaasii bahe irraa eegalee yoo xiqqaate guyyoota 30 ykn 15 keessatti gurguramuu qabu.<sup>213</sup> Bifuma walfakkaatuun, falmiin maatii ji'a lama keessatti murtii argachuu akka qabu qorannoo JBAH keessa taa'ee jira. Gama biraatiin Seera Maatii Naannoo Oromiyaas ta'e kan federaalaa yeroo deddeebisanii itti yaaduu qofa manni murtii hanga ji'a sadiitti kennuu akka qabu ni tumu.<sup>214</sup> Kun ammoo yeroo daangeffamee keessatti dhimmoonni furmaata akka hin arganne taasisa. Qabatamattis dhimmoonni daangaan ala murtaa'an ni jiru. Fakkeenyaaf, galmeewwan 102 ilaalaman keessaa galmeewwan 64 ji'a sadii keessatti murtii yoo argatan, galmeewwan 38 ammoo baatii 3 ol keessatti murtii argatan.<sup>215</sup> Kun dhibbeentaan yoo shallagamu walduraa duubaan % 62.75 fi %37.25 ta'a. Sadarkaa manneen murtii Aanaatti dhimmoonni daangaa yeroon ala murtaa'an hedduun isaanii dhimmoota jiddulixummaan itti baay'atu kan akka falmii maatii fi dhaala irratti dha. Fakkeenyaaf, falmiin dhirsaa fi niitii tokko<sup>216</sup> murtaa'uuf sadarkaama mana murtii aanaatti waggaa tokkoo fi guyyoota 19 (Onkoloolessa 01,2004ALItti banamee Onkoloolessa 19,2005ALItti xumurame) fixe. Kun daangaa yeroo JBAHn taa'ee jiru wajjiin walbira qabamee yoo ilaalamu yeroo dheeraa kan fudhate dha. Kanaafis akka sababaatti waantonni galmeewwan kana irraa dubbifaman ni jiru.

Tokkoffaa, manni murtii gaaffii jiddulixummaa keessummeessee jira. Gaa'illi erga diigameen booda falmiin qabeenyaa itti fufee osoo jiruu gaaffiin jiddu lixummaa dhihaannaan gaaffii dhihaate irratti gareewwan walfalman deebii akka itti kennan ajaja kenneera. Lammeffaa, qabeenyaa falmiin irratti gaggeeffamaa jiru irratti dhaalaan walqabatee falmiin biraa waan jiruuf

---

<sup>213</sup> Kun garuu fedhii abbaan idaa ifatti barreeffamaan ibsuu fi yommuu qabeenyichi qabeenyaa socho'aa dafee badu ta'e kan hin dabalanne ta'uu Seera Adeemsa Falmii Hariiroo Hawaasaa keewwata 426 irraa hubachuun ni danda'ama.

<sup>214</sup> Seera Maatii Naannoo Oromiyaa kwt 105(3) Seera Maatii Federaalaa Kwt 78(2).

<sup>215</sup> Galmeewwan kunniin bara 2000 fi isaa as kan murtaa'anidha. Akkuma gabatee 4.12 keessatti ibsame haala addaan yoo ta'e malee gosa dhimmaa kamiifuu yeroon galmeewwan itti murtaa'an inni ol'aanaa ji'a sadii dha. Innumaa, baayyeen isaanii sanaa gadi dha. Asitti, waanti dubbisaan hubachuu qabu, galmeewwan fudhataman kunniin gosa dhimmootaa hundaa fi sadarkaa manneen murtii hunda of keessatti kan qabate dha. Turtii yeroo isa guddaa giddu galeessa godhachuun waan waliigalaa agarsiisuuf yaadamee kan taa'ee malee ragichi turtii yeroo gosa dhimmaatiin tokko tokkoon adda baasee kan agarsiise dha jechuu miti. Daataan kana sirriitti ibsuu danda'u akka Oromiyaatti galmeewwan daangaa yeroo JBAHn taa'ee keessatti murtii argatanii fi hin argatiin meeqa kan jedhu dha. Qorattoonni kana argachuuf yaalii kan taasisan ta'us, daataa akkasitti qindaa'ee argachuu hin dandeenye.

<sup>216</sup> Muluu Safaraa (Iyyattuu) fi Asaffaa Tafarraa (Waamamaa) (Mana Murtii Aanaa Walmaraa), Lak. Galmeewwan 36054.

hanga falmiin biraa kun furmaata argatutti jedhamee beellamamee cufame. Sadeffaa, falmiin dhaalaa xumuramee galmeen yommuu socho'utti gareewwan jaarsaan qooddanna erga jedhanii booda waliigaluu dadhabuun mana murtii deebi'anii dhufuu. Afraffaa, erga qooddaan qabeenyaa gaggeeffamee booda qabeenyaa qoodamuu qabu keessaa kan hafe jira jechuun iyyata biraa dhiheessuu dha. Manni murtiis haala duree tokko malee ofitti fuudhee keessummessee jira. Akka Seera Adeemsa Falmii Sivili kwt.216 (3) tti garuu gareen dhimmoota durumaan walitti qabee himachuu qabu osoo hin himatiin yoo hafe dhimma dhiisee jiru irratti deebi'ee himata dhiheessuu akka hin dandeenye tumamee jira. Kanaaf, manni murtii gaaffii qabeenyaa qoodamuu qabu keessaa kan hafeti jira jedhu callisee simachuun isaa yeroo falmii sababoota dheeressan keessaa isa tokko. Waan ta'eefuu, hubannoo dhabuu seera adeemsa falmiis dhimmoonni daangaa yeroo JBAHn taa'aan keessatti akka hin dhumne gochuu danda'a

Gama hooggansaatiin hordoffii godhamutti yoo dhufnus gaarii akka ta'ee fi karoora manneen murtii waggaa keessa galees irratti hojjetamaa jira. Fakkeenyaaf, karoora bara 2002 keessatti yaada armaan gadii argina:

*Raawwannaa galmeelee ilaalchisee yeroon armaan olitti ibsame dirqisiisaa yammuu ta'u Pirezidaantonni Manneen Murtii Ol'aanoo fi Aanaalee abbaan waltajjii dhaddachaa fi abbootiin seeraa hundinuu galmeelee isaanii hunda qixa kanaan raawwachuuti irra jiraata. Ji'a ji'aanis dhimma kanarratti bal'inaan mari'achuudhaan bu'uura karoorfameen socho'amaa jiraachuusaa mirkaneessuu fi gabaasa isaas qindeensanii Mana Murtii Waliigalaaf erguun dirqama.<sup>217</sup>*

Kanarraa waanti hubannu, daangaan yeroo JBAHn adda baafame kun qaama karoora manneen murtii Oromiyaa ta'uu isaati. Waanti karoorfamu tokko raawwiin isaas ni madaalamaa jedhamee tilmaama. Kana taanaan ammoo hordoffiin gama hooggansaatiin jira jechuu dha. Qabatamattis manneen murtii cheeklistii qopheessuun galmeewwaan yeroo daangaa JBAHn taa'e keessatti furmaata argachaa jiraachuu fi dhiisuu isaanii hordofamaa jira.<sup>218</sup> Kanaaf, gama kanaanis waanti akka hanqinaatti ka'u hin jiru jechuun ni danda'ama.

<sup>217</sup> Karoora Manneen Murtii Oromiyaa kan Bara 2002

<sup>218</sup> Fakkeenyaaf, qorataan kun dhimma kana irratti cheeklistii manneen murtii Aanaa Walmaraa fi Bishooftuun qophaa'an Mudde 8,2005 ALI fi Sadaasa 25,2005 ALI tti ilaaleera.

Sadaffaa irratti qaphxiin madaalamu hordoffii gaggeeffamuun tarkaanfii fudhatamu dha. Kana ilaalchisee haalli qabatama manneen murtii keessa jiru walfakkaataa yommuu ta'u, innis sababa gahaa malee abbaa seeraa galmees daangaa yeroo ala baase fuula duratti xiyyeeffannoon akka hojjetu yaadachiisuu, fi gorsuu dha.<sup>219</sup> Kana darbaa sababa galmeen daangaa yeroon ala baheef tarkaanfiin abbaa seeraa irratti fudhatamu hin jiru.<sup>220</sup> Sababa isaas yoo ibsan, "qorannoon JBAHs tarkaanfii fudhatamu ilaalchisee ifatti waan kaa'e hin qabu waan ta'eef tarkaanfii kana bira darbu fudhachuuf rakkisaa dha" yaada jedhu ibsu. Haa ta'u malee, yaadachiisuu fi gorsuu bira darbee tarkaanfiin naamusaas fudhachuun akka danda'amu danbii naamusa abbaa seerummaa keessatti dhimma aguuggii argate dha.<sup>221</sup> Waan ta'eefuu, tarkaanfiin fudhatamu yaadachiisaa fi gorsa qofa irratti kan daangeffamu taanaan tarkaanfichi laafaa fi humna kan hin qabne ta'uu agarsiisa. Kanaafuu, gama tarkaanfii fudhachuutiin hanqinni akka jiru hubachuun barbaachisaa dha.

### 3.10. Barreessa Murtii

Barreessi murtii qulqullina qabu tokko ulaagaalee akka seensa, firii dubbii, xiinxalaa fi ajaja/decrees/ ifa ta'een kan madaalamu ta'uu boqonnaa lammaffaa keessatti ilaalameera. Kutaa kana keessattis, ulaagaaleema kana ka'umsa godhachuun haalli qabatama murtiiwwan manneen murtii Oromiyaa ni madaalama. Sana dura garuu, barreessa murtii ilaalchisuun seerotni adeemsaa keenya maal jedhu kan jedhu gabaabinaan ilaaluun gaarii dha.

Seerotni adeemsaa biyya keenyaas kannarraa adda miti. Seerri adeemsa falmii hariiroo hawaasaas ta'e, seerri adeemsa falmii yakkaa ulaagaalee murtii biyyoota gara garaa keessa jiran kallattii fi al-kallattiin hammataniiru. Seerri Deemsa Falmii Hariiroo Hawaasaa kewwata 180 fi isatti aananii jiran keessatti ulaagaalee murtiin tokko hammachuu qabu tumee jira. Fakkeenyaaf, seensa ilaalchisee murtiin tokko seensa qabaachuu kan qabu ta'uu haala ifa ta'een kaa'u baatus ulaagaalee seensaa biyyoota garagaraa keessatti tumaman kan akka maqaa garee falmitootaa, ibsa himatichaa fi kkf murtii keessatti ibsamu kan qaban ta'u isaanii tumaa keewwata 183(1) irraa hubachuun ni danda'ama. Kanaaf, seerri adeemsa falmii hariiroo hawaasaa al-kalattiin waa'ee seensa murtii tumeera jechuun ni danda'ama. Firii dubbiin wal-qabatee keewwatni 182(1) manni

---

<sup>219</sup> Af-gaaffii Pirezidaantota Manneen Murtii Sadarkaa hunda irra jiran wajjiin gaggeeffame.

<sup>220</sup> Akkuma 219<sup>ffaa</sup>

<sup>221</sup> Sababni isaa, Danbiin Naamusa Abbootii Seeraa fi Muudamtoota Gumii Naannoo Oromiyaa kwt.25 jalatti galmees lafarra harkisuun badii naamusaa keessaa akka badii salphaatti kan ilaalamu dha. Galmeewwan daangaa yeroo JBAHn taa'e keessatti keessummeessuu dadhabuunis dubbii lafarra harkisuu waan ta'eef badii naamusaati.

murtii, murtii kennu keessatti dhimma falmiif sababa ta'e haala gabaabaa (concise) ta'een kaa'u kan qabu ta'uu ni ibsa. Kanarraa hubachuu kan dandeenyu seerri keenya murtiin firii dubbii qindaa'ee fi gabaabaa ta'e of keessatti akka hammatu kan ajaju ta'u isaa ti. Ulaagaan guddaan biroon seerri kun ifatti kaa'ee ijoo dubbii dha.<sup>222</sup> Dabalataaniis ijoowwan qabaman yeroo baay'ee ta'an manni murtiichaa ijoowwan qabaman hunda irratti murtii kennu kan qabu ta'u isaa ni ibsa. Ulaagaa murtii Dikirii jedhu waliin wal-qabatee seerichii uwwisa bal'aa laachuun maal maal akka of keessatti hammachuu akka qabu bal'iinaan kaa'eera. Kunis, waanta tokko akka raawwatamu ykn akka hin raawwatamne, akka kaffalamu, akka deebi'uu ykn akka kennamu fi akkaataa maaliin murtiichi akka raawwatamu qabu haala ifa ta'een kaa'uu kan qabu ta'u kan ajaju dha.<sup>223</sup> Kanaaf, akka waliigalaatti seerri deemsa falmii hariiroo hawaasaa keenya kutaalee /ulaagaalee/ murtii biyyoota gara garaa keessatti kaa'aman akka waliigalaatti kan hammatee ta'u isaa ti.

Seera Deemsa Falmii Yakkaa yeroo ilaallu keewwata 149 jalatti waa'ee murtii fi adabbii bal'inaan tumee jira. Kunis seerrii kun akka seera hariiroo hawaasaa murtii kennamuuf xiyyeeffannoo kan laatee ta'u agarsisa. Ulaagaawwan murtiin tokko hammachu qabu fi seera kana jalatti ibsaman yoo ilaallu, Keewwatni xiqqaan tokko murtiin kennamu guyyaa murtiin itti kenname hammachu akka qabu ni ibsa. Akkuma muxannoo biyyoota biroo irraa hubachuu dandeenyutti guyyaa murtiin itti kenname qaama seensa murtii akka ta'e ilaallerra. Kanaaf, keewwatni kun kallattiinii fi qaama seensaa hunda haala hammateen ta'uu baatuus seensi murtii akka barbaachisu kan agarsisuu dha. Ulaagaan lammaffaa, seera kana jalatti tumame ragaa gareewwan bifa gabaabaa (summary) ta'een ibsu kan jedhu dha.<sup>224</sup> Ulaagaan sadaffaan seera kana jalatti ibsame xinxala ragaa fi seeraa ti.<sup>225</sup> Kunis murtiin kennamu sababa ragaan fudhatamummaa itti argatee ykn kufaa ta'e ibsuu fi yeroo himatamaan balleessaa jedhamu ammoo keewwata ittin balleessaa jedhame caqasuun barbaachisaa akka ta'e waan akeekuufi dha. Ulaagaan Afraffaa, dikrii yoo ta'u kunis keessattu yeroo himatamaan bilisa jedhamu mana murtii ti akka gadi lakkifamu ibsachu kan qabu ta'u kan ibsu dha. Shanaffaa irratti murtichii yaada adabbii fi adabbii haala ifa ta'een kaa'u kan qabu ta'u seerri kun ni ibsa.

---

<sup>222</sup> Seera Deemsa Falmii Hariiroo Hawaasaa keewwata 182(1).

<sup>223</sup> Seera Deemsa Falmii Hariiroo Hawaasaa keewwata 183(1-d).

<sup>224</sup> Seera Deemsa Falmii Yakkaa keewwata keewwata 149(1).

<sup>225</sup> Seera Deemsa Falmii Yakkaa keewwata keewwata 149(1).

Kanaaf, akka waliigalaatti seerrootni adeemsaa biyya keenyaa waa'ee guutummaan guutuuti ta'u baatuus waa'ee kutaalee murtii kan tuman ta'u ni hubanna. Kanumaan, ulaagaalee murtii ka'umsa godhachuun haalli qabatama murtiiwwan manneen murtii Oromiyaa maal akka fakkaatu akka armaan gadiitti ni ilaalla.

### 3.10.1. Dubbifamuu Danda'uu Murtii

Murtiin kennamu tokko ogeessota seeraatiifis ta'e hawaasa bakkeef salphaatti dubbifamuu danda'u qaba. Kallattii kanaan galmeewwan xinxalaman akka armaan gadii fakkaatu:

*Gabatee 3.12: Gabatee dubbifamuu danda'uu murtiiwwanii madaaalu*

Baay'ina galmeewwan xiinxalaman	Akka gaariitti kan dubbifaman	Akka gaariitti kan hin dubbifamne
166	143(86.1%)	23(13.9%)

Gabateen olii kun kan agarsiisu, galmeewwan 166 sakatta'aman keessaa galmeewwan 143 (86.1%) akka gaariitti kan dubbifaman yoo ta'u, kanneen hafan 23 (13.9%) ammoo akka gaariitti kan hin dubbifamne dha. Kanarraa waanti hubannu, galmeewwan hedduun akka gaariitti kan dubbifaman ta'uu dha. Yeroo ammaa ammoo, sadarkaa manneen murtii hundatti murtiiwwan kompuuteraan barraa'uu jalqabaniiru.<sup>226</sup>

Haa ta'u malee, dubbifamuu danda'uu murtiiwwanii irratti ammas hanqinni akka jiru galmeewwan sakatta'aman irraa kan hubatamu dha. Hanqinootni kunniin bifoote armaan gadiin ibsamuu danda'u:

- Tasuma dubbifamuu dhabuu.Fakkeenyaaf, falmii qabeenyaa tokko<sup>227</sup> irratti murtiin mana murtii aanaan kenname dubbifamuu waan dideef, MMW, dhaddachi ijibbaata ajaja itti aanu akkas jedhu kenneera.

<sup>226</sup> Galmeewwan sakatta'aman keessaas kompuuteraan kan barraa'an ni jiru. Fakkeenyaaf, Galmee Lak 33978/2005MMA Aqaaqii, G/L. 08259/04,08127/05,MMOGA N F,132788/2005, Ijibbaata Oromiyaa

<sup>227</sup> Amiinaa Ahmad faa (N-3)(himattoota) fi Sa'adaa Abdurazaq faa (N-4) (Himatamtoota),MMWO,Lak.gal.17703. Galmeewwan biroo dubbisuuf rakkisoo ta'anis ni jiru. [A/A (himataa) fi Ramadaan Abdallaa (himatamaa),MMO Godina Harargee Bahaa,Lak. G.16429; obbo Hordofaa Hundee (himataa) fi obbo Laggasaa Heegii (himatamaa), MMA Walmaraa.Lak.G.38898;H/M W/TS (ol iyyataa) fi Solomoon H/M (Deebii kennaa), MMO Shawaa Bahaa,

*Galmee kana qorannee murtii haqa ta'e kennuuf murtii manneen murtii jalaa kennan hubachuun barbaachisaa ta'ee argameera. Haa ta'u malee,M/M/A/ Haromayaa galmee lakk.17703 ta'e irratti murtii guyyaa 27/02/2003 kenne yoo ilaalamu kooppiin murtichaa kan hin dubbifamne waan ta'eef,yaada isaa hubachuun rakkisaa ta'ee jira. Kanaafuu,M/M/A/Haramayyaa murtii kana kompuuteraan barreessuun chaappaa itti rukutuun poostaa keessatti saamsuun karaa iyyattootaa haa ergu ajaja jedhu kenneera.*

Kun umrii galmee dheeressuun baasii hin malleef gareewwan saaxila. Kun ammoo deebi'ee qulqullina murtii irratti dhiibbaa akka laayyootti hin ilaalamne kan dhaqqabsiisu waan ta'eef rakkoo dha

- Dogoggora qubee qabaachuu<sup>228</sup>
- Gamisi galmee akka dubbifamu;gamisi ammoo akka hin dubbifamne godhanii barreessuu.<sup>229</sup>
- Murtee keessatti gabaajeewwan hin barbaachifne fayyadamuu.Fakkeenyaaf,bakka waliigaltee,w/te; bakka waliigaltichaa, w/tichaa jedhanii barreessuu<sup>230</sup>

### **3.10.2. Seensa Qabaachuu**

Seensi murtii sadarkaa manneen murtii irratti hundaa'uun adda addummaa qabaatus, ijoon guddaa barbaadamu ka'umsa (seen-duuba) dhimmichaa gabaabinaan agarsiisuu dha. Kana jechuun, dhimmichi himata duraa yoo ta'e ka'umsi isaa himannoo himataa ta'u; dhimmichi ol iyyata yoo ta'e, mana murtii kam irraa akka ol'iyyatamee fi ijoo komii; akkasumas,dhimmichi murtii ijibbaataa yoo ta'e, adeemsa akkamii keessa darbee ijibbaata gahuu akka danda'e faana dhahuun agarsisuu dabalata. Gama kanaan murtiiwwan manneen murtii Oromiyaa akka armaan gadiittii madaaluun ni danda'ama:

---

Lak.G.24501;Ad. Warqee Cifiraa faa (N-6)(Ol iyyattootaa) fi Ob. Girmaa Cifiraa faa (n-2)(Deebii Kennaa),MMO Godina Shawaa Bahaa, Lak.G. 24488, kkf akka fakkeenyaatti ibsuun ni danda'ama].

<sup>228</sup> Himataan Sharafuu Abbaa maccaa (himataa) fi Korphoreshinii Humna Ibsaa (himatamaa),Lak.G.17697; Ad.Birqee H/M (Ol iyyataa) fi Ob.H/M W/Tfaa (N-2) (Deebi Kennaa), MMO Godina Shawaa Bahaa, Lakk. G.24503 .

<sup>229</sup> Fakkeenyaaf,A/A (himataa) fi Ramadaan Idiris faa (N-2) (himatamtoota) MMA Kombochaa,Lak.G.16736.

<sup>230</sup> Fantaahun Baqqalaa (himataa) fi Akkaadaamii Indirisii fi Maatii Isaa (himatamtoota), MMA Sabbataa Hawaas,Lak.G.35438.

*Gabatee 3.13: Gabatee seensa sirrii qabaachuu fi dhabuu murtiiwwanii agarsiisu*

<b>Baay'iina galmee</b>	<b>Seensa kan qabu</b>	<b>Hanqina seensaa kan qabu</b>
166	157(94.6%)	9(5.4%)

Gabatee kanarraa dubbisuun akkuma danda'amu, murtiiwwan 166 keessaa 157(94.6%) akkaataa seensi murtii barraa'uu qabutti kan barraa'an yoo ta'u 9 (5.4%) ammoo kanarratti hanqina qabu. Kun kan agarsiisu, barreessa murtii keessatti abbootiin seeraa akkaataa barbaadamuun seensa kan barreessan ta'uu dha. Keessattuu, murtiileen dhaddacha ijibbaataa MMWO'n kennaman baay'een isaanii kallatti kanaan bilchina cimaa qabu jechuun ni danda'ama. Haata'uu malee, gama kanaanis dhimmoonni akka hanqinaatti ka'an ni jiru. Gabateen olii kunis galmeewwan sakatta'aman keessaa %5.4 seensa barreessuu irratti hanqinni akka jiru agarsiisu. Kun bifa adda addaan ibsamuu danda'a. Fakkeenyaaf,

- Guutummaan guutuutti seensa hin barreessiin hafuu.<sup>231</sup> Murtiin kun seensa osoo hin qabaatiin kallattumaan gara firii dubbii gareewwaniitti kan gale dha.
- Osoo hin cuunfiin garagalcha himataa fi deebii akkuma jirutti kaa'uu,<sup>232</sup> Kana wajjiin waanti ibsamuu qabu murtii keewwata keewwataan osoo addaan hin qoodiin akkuma jalqabaa hanga dhumaatti keewwatuma tokkoon ibsuun ni jira. Fakkeenyaaf, dhimma mana murtii aanaa tokko irratti<sup>233</sup>yaadni hundi (seensi, falmiin, ragaan, xiinxalli seeraa fi ragaa, fi ajajni keewwatuma tokkoon fuula 2 fi1/2 irratti ibsame. Galmee biraa irrattis<sup>234</sup> seensaa qabee hanga adabbiitti barreeffamni fuulli 5 keewwatuma tokkoon dhihaateera.
- Ulaagaalee seensi murtii of keessatti qabachuu qabu hunda of keessatti hammachuu dhabuu. Seensi murtii tokko gosa dhimmaa, sadarkaa dhimmichi irra jiru, guyyaa galmeen itti banamee fi kkf of keessatti akka hammatu boqonnaa sadaffaa keessatti ibsameera. Haa ta'u malee dhimmoonni hedduun ulaagaalee kanniin hunda of keessatti yeroo hin

<sup>231</sup> Sharafuu Abbaa Maccaa(himataa) fi Korphoreshinii Humna Ibsaa (himatamaa), M/M/O/G/Jimmaa, Lakk. G 17697, gaafa 24/09/2003.

<sup>232</sup> Caalaa Iddoosaa (himataa) fi Takkaa Caannee (himatamaa),MMA Ada'aa,Lak. G. 36227.

<sup>233</sup> Abdullee Muusaa(himataa) fi Abdii Malinkaafaa(N-7)(himatamtoota),MMA Baabbilee,Lak.G.04177.

<sup>234</sup> A/A (himataa) fi Ahimmad Naasirfaa (6)(himatamtoota),MMA Baabbilee,Lak. G. 04211.



hammanneti jira. Keessattuu, gosi dhimmaa yeroo baayyee hin ibsamu.<sup>235</sup> Barbaachisummaan gosa dhimmaa ibsuu garuu, qaamni murtii dubbisu tokko jalqabumarraan murtiin kenname waa'ee maalii akka ta'e salphaatti akka hubatuuf gargaara.

- Seensi gariin ammoo haala dubbisaa hawwachuu danda'uun kan qindaa'an miti.<sup>236</sup> Kana yoo jennu akkaataa duraa fi duubummaa fi dhangala'insa yaadaa eegateen kan hin barreeffamne jechuu dha. Kunis ulaagaalee xixiqqaa seensa murtii keessatti jiran bifa duraa-duuba isaa eegateenii fi namaa galu danda'uun ulaagaalee kana teechisuu dhabu dha.

Kanaaf, waliigalaan yoo ilaalamu murtiileen kennaman seensa of keessatti kan hammatan ta'us, hanqinaaleen olitti ibsaman kunniin akka jiran hubachuun ni danda'ama.

### 3.10.3. Firii Dubbii Qabaachuu

Firii dubbii qabaachuu yeroo jennu, himannaa (iyyataa), fi deebii barreeffamaa fi afaaniin gareewwan taasisan cuunfuun haala ifa ta'een kaa'uu kan akeeku dha. Kallattii kanaan galmeewwan xiinxalaman yeroo ilaallu:

*Gabatee 3.14: Gabatee firii dubbii qindaa'e qabaachuu fi qabaachuu dhabuu murtiwwanii agarsiisu*

Baay'ina galmees	Firii dubbii qindaa'ee kan qaban	Firii dubbii qindaa'ee kan hin qabnee
166	146(87.9%)	20(12.1%)

Galmeewwan 166 keessaa galmeewwan 146 (87.9%) firii dubbii qindaa'ee qabu. Kanneen hafan 20(12.1%) ammoo firii dubbii sirriitti qindaa'e hin qabani. Kun kan agarsiisu, murtiwwan baayyeen firii dubbii sirriitti qindaa'e kan qaban ta'uu dha. Haa ta'u malee, gama kanaanis

<sup>235</sup> Asaffaa Abbabaa(himataan) fi Haayiliyyee Mabraatu(himatamaa),M/M/O/G/Jimmaa, Lakk. G 11591, gaafa 18/10/2001; Muskuu Daawud(himattuu) fi Gaalii Faaris(himatamaa), Lakk. G 07062, gaafa 03/04/2005.

<sup>236</sup> galmees 31097/2005

waantonni akka hanqinaatti ilaalaman ammas ni jiru.Kanneen armaan gadii hanqinoota galmeewwan sakatta'aman irratti mul'atanidha.

- Falmii gareewwanii gam-tokkotti duuffisuu, ykn kan garee lamaaniiyyuu ifa godhanii kaa'uu dhiisuu. Kun fakkeenyaaf, falmii garee tokko ifa gochuun kan garee biroo ifa gochu dhabuu,<sup>237</sup> ykn falmii garee tokko qofa agarsisuun kan garee biroo dhiisuu,<sup>238</sup> ykn falmii garee tokko caalaatti dheeressanii ibsuun kan garee biraa gar-malee gabaabsuu,<sup>239</sup> ykn kan garee lachuuyyuu ifa godhanii kaa'uurra bifa waliigala ta'een,(Fkn: "*Gareewwanis dhaddacha mana murtii kanatti dhiyaachuudhaan falmii godhaniiru jedhanii*) kaa'uun<sup>240</sup> ibsamuu danda'a. Kun, qabiyyeen murtii tokkoo guutuu akka hin taane taasisa. Keessattuu, sadarkaa manneen murtii ol iyyata dhagahaniitti deebii kennaan deebii isaa barreeffamaan dhiyeessuuf carraa hin qabu waan ta'eef, falmiin inni kaasee hin galmaa'u taanaan yaadni inni kaase maal akka ture hubachuun rakkisaa waan ta'uuf, galmichi guutuu hin ta'u. Hawaasni bal'aanis ergaa murtichaa hubachuu hin danda'u. Kun ammoo naanna'ee, naanna'ee qulqullina murtii irratti dhiibbaa badaa dhaqqabsiisa.
- Himata, deebii fi falmii gareewwanii cuunfuun bareechanii kaa'uurra akkuma jirutti waraabanii kaa'u.<sup>241</sup> Kun ammoo murtiin kennamu gar-malee akka dheeratu waan taasisu namni dubbisuu firiin dhimmichaa maal akka ta'e salphaatti akka hin hubanee taasisu irra darbee murtii bakka bu'aa galmees taasisa. Kun ammoo qajeeltoo barreessa murtii irraa kan maqu dha.

---

<sup>237</sup> Tsaggaayyee (Ol iyyataa) fi A/A (deebii kenna),MMO Godina Shawaa Bahaa,Lak.G.32545.

<sup>238</sup> A/A(Ol iyyataa) fi Hajii Waariyoo (Deebi kenna),MMO Godina Shawaa Bahaa,Lak. G.24479;

<sup>239</sup> Tasammaa Mangistuu faa (himattoota) fi Warshaa Simintoo (himatamaa),MMA Lumees, Lak. G. 31623 galmees kana irratti falmiin himattootaa fuula 6 fi ½ n yoo ibsamu,falmiin himatamaa ammoo fuula 3 qofaan ibsame.

<sup>240</sup> Fakkeenyaaf, galmeewwan Tasammaa Bayyanaa fi A/A,MMO Godina Shawaa Bahaa,Lak.G.32519; *fi* Dirriibaa Caalii(ol'iyyataa) fi Abbaa Alangaa, Lakk.G 22558;Amiinaa Bakirii(himattuu) fi Abdii Mohaammad (himatamaa),MMA Baabilee,Lak. G.04050 irratti falmiin gaggeeffameera jedhamee ibsame malee gareewwan maal jedhanii akka falman waanti ibsame hin jiru.

<sup>241</sup> Tasammaa Mangistuu faa (himattoota) fi Warshaa Simintoo (himatamaa), MMA Lumees, Lak. G. 31623; Caalaa Iddoosaa (himataa) fi Takkaa Caannee (himatamaa), MMA Ada'aa, Lak. G.36227; Abdullees Muusaa (himataa) fi Abdii Malinkaa faa (N-7) (himatamtoota), MMA Baabilee, Lak. G. 04177/04; Sharafuu Abbaa maccaa (himataa) fi Korphoreshinii Humna Ibsaa (himatamaa), Lakk. G 17697.

### 3.10.4. Ijoo Dubbii Ifa Ta'e Qabachuu

Ijoo dubbii adda baasuun ifa godhanii kaa'uun manni murtii maal irratti murtii laachuuf akka adeemuu agarsiisa. Qabxii kana ilaalchisee haalli qabatamaa galmeewwan sakatta'aman irraa hubatamee akka armaan gadiitti gabateen agarsifameera.

*Gabatee 3.15: Gabatee ijoo dubbii ifa ta'e qabaachuu fi qabaachuu dhabuu murtiiwwanii agarsiisu*

Baay'iina galmee	Ijoo dubbii ifa ta'e kan qabu	Ijoo dubbii ifa ta'e kan hin qabne
166	139(83.7%)	27(16.2%)

Gabatee oliirraa hubachuun kan danda'amu galmeewwan 166 keessaa galmeewwan 139 ijoo dubbii ifa ta'e yoo qabaatan, kanneen hafan 27 ammoo ijoo dubbii ifa ta'e hin qaban. Kunis dhibbeentaadhaan yoo ibsamu, walduraa duubaan %83.7 fi %16.2 ta'a. Kun ammoo ijoo dubbii addaa baasanii agarsiisuu irratti manneen murtii gaarummaa akka qaban agarsiisa. Haa ta'u malee, murtiiwwan lakkoofsaan hin tuffatamne gama kanaan hanqina qabu. Rakkoowwan dhimmoota biroo olitti ibsamaniin walbira qabamee yoo ilaalamu, rakkoon gama kanaan mul'atu ol ka'aa akka ta'e ni hubatama. Rakkoowwan kunniinis;

- a) Ofirraa ittisuuf jecha ijoo dubbii himatamaan kaasuu ibsuu dhabuun dhimmoota yakkaa irratti rakkoo bal'inaan mul'atu dha. Kana jechuun, himatamaan ofirraa haa ittisu erga jedhamee booda qaphxiwwan ofirraa ittisuuf isa gargaaran fakkeenyaaf guyyaa yakki raawwate jedhametti bakka biraa kan ture ta'uu mirkaneeffachuu barbaada ta'a. Manni murtii kana hin galmeessiin yeroo bira darbuti jira.<sup>242</sup> Akkasumatti, duuchaamaan himatamaan ofirraa hin ittisne jedhamee yeroo bira darbamuti jira. Kun ammoo nama murtii dubbisu biratti himatamaan ofirraa ittisuuf akkaataa ijoo dubbii qabsiifateen mirkanesseera moo? hin mirkanessine kan jedhuuf madaallii ofi akka hin fudhanne kan taasisu waan ta'eef, qulqullinna murtii irratti dhibbaa badaa kan uumu dha.

<sup>242</sup> Fakkeenyaaf, galmeewwan yakkaa: Abbaa Alangaa (himataa) fi Mohaammad Morkaamoo (himatamaa), M/M/A/Arsii NagalleeLakk. G 18532 fi Abbaa Alangaa fi Taaddala Naadoo, M/M/ A/Bojjii Dirmajjii,Lak. Galmee 03311 rakkoowwan akkasii qabu.

- b) Ijoowwan dubbii garagaraa wal faana bakka tokkotti ibsamuu danda'an iddoo garagaraatti ibsuu.<sup>243</sup> Kun ammoo manni murtii ijoo maalii qulqulleessuuf akka adeemuu salphaatti akka hin hubanne kan godhu waan ta'eef, qulqullina murtii irratti dhiibbaa badaa dhaqqabsiisa.
- c) Ijoo dubbii osoo hin qabiin murteessuu.<sup>244</sup>
- d) Ijoowwan dubbii qabamuu qaban hunda duguuganii qabuu dhabu

Yeroo tokko tokko ijoowwan dubbii tokkoo ol qulqulleessuun ni barbaadama ta'a. Yeroo kana, manni murtii dhimmoota qulqullaa'uu qaban hunda akka ijoo dubbiitti qabachuu qaba. Haa ta'u malee, qabatamattii ijoowwan dubbii osoo hin duguugiin qabachuun ni mul'ata. Fakkeenyaaf, falmii gahee qabeenya dhaalaa tokko irratti,<sup>245</sup> ijoowwan lama: 1<sup>ffaa</sup>, dhaalaan lafaa inni sirriin eenyu dha? kan jedhuu, fi 2<sup>ffaa</sup> dhaalaan manaa inni sirriin eenyu dha? kan jedhu qabamuu osoo qabanii, manni murtii ijooma dubbii tokko innis, dhaalaan manaa inni sirrii eenyu? kan jedhu qofa qabe. Kun ammoo, seerummaa gaafatameef deebii osoo hin kenniin bira darbuu waan ta'eef, hanqina guddaa dha.

- e) Yeroo sirrii hin taanetti ijoo dubbii qabachuu

Kun, fakkeenyaaf, erga ragaan dhagahamee booda ijoo dubbii qabachuun ibsamuu danda'a. Ragaan kan dhagahamu dhimma falmii ta'e (ijoo dubbii) qulqulleessuuf akka ta'e beekamaa dha. Kanaaf ammoo dursanii ijoo dubbii adda baafachuun barbaachisaa dha. Haa ta'u malee, qabatamatti ijoo dubbii osoo adda hin baasiin ragaan yoo dhagahamu ni mul'ata. Fakkeenyaaf, dhimma tokko<sup>246</sup> irratti manni murtii erga ragaa dhagahee booda

<sup>243</sup> Abbaa Tamaam Abbaa Boor fi Abbaa Tamaam Abbaa Duraa, M/M/O/G/M/Jimmaa, Lakk. G 18892, 09/05/2004.

<sup>244</sup> Fakkeenyaanyaaf, galmeewwan Tasammaa Bayyanaa fi A/A, MMO Godina Shawaa Bahaa, Lak.G. 32519; Tsaggaayee (Ol iyyataa) fi A/A (Deebi kennaa), MMO Godina Shawaa Bahaa, Lak. G.32545; H/M W/TS (Ol iyyataa) fi Solomoon H/M (Deebi kennaa), MMO Godina Shawaa Bahaa, Lak.G.24501; Indaalee Yimaaneh (himataa) fi Dh.R.B.Nook (Damee Adaamaa), MMA Adaamaa, Lak.G.54822; Abdoo Qumbiifaa (N-4) fi Weennii Malkaa (himatamtuu), MMA Lume, Lak. G. 31097; fi Caalaa Iddoosaa (himataa) fi Takkaa Caannee (himatamaa), MMA Ada'aa, Lak. G. 36227 rakkoowwan ijoo dubbii hin qaban.

<sup>245</sup> Ad. Lamlam Birraa (himattuu) fi Windilfiraw G/Igizhaaber (himatamaa), MMA Lume, Lak.G.18508. Galmeewwan MMA Sabbataa Hawaas, Ad. Burtukaan Goobuu (Iyyattuu) fi Obbo. Shibbiruu Daadhii (waamamaa), Lak.G.34357 fi Faantaahun Baqqalaa (himataa) fi Akkaadaamii Indirisii fi Maatii Isaa (himatamaa), Lakk.G.35438 irrattis hanqina walfakkaatuti mul'ata.

<sup>246</sup> Faantaahun Baqqalaa (himataa) fi Akkaadaamii Indirisii fi Maatii Isaa (himatamaa), Lakk.G.35438.

ijoo dubbii qabe. Kun adeemsa sirrii miti.<sup>247</sup> Manni murtiis ijoo dubbii osoo hin qabatiin maalirratti ragaa akka dhagahe beekuufis rakkisaa ta'a.

f) Ijoo dubbii qabamuu qabu dhiisanii kan biraatti jijjiiruun ijoo qabachuu

Fakkeenyaaf, galmee tokko keessatti<sup>248</sup> falmiin waa'ee manaa ta'e osoo jiruu,manni murtiis kanuma irratti abbaan qabeenyummaa manaa eenyu? kan jedhu irratti ijoo dubbii qabatee osoo jiruu, sababa hin beekamneen(galmee irraa hin hubatamneen), falmicha ofumaan gara falmii qabiyyee lafaatti jijjiiruun abbaan qabiyyee lafaa eenyu? kan jedhu akka ijootti qabatee ragaa irratti dhagaheera.

g) Ijoo yeroo tokko qabamee deddebi'anii iddoo baay'eetti ibsu.

Fakkeenyaaf, falmii hojjetaa fi hojjisiisaa tokko irratti<sup>249</sup> manni murtii,himatamaan himataa kan ari'e badii raawwateenimoo badii maleeti? kan jedhu akka ijoo dubbiitti kan qabate yoo ta'u,ijoon qabame kun bakka baayyeetti deddeebi'uun ibsameera.Kun ammoo murticha yaa'insa kan dhabsiisee fi dubbisuufis nuffisiisaa akka ta'u godheera. Hanqinni qulqullina murtiis tokko kanuma jechuun ni danda'ama.

h) Ijoo dubbii maddi isaa hin beekamne qabuu

Ijoo dubbii himata, deebii, falmii fi sanadoota gareewwan dhiheessan irraa qabama.<sup>250</sup> Haa ta'u malee, ijoo dubbii maalirraa ka'ee akka qabame yeroo hin beekamne ni mul'ata. Fakkeenyaaf,falmii qabiyyee lafa baadiyyaa tokko irratti<sup>251</sup>ijoon qabame maalirraa ka'amee akka qabame ifa miti. Ijoo qabame, “*dachiin haalli daangeffama isaa olitti ibsame kun dachii Suufiyaan Sheek Umar himatamaaf kenne keessa jiramoo miti? Yoo jiraates ta'e yoo hin jiraatiin mirgi abbaa qabiyyee lafa falmiikaase kan himattuutimoo kan Suufiyaan Sheek Umar? Yoo kan himattuu ta'e himatamaan humnaan qabatemoo hin qabanne?*” kan jedhu dha.

<sup>247</sup> Seerri Adeemsa Falmii Hariiroo Hawaasaas kwt.246 (1) jalatti manni murtii mormii sadarkaa duraa irratti akkuma murtii kenneen ijoo dubbii ni qabata jedha.

<sup>248</sup> Afraasaa Jifaar (himataa) fi Shimallis Miniluu (himatamaa),MMA Ada'aa,Lak.G.30641.

<sup>249</sup> Obbo Gaashawu Akiliiluu (himataa) fi Dhaabbata Beetel Orfaanej (himatamaa), MMA Sabbataa Hawaas, Lak.G.33978.

<sup>250</sup> Seera Adeemsa Hariiroo Hawaasaas,kwt.248(a-c)

<sup>251</sup> Amiinaa Bakrii (himattuu) fi Abdii Mohaammad (himatamaa), MMA Baabilee,Lak.G.04050.

Himannaan dhihaate, himatamaan lafa qonnaa qooxxii lama kan daangaan isaa kallattii afraniin caqasame humnaan jalaa waan qabateef, akka gadi lakkisuuf kan gaafatte dha. Deebiin kenname garuu, maal akka ta'e haala hubatamuu danda'uun hin dhihaanne. Himatamaan deebii kennuu malee maal jedhee akka deebise waanti kaa'ame hin jiru. Kanaaf, ijoo dubbii keessatti namni maqaan isaa ibsame, *Suufiyaan Sheek Umar* eessaa akka dhufe hin beekamu. Kun tarii himatamaan maal jedhee akka deebise sirriitti agarsiisuu dhabuu irraa madda. Himatamaan deebii isaa keessatti lafa falmiin irratti ka'e kana Suufiyaan Sheek Umaritti naaf kenne jechuu danda'a ta'a. Yaadni kun garuu murtii keessatti hin ibsamne. Kanaaf, namni murtii kana dubbisu Suufiyaan Sheek Umar eenyu? eessaa dhufe? jedhee gaafachuuf dirqama ta'a.

### 3.10.5. Ragaa Gareewwanii Galmeessuun Ibsuu

Murtiin kennamu ragaa irratti kan hundaa'e waan ta'eef ragaa gareewwan dhiyeessan ifa godhanii kaa'uun bu'uurri murtichaa maal akka ta'e akka hubatamu taasisa. Kallattii kanaan galmeewwan sakatta'aman akka armaan gadiitti xiinxaluun ni danda'ama.

*Gabatee 3.16: Gabatee raga gareewwanii ibsuu fi dhiisuu murtiiwwanii agarsiisu*

Baay'ina galmee	Ragaa gareewwanii haala gaariin kan ibsan	Ragaa gareewwanii haala gaariin kan hin ibsine
166	148(89.1%)	18(10.8%)

Akkuma gabatee olii kanarraa dubbisuun danda'amu galmeewwan 166 sakatta'aman keessaa galmeewwan 148(89.1%) ragaa gareewwanii haala gaariin yoo ibsan kanneen hafan 18(10.8%) ammoo hin ibsine. Kanaaf, murtiiwwan baayyeen ragaa gareewwanii galmeessuun ibsa kan itti laatan akka ta'e hubachuun ni danda'ama. Haa ta'u malee, gama kanaanis hanqinni akka jiru xiinxala daataa gabatee oliirraa ni hubatama. Hanqinaaleen mul'atan kunis bifa adda addaan kan ibsaman yoo ta'u, isaan keessaa ragaa gareewwanii akka malee gabaabsuu,<sup>252</sup>osuma hin

<sup>252</sup> Tsaggaayee (Ol iyyataa) fi A/A (Deebi kennaa), MMO Godina Shawaa Bahaa, Lak. G. 32545; galmee kana irratti ragaan galmaa'us, akka malee waan gabaabbateef hubachuuf nama rakkisa.

galmeessiin akkasumaan bira darbuu,<sup>253</sup> fi ragaan namaa fi barruu walfaana yoo dhiyaatu tokko qofa galmeessuun kan biraa dhiisuu<sup>254</sup> adda duraan kan mul'atanidha.

### 3.10.6. Xiinxala Ragaa fi Seeraa

Boqonnaa darbee keessatti, qulqullinni murtii adda dureen qulqullina xinxala murtii gaggeeffamu irratti kan hundaa'uu ta'uu isaa fi xiinxalli gaggeeffamuus ogeessoota qaamolee haqaa kan amansisuu ta'u akka qabu ibsameera. Xiinxalli taasifamus firii dubbii fi keewwattoota seeraa rogummaa qabaniin ta'uuti irraa eegama. Ulaagaa kanaan murtiiwwan manneen murtii Oromiyaa akka armaan gadiitti madaaluun ni danda'ama.

*Gabatee 3.17: Gabatee sadarkaa xiinxala raga fi seeraa murtiiwwanii madaalu*

Baay'ina galmee	Xiinxala ragaa fi seeraa kan qaban	Xiinxala ragaa fi seeraa kan hin qabne
166	103(62%)	63(37.9%)

Gabateen olii kun kan agarsiisu, galmeewwaan 166 sakatta'aman keessaa galmeewwan 103(62%) xinxala ragaa fi seeraa qabaachuu isaanii fi kanneen hafan 63(37.9%) ammoo xiinxala raga fi seeraa kan hin qabne ta'uu dha. Murtiiwwan xiinxala ragaa fi seeraa qaban murtiiwwan xiinxala ragaa fi seeraa hin qabne dhibbeentaan kan caalan yoo ta'ellee, gama kanaan rakkoon bal'ina qabu akka jiru garuu hubachuun ni danda'ama. Ulaagaalee biroo murtii ittiin madaalle wajjiin walbira qabamee yoo ilaalamus, % 62 qofa waan ta'eef milkaa'inni jiru gadi bu'aa dha.<sup>255</sup> Kun kan agarsiisu, gama kanaan hanqinaaleen hedduun kan jiran ta'uu dha. Hanqinaalee kanneen tokko tokkoon akka armaan gadiitti mee haa ilaallu:

<sup>253</sup> Fakkeenyaaf, galmeewwan Nahiiamaa Abraahim (himattuu) fi Ziyaad Bakar (himatamaa), MMA Kombolchaa, Lak.G.16434; Ad. Birqee Addunyaa (himattuu) fi ob. Dassuu Beenayaa (himatamaa), MMA Walmaraa, Lak.G. 38987; Caalaa Iddoosaa (himataa) fi Takkaa Caannee (himatamaa), MMA Ada'aa, Lak.G.36227; Ob. Abdoo Qumbiifaa(N-4)(himatamtoota) fi Ad. Weennii Malkaa (himatamtuu), MMA Lumee, Lak.31097; H/M W/Ts (ol iyyataa) fi Solomoon H/M(Deebi kennaa), MMO Godina Shawaa Bahaa, Lak.G.24501 irratti ragaan galmaa'e hin jiru.

<sup>254</sup> Fakkeenyaaf falmii kiraa lafaa himataa Tasammaa Balaachoo fi himatamaa Nadhii Maammoo, MMA Ada'aa Lak.G.34325 irratti ragaan dhihaate kan barreeffamaa (waliigaltee kiraa) fi kan namaa ture. Murtii keessatti kan ibsame garuu ragaa namaa qofa. Silaa ijoo qabame wajjiin ragaan caalaatti rogummaa qabu kan namaa caalaayyuu kan barreeffamaati.

<sup>255</sup> Seensa qabaachuun %94.6, firii dubbii qindaa'e qabaachuun %87.9, ijoo dubbii ifa ta'e qabaachuun % 83.7 fi ragaa gareewwanii galmeessuun ibsuun %89.1 dha. Hundi isaanii %80 olidha. Kan xiinxala ragaa fi seeraa garuu %62 qofa.

- a) Ragaan dhiyaate tokko sababa maaliin fudhatamummaa akka argate ykn kufaa akka ta'e ibsuu dhabuu.

Rakkoon kun rakkoo murtiiwwan hedduu irratti calaqqisu dha.<sup>256</sup> Maaliif fudhatame ykn kufaa ta'e kan jedhu ibsuurra duuchaadhumaan mirkaneesseera ykn ittisuu hin dandeenye jedhanii bira darbuun bal'inaan mul'ata. Akka fakkeenyaatti, xiinxala armaan gadiitti godhame ilaaluun ni danda'ama.

*"...Ragooleen abbaa alangaa mirkaneessaniru; ragooleen ittisaa ittisuu hin dandeenye."*<sup>257</sup>

*"... Manni murtii galmee qorannoof bulchee yoo qoratu, ragaan namaa fi mana yaalaa himatamaa irratti mirkanesseera; ragooleen faccisaa himatamaan dhiyeessee akka ijoo dubbii qabsiifateen wanta irraa ittisan hin qaban".*<sup>258</sup>

Galmeewwan lamaanuu haala waliigala ta'een ragaan eenyuu akka caalee kan agarsisan malee haala kamiin akka caalee fi ragaan garee tokkoo sababa maaliin kufaa akka ta'e hin ibsan.

Ragaa eksipertii dhihaate callisanii bira darbuunis rakkoo kanaan walqabatee mul'atu dha. Fakkeenyaaf, dhimma ajjeechaa daguu<sup>259</sup> tokko irratti ragoota abbaan alangaa dhiheesse keessaa tokko ragaa pilaanii ture. Manni murtii garuu,ragaa kanaan fudhatameera ykn kufaa ta'eera osoo hin jedhiin callisee bira darbeera.

Rakkoon ragaa fi seera xiinxaluu dhimmoota yakkaa qofa irratti osoo hin taane dhimmoota siivilii irrattis ni mul'atu.Fakkeenyaaf falmii kiraa lafa baadiyyaa tokko

---

<sup>256</sup> Marii garee abbootii seeraa MMO Godina A/Lixaa ,Harargee Bahaa fi Addaa Oromiyaa Naannawaa Finfinnee waliin walduraa duubaan Sadaasa 20, 21,2005 fi Mudde 1,2005 taasifame

<sup>257</sup> Galmee Abbaa Alangaa(himataa) fi Mohaammad Morkaamoo(himatamaa),M/M/A/Arsii Nagallee, Lakk. G 18532 keessaa kan fudhatame.

<sup>258</sup> Galmee Abbaa Alangaa(himataa) fi Mahaammad Saanii Abbaa boor (himatamaa),M/M/O/G/Jimmaa, Lakk. G 22974 keessaa kan fudhatame. Rakkoon akkasii galmee MMO Godina Harargee Bahaa lak.23749; MMO Godina Addaa Oromiyaa Naannawaa Finfinnee lak.3881 fi 31616;MMA Ada'aa lak.30641; Faamii Ahimmad (himataa) fi Abdii Ahimmad faa (N-3)(himatamtoota),Mana Murtii Aanaa Haromayyaa,Lak. Galmee 20018/2003 irrattis ni mul'ata.

<sup>259</sup> A/A(himataa) fi Mohaammad Aliyyii(himatamaa),MMA Kombolchaa,Lak.G.16609.



irratti<sup>260</sup> ragaanis ta'e seerri hin xiinxalamne. Dhimma kana irratti ragaan dhihaate kan namaa fi kan barreeffamaati. Murtii keessa kan jiru raga namaa qofa. Ragaan barreeffamaa (waliigalteen kiraa lafaa) dhihaatee galmeen walqabachuun isaalle hin ibsamne. Gara seeraanis yoo ilaalamu, dhimma kana ilaaluuf seerri rogummaa qabu Labsii Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa Lak.130/99, kwt.10 ture. Keewwatas ta'e labsiin kun murtii kana keessa tasuma hin jiru.

Gabaabumatti,raga fi seera tasuma xiinxaluu dhabuun ykn xiinxala nama hin amansiifne gochuun hanqina galmeewwan baayyee irratti mul'atanidha. Kun ammoo qulqullina murtii xiqqeessuun amantaa hawaasni murtii kennamu irratti qabu gadi buusa.

b) Xiinxala falmii afaaniin wal hin simne gochuu

Fakkeenyaaf, dhirsaa fi niitii tokko irratti<sup>261</sup> xiinxalli manni murtii godhe yaada yeroo falmiin godhamu keessatti taasifame wajjiin walitti bu'a. Yaadni yeroo falmiin godhamu keessa jiru xalayaan waamichaa himatamaa dhaqqabee fuudhuu diduu ibsa.Murtii keessatti yaadni taa'e ammoo xalayaa waamichaa fudhatee deebii kennuu dide kan jedhu dha.

c) Murtiin bu'uura keewwata seeraa kamiin akka kenname ibsuu dhabuu<sup>262</sup>

d) Seeraa(labsii) rogummaa hin qabneen (Fakkeenyaaf, seera haqamee jiruun) murtii kennuu

Fakkeenyaaf, galmee tokko irratti<sup>263</sup> hanqinni akkasii mul'ateera. Ka'umsi falmii kanaa, abbaan alangaa himannaa gaafa 01/09/2004 dhiyeesseen, *himatamtootni hayyama seera qabeessa ta'e osoo hin qabaatiin shukkaara fi zayiitaa finfinnee irraa gara Gimbiitti yeroo geessan waan qabamaniif labsii galmee daldalaa fi eyyama daldalaa lakk. 67/1997*

---

<sup>260</sup> Tasammaa Balaachoo(himataa) fi Nadhii Maammoo (himatamtuu),MMA Ada'a,Lak.G.34325.Akkasumas,falmii hojjetaa fi hojjiisaa Indaalee Yimaaneh (himataa) fi Dh.R.B.Nook,Damee Adaamaa(himatamaa),MMA Adaamaa,Lak.54822; fi falmii maatii Abdoon Qumbii faa (N-4)(himattoota) fi Weennii Malkaa (himatamtuu),MMA Lumee,lak.31097 jidduu ture irratti xiinxalli ragas ta'e maatii hin godhamne.Ragaawwan dhihaatan akkuma jirutti kan taa'anidha.

<sup>261</sup> Fooziyaa Adam (himattuu) fi Abdulziiz Mohaammad (himatamaa),MMA Kombolchaa,Lak.G.16544.

<sup>262</sup> Rakkoon kun dhimmoota yakkaa irratti fooyyee yoo qabaatu; dhimmoota hariiroo hawaasaa irratti ammoo hedduu hammaata. Harki caalaan dhimmoota hariiroo hawaasaa (sadarkaa dhaddacha ijibbaataatti warra ilaalaman osoo hin dabalatiin) keewwata seeraa murtiin ittiin kenname hin ibsan.

<sup>263</sup> Abbaa Alangaa fi Yashii Tolosaa, M/M/A/Gimbii, Lakk. G 15922

*bahe kwt.46(1) bira darbaniru* jechuun waan himateefi dha. Manni murtiis dhimmicha erga qoratee booda himatamtootni yakka ittin himataman kana guutummaa guututti waan amananiif jechuun kewwatuma ittin himataman jalatti balleessaa dha jedhera.

Himannaan kan banames ta'e murtiin kan kenname bara 2004 keessa dha. Labsiin himanni ittiin banames ta'e murtiin ittiin kenname labsii 67/1997 nidha. Haa ta'u malee, labsiin kun labsii 686/2002n haqameera. Kanaafuu, labsii haqameen himata banuunis ta'e, isuma jalatti balleessaa dha jechuun dogoggora guddaa dha.

e) Kewwattoota seeraa sababa gahaa malee jijjiru

Kana fakkeenyaan deggaruuf galmees yakkaa tokko<sup>264</sup> mee haa ilaallu. Ka'umsi dhimma kanaa, abbaan alangaa himannaa gaafa 21/07/2004 himatamaa irratti dhiyeesseen, *himatamaan kun ogummaa konkolaachisummaa qabuun namaa fi qabeenyaaf eegumsa gochu osoo qabu kana gochu dhabuun dambii traafikaa bira darbuun miidhamtu dhuunfa irratti miidhaa qaamaa waan gessisseef bu'uura seera yakkaa bara 1996 bahe kewwata 559(2) tiin himatameera* kan jedhu dha.

Manni murtiis ragoolee abbaa alangaa dhagahuun ragooleen abbaa alangaa akkaataa himannaan waan mirakanessaniif himatamaan akka ofirraa ittisu ajajullee ofirraa ittisu hin dandeenye. Kanumaan manni murtii dhimmicha yoo qoratu, "... *miidhaan qaamaa miidhamtu irra gahe yaalamtee kan fayyite ta'uu akkasumas gara fuula duraattis jireenya miidhamtuuf kan hin sodaachifne ta'u ragaan mana yaalaa kilinika miyoonsang kiristiyaan.....*" sababa jedhu ibsuun s/yakkaa kewwata 559(2) gara 559(1) tti jijjiruun adabeera.

Xiinxalli manni murtii taasise kun yoo ilaalamu dogoggora qaba. Ogeessootni dirqama ogummaa qaban kanneen akka dooktara fi konkolaachistootaa dagannoodhaan yakka SY kwt.559 jalatti ibsame yoo raawwatan kwt-xiqqaa 2n malee kwt-xiqqaa 1n keessummaa'uu akka hin qabne seerumtichi ifatti tumee jira. Kanaafuu, guddachuun ykn xiqqaachuun miidhaa akka ulaagaatti kan ilaalamu namoota kaaniif malee ogeessoota dirqama ogummaa qabaniif miti. Kanaaf, manni murtii himatamtuun miidhaa ishee irraa

---

<sup>264</sup> Abbaa Alangaa fi Qalbeessaa Gaaddisaa, MMAGimbii, lakk. G 10670.

waan fayyiiteef sababa jedhuun kewwata 559(2) irraa gara 559(1) tti jijjiruun isaa dogoggora hiikkoo seeraa ti.

f) Seeraan ala adabbii gadi buusuu

Fakkeenyaaf, dhimma tokko irratti<sup>265</sup> adabbiin seeraan ala xiqqaateera. Galmee kanaaf ka'umsi himannaa abbaan alangaa gaafa 10/12/2004 barreessee dhiyeesseen, *himatamaan s/yakkaa bara 1996 bahe kewwata 559(2) bira darbuun dagannoon miidhaa qaamaa waan gessiseef himatameera* kan jedhu dha. Himatamaan dhiyaatee waan waakkateef, ragooleen abbaa alangaa dhagahamanii himatamaa irratti waan mirkanessaniif himatamaan ofirraa akka ittisuu jedhame ragoolee ittisaa dhiyeesse kan dhagessifate ta'us, ofirraa ittisuu waan hin dandeenyeef keewwatuma himatame jalatti balleessaadha jedhameera. Adabbii ilaalchisee xiinxallis akka armaan gadiitti godhameera:

*"Yakkii himatamaan raawwate bu'uura qajeelfama sirna adabbii Mana Murtii Waliigala Federaalaa lakk. 01/2002 tiin sadarkaa yakka Iffaa gulantaa adabbii hidhaaf 5ffaa jalatti kan adabsisuu yoo ta'u, yaadni adabbii cimsuu hin dhiyaannee. Kanaaf, himatamaa sadarkaa yakkaa Iffaa gulantaa adabbii 5ffaa jalatti reenjii kaa'ame keessaa dhaddacha guyyaa har'aa oleen hidhaa salphaa baatii ja'aa(6) tiin adabneerra."* erga jedhe booda,

*" Adabbiin himatamaa irratti laatame kunis hidhaan yoo irratti raawwatame maatii himatamaa irra kan ga'u miidhaa cimaa ta'uu manni murtii kun yaada keessa galchuundhaan maatii abbaa isaa bulchaa kan jiru ta'uu himatamaan yaada dhiyeesse irraa hubachuun kan danda'amuudha kanaaf adabbii hidhaa kaa'ame kana bu'uura s/y/kewwata 180 fi s/y 179(f) hidhaa salphaa gara qarshitti jijjiruuf seerichi waan ibsuuf manni murtii kun gara qarshitti jijjiruudhaan sadarkaadhuma yakkaa Iffaa gulantaa adabbii qarshii 2ffaa jalatti qarshii kuma tokkoon (1000) 'n himatamaan badi raawwateef adabameera."*

---

<sup>265</sup> Abbaa Alangaa fi Indaalkaachoo Tamasgeen, M/M/A/Gimbii, Lak. G 16080.

Murtii armaan olitti ibsame yeroo xinxallu, keewwatni himatamaan balleessaadha ittin jedhame s/yakkaa kewwata 559(2) jalatti ka'uumsi adabbii isaa hidhaa salphaa ji'a jahaa yoo ta'u, bu'uura S/yakkaa kewwata 179(f)tiin yeroo ka'uumsi hidhaa salphaa isa idileeti (guyyaa 10) ol ta'e tumamee yeroo jiru adabbii salphisuun kan danda'amu hanga ka'uumsa isa idileetti duwwaatti. Karaa biroon hidhaan salphaa gara qarshitti jijjiramuu kan danda'u yoo ka'uumsi adabbii yakka sanaaf taa'e isa idilee jechuun, ka'uumsi isaa guyyaa kudhan yoo ta'e duwwaa dha. Kanaaf dhimma harkatti qabnu kanaan manni murtii hidhaa salphaa ka'uumsii isa ji'a jahaa gad hin taanee gara qarshiitti jijjiruun adabbiin kenne kun seeraan ala kan gadi bu'ee dha

g) Keewwatni seeraa yeroo jijjiiramu maaliif akka jijjiirame ibsuu dhabuu

Fakkeenyaaf, dhimma tokko irratti<sup>266</sup> abbaan alangaa, *himatamtootni s/yakkaa bara 1996 bahe kewwata 32(1A-3) fi labsii lakk. 652/2001 kewwata 3(4,6) darbuun kaayyoo siyaasaa isaanii galmaan gahuuf jecha ulee fi dhakaa qabachuun mootummaan nama keenya ajjeseera sababa jedhuun mootummaa fonqolchina jechuun jeequmsa umuun qabeenya waajjiraa irratti miidhaa waan gessisaniif jedhee yakka shororkessummaan himate. Manni murtiis erga ragaa dhagahee booda keewwata himanni itti baname yoo jijjiiru ibsa armaan gadii kaa'e:*

*"Manni murtii kunis ibsa himata A/alangaa fi jecha ragoolee isaa seeraan wal-bira qabee qoratee himatni A/alangaa fi jechi ragaalee isaa tarree ibsa himatichaatti kan wal-hin simatne ta'uu isaa waan hubatameef gara s/yakkaa 486(A,B) jalatti akka of irraa ittisan jedhee ....."*

Xiinxala ragaa fi seeraa manni murtii taasisee kun yeroo ilaalamu, himanni abbaan alangaa caqasee dhiyeesse labsii shoororkeessummaa kan ilaalatu yoo ta'u, manni murtii garu sababa jechi ragoolee fi himatni abbaa alangaa wal-hin simneef jechuun gara s/yakkaatti jijjireera. Haa ta'u malee jechi ragoolee fi seerichi haala kamiin wal-simu akka dhabe hin agarsiifame.

h) Murtiin erga kennamee booda jidduu lixummaa hayyamuu; mormii sadarkaa duraa ka'e irratti jalmurtii osoo hin kenniin falmii itti aanutti galuu

<sup>266</sup> Abbaa Alangaa fi Galataa Caatumaa, Lakk. G .95064, gaafa 28/01/2003

Dhimma falmii dhaala lafa baadiyyaa fi manaa tokko<sup>267</sup> irratti hanqinoota kanniin hunda ni agarra. Dhimma kanaaf ka'umsi himata himataan," *lafa oyruu bakka 3 jiruu fi mana balbala 12 abbaan keenya yeroo lubbuun jiru hore himatamtoonni naaf qoodaa jennaan didanii waggaa 6 guutuu qofaa isaanii itti fayyadamaa jiru*" jedhee dhiheesse dha. Himatamtoonni deebii yoo kennan," qabeenyaa himanni irratti dhihaate kana du'aatii abbaa keenyaan dura qabannee waggaa 20f itti fayyadamaa jirra; lafti ammoo qabiyyee dhunfaa himatamtuu 3ffaa (haadha himatamtoota 1ffaa fi 2ffaa) dha. Kanaaf nu gaafachuu hin danda'u" jedhanii mormaniiru. Ragaan bitaa fi mirgaa dhihaatan kan namaa yommuu ta'an kan himataa akkuma himannaatti; kan himatamtootaas akkuma mormii isaaniitti raganiiru.

Manni murtii mormii sadarkaa duraa ka'e (darbinsa yeroo) irratti osuma jalmurtii hin kenniin gara raga madaalutti seene. Raga yoo madaalu,"... *ragoonni himataa ragoota himatamtoota caalaa waan mirkaneessaniif*,..." jedhee himataan dhaalaa dha jechuun qabeenyaa fi qabiyyee akka qooddatu murteesse. Erga murteen kennamee booda gareen 3ffaa Adde Amiinaa Alii jedhamtu dachii addaan akka qoodamuuf murtaa'e irraa qoodan qaba jettee gaaffii jiddulixummaa dhiheessinaan manni murtii akka jidduu lixxuuf hayyame. Falmisiisee ragas dhagahuun murtii duraan kenne ofumaan fooyyessee isheenis akka qooddattu murteesseera.

Dhimma kana gadi qabnee yoo ilaallu gaaffiiwwan sadii ka'uu malu. Tokkoffaa, manni murtii mormii darbinsa yeroo himatamtootaan ka'e irratti jalmurtii hin laatiin bira darbuun falmii guutuutti seenuun isaa dogoggora<sup>268</sup>.

Lammeffaa, ragaan walqabatee gama tokkoon ragaan himataa akka himannaatti; kan himatamtootaas akka mormii isaaniti raganiiru jechaa, gama

---

<sup>267</sup> Faamii Ahimmad (himataa) fi Abdii Ahimmad faa (N-3) (himatamtoota), MMA Haromayyaa, Lak. Galmee 20018/2003

<sup>268</sup> Seerri Adeemsa Falmii Siivilii kwt.244 mormii sadarkaa duraa ka'u irratti manni murtii jalmurtii osoo hin kenniin bira darbee dhimma ijoo keessa seenuu akka hin qabne ni tuma (Manni Murtii Ol'aanaa Godina Harargee Bahaa dhimmicha ol iyyannoon dhagahes kun sirrii akka hin taane Lak. Galmee 26038 irratti ibseera).

biraan ammoo ragaan himataa kan himatamtootaa caalaa raganiiru jechuun yaadota wal faallessanidha.

Sadefaa, erga murtiin kennamee booda bu’uura Seera Adeemsa Falmii Sivilii kwt.41n manni murtii gaaffii jiddulixummaa hayyamuun isaa dogoggora biraati. Seerri Addemsa Falmii hariiroo Hawaasaa kwt.41(1) yoo ilaalle, jiddu lixummaan kan hayyamamu murtii kennuun dura malee erga murtiin kennamee akka hin taane ifatti tumeera. Kanaaf, Aadde Aaminaan osuma mirga qabaatte keewwattoota Seera Adeemsa Falmii Sivilii biroo mirga ishee kabachiisuu danda’an kan akka 358, fi 418 fayyadamu qabdimallee kwt. 41 fayyadamuu hin dandeessu. Manni murtii hayyamuun isaas bu’uura seeraa hin qabu.

i) Adeemsa falmiin ala murteessuu

Fakkeenyaaf, dhimma yakaa tokko<sup>269</sup> irratti himatamaa 1ffaan SY lak.340 fi 325 (A) darbuun miidhamaa Saajin Itti Aanaa Zallaqaa Sabbooqaa jedhamu dirqama hojii nageenya hojjechaa osoo jiruu dhagaa itti darbatee luka bitaa gubbaa dhawuun miidhaa irraan gaheera jedhamee himatame. Himatamaa 2ffaan SY lak.440 (1A) darbuun hojjettoota mootummaa jeequmsa barattoota Yunivarsiitiin ka’e tasgabbeessanitti dhagaa darbee ajajamuu didee mormii agarsiiseera jedhamee himatame.

Manni murtiis dhimmicha erga qulqulleessee booda dhaddacha gaafa 5/02/2005 ALI ooleen himatamaan 1ffaa hidhaa salphaa ji’a 2; himatamaa 2ffaa ammoo adabbii qarshii 190 murteesseera.

Murtiin kun erga kennameen booda gaafa 07/02/2005 ALI himatamaan 1ffaa “duraan TB; amma dadhabbii onnee waan na dhukkubuuf adabbiin hidhaa salphaa ji’a 2 narratti darbe anarraa haa daangeffamu” jechuun manuma murtii aanaa duraan murteessetti iyyata dhiheesse. Manni murtiis iyyata dhihaate

---

<sup>269</sup> A/A (himataa) fi Faamii Ahimmad faa (N-2) (himatamtoota), Mana Murtii Aanaa Haromayaa, Lak. Galmee 24811/05.

bu'uura godhachuun adabbii hidhaa baatii 2 itti murtaa'e bu'uura SY kwt.192n akka hin raawwanne daangaa yeroo 08/02/2005 irraa kaasee hanga waggaa 2tti irraa daangessuun gadi akka lakkifamu ajaje.

Kun adeemsa seeraan taa'een ala. Erga murtiin kennamee himatamaan gara mana amala sirreessaatti ergamee furmaanni jiru ol iyyannoo fudhachuu dha. Manni murtii ol iyyata dhagahus akkuma haala isaatti sababaan deggaree murtii jalaa ni cimsa,ni diiga ykn ni fooyyeessa.<sup>270</sup> Kanaan alatti, adeemsi seeraa manni murtii gaaf tokko ofumaaan murtii dabarsee gaaf biraa ammoo deebi'ee itti daangessu hin jiru. Waan ta'eefuu kun hanqina dandeettii ykn naamusaati jechuun ni danda'ama.

Walumaa galatti ,rakkoon xiinxala raga fi seeraa,keessattuu madaallii ragaa akka jiru dhimmoota olitti fakkeenyaaf ilaalaman irraa hubachuun ni danda'ama. Mariin garee abbootii seeraa manneen murtii ol'aanoo godinaalee 6 wajjiin gaggeeffames kanuma agarsiisa.

### 3.10.7. Ajaja seera Qabeessa Ta'ee fi Raawwiif Mijatu Kennuu

Kana ilaalchisee murtiiwwan manneen murtii Oromiyaa akka armaan gadiitti madaalamuu danda'u:

*Gabatee 3.18: Gabatee sadarkaa ajaja seera qabeessaa fi raawwiif tolu madaalu*

Baay'ina galmee xiinxalame	Murtiiwwan ajaja seera qabeessaa fi raawwiif tolu qaban	Hanqina ajajaa kan qaban
166	142(85.5%)	24(14.5%)

Akkuma gabatee armaan oliirraa hubachuun danda'amutti galmeewwan xiinxalaman 166 keessaa galmee 142(85.5%) ajaja ifa ta'ee fi raawwiif tolu kan qaban yommuu ta'u, kanneen hafan 24(14.5%) irratti ammoo hanqinni ajaja ni jira. Kun kan agarsiisu, ajaja ifa ta'e kennuu irratti waanti gaariin kan jiru ta'uu isaati. Milkaa'ina kanaafis waanti akka galtee guddaatti ilaalamu

<sup>270</sup> Seera Adeemsa Falmii Yakkaa Itoophiyaa,Kwt. 195.

leenjii ILOQHQSQ kenne akka ta'e af-gaaffiiwwan hooggantoota manneen muurtii, Bulchiinsa manneen sirreessaa fi waajjira poolisiin wajjiin gaggeeffame ni agarsiisa. Kanas ta'u garuu, hanqinaaleen mul'atan ammas ni jiru. Gabateen armaan olii kunis kanuma agarsiisa. Haaluma kanaan:

- a) Ajajoota raawwiif hin mijatnee kennu.<sup>271</sup> Ka'umsi dhimma kanaa himannaa himataan gaafa 07/11/2001 barreeffamaan dhiyeessee dha. Himatamaa waliin waliigaltee hojii raawwannee osoo jirru waliigaltee hojii keenya seeraan ala waan addaan kuteef kaffaltiiwwan garagaraa kanaan wal qabatan kan akka kaffaltii beenyaa, adabbii fi kan kana fakkaatan akka naaf kaffaluu kan jedhu dha. Manni murtiis falmii gaggeessuun dhimmicha qorachuun himatamaan himataa seeraan ala gaggeesseera jechuun ajajoota armaan gadii kennee jira:

*" A) Kaffaltii hojiirraa gaggeeffamaa (severance pay) bu'uura kewwata 40/(1,2) jalatti tumameen haa kaffalamuuf,*

*B) Himatamaan kun hojiitti deebi'uuf waan hin gaatneef beenyaa keewwata 43(4,b) jalatti tumamee haa kaffalamuufi jedheera.... Walumaagalatti, kaffaltii armaan olitti ibsaman kan hojiirraa gaggeeffamaa (severance pay), beenyaa armaan olitti ibsame himatamaan ogeessaan herregsiisee akka kaffaluuf murteessera"*

Ajajoota armaan olitti kennaman yeroo ilaallu, abbaan seerichaa ofii isaatiin bu'uura Seerri Hojjataa fi Hojjachisaan kaa'uun haanga kaffaltii hojiirraa gaggeeffamaan taa'ee jiru beenyaa shallaguun kaa'uu osoo qabu, bifa armaan olitti ibsameen haala waliigalaan hanga isaa osoo hin ibsiin kaa'uun isaa raawwiin murtii kana rakkisaa akka ta'u kan taasisu dha. Kunis falmii biroo hanga isaa meeqa kan jedhuuf kara kan banu waan ta'eef, galmeen garmalee lafarra akka harkifatuu fi himataan illee haqa isaa akka hin argannee taasisa.

Haaluma walfakkaatuun, ajajootni lafa irratti kennaman daangaan isaanii yeroo hin agarsiifamne ni mul'ata.<sup>272</sup> Ajajootni qabeenya hin sochone irratti kennaman booda raawwii

<sup>271</sup> Abduul Kariim Huseen fi Wa/H/Gamt/Anneessoo, Lakk.G05508.

<sup>272</sup> Adaanach Baliihu fi Laambaroo Bajjiigoo, M/M/A/Arsii Nagallee, Lakk. G 15239.



irratti akka hin rakkisne bu'uura S/D/F/H/H kwt 183(1(D)) fi S/D/F/H/H kwt 225(2)tiin daangaa ibsachuu kan qaban ta'u isaanii hubachuun ni danda'ama. Haa ta'u malee, galmeen mil-jalee armaan oli irratti ibsamee daangaan lafichaa osoo hin ibsiin duchaadhumaan murtii kan kenne dha. Kunis, falmiin biroo daangaan lafichaa hanga kennamuu booda daangaa lafachi hangami kan jedhu falmii biroo kaasuu kan danda'u dha.

- b) Qaama dhimmicha raawwachisuuf angoo hin qabne ajaju.<sup>273</sup> Ka'umsa dhimma kanaa yeroo ilaalamu, abbaan alangaa himannaa gaafa 07/12/2004 dhiyeesseen *himatamtootni labsii lakk. 160 kwt 23(4 fi 6) kan ilaalu irra darbuun buna qishira seeraan ala fee'anii yeroo dabarsan waan qabamaniif yakka buna seeraan ala geejjibuun* himatamaniru kan jedhu dha.

Himatamtootnis dhiyaatani yakka ittin himataman kana waan mormaniif ragooleen abbaa alangaa dhagahamaniiru. Ragooleen abbaa alangaa dhagahaman akkaataa himannaatti waan mirkaneessaniif himatamtootni akka ofirraa ittisan jedhamee ofirraa ittisuu waan hin dandeenyef kewwatuma ittiin himataman jalatti ballessaa dha erga jedhamani booda, adabbii hidhaa fi qarshii himatamaa tokko irratti kennameera. Kana booda ajaja armaan gadii kennaniru. Kunis:

*"Himatamaa kana manni adaba g/w/lixaa adabbii waggaa sadii fi ji'a jahaa fi qarshii 3,000(kuma sadi) akka raawwachisu mana adabaa g/w/lixaatiif haabarreeffamu."* kan jedhu dha.

Ajaji kenname kun yeroo ilaalamu, adabbii qarshi akka raawwachisu mana amala sirreessaa kan ajajee ta'u hubachu dandeenya. Qaamni adabbii qarshii raawwachisuuf angoo qabu waajjira galii sadarkaan jiru ta'ee osoo jiru waajjira amala sirreessaaf adabbii qarshii akka raawwachisu barreessuun ajaja qaama angoo hin-qabneetti barreeffame waan ta'eef rawwachisuuf rakkisaa ta'a. Kanaaf, ajajni armaan olitti kenname kun ajaja seeraan alaati jechuu dandeenya.

---

<sup>273</sup> Abbaa Alangaa fi Dirriibaa Jaallataa, M/M/A/Gimbii, Lakk. G 16071

c) Dhimmoota ajajni irratti kennamuu qaban hunda duguuganii ajaja kennuu dhabuunis hanqina biraa ajaja kennuun walqabatee mul'atu dha. Fakkeenyaaf, dhimma yakkaa irraatti namni himatamaa dhiyeessuuf mana isaa wabummaan qabsiseef yeroo murtiin laatamu dhorka manicha irratti kenname jiru ka'uu beeksisuu dhabuun ni mul'ata.<sup>274</sup> Murtiin jalaa diigamuu isaa ajaja kennuu dhabuunis ni jira.<sup>275</sup>

d) Ajaja mirga shakkamaa dhiphisu kennuu

Fakkeenyaaf, ajaja tokko irratti manni murtii ajaja itti aanu kennee jira:

*"Dassaaleny Tasfaa Guuttataa yakka ajjeechaatiin waan shakkameef waajjirri poolisii A/jaarsoo beellama gaafateera. Kanaafuu,hanga dhimmichi qulqullaa'utti akka tursistan manni murtii isin ajajeera."*<sup>276</sup>

Ajaji kun shakkamaan mana sirreessaa akka turu kan ajaju malee yeroo hangamiif akka turu waan ibsu hin qabu. Kun ammoo mirga himatamaa daran dhiphisa.

Walumaagalatti, ajajootni olitti kennaman kunniin qaawwa akka qaban hubachuun ni danda'ama. Rakkoon akka hojimaataatti jiru garuu ajajni kennamu eessatti kennamuu qaba kan jedhuun wajjiin walqabata. Murtiiwan tokko tokko ajaja erga jedhanii booda seerummaa gaafatames achuma keessatti ibsu;<sup>277</sup> gariin isaanii ammoo seerummaa gaafatame qaamuma murtii keessatti ibsuun ajaja jalatti ol iyyannoon mirga ta'uu,galmeen cufamuu,fi murtiin jalaa diigamuu qofa ibsu.<sup>278</sup>

Akka qorattoonni kun hubatanitti,seerummaa gaafatame ajaja(decree) keessatti agarsiisuun faayidaawwan lama qaba. Inni duraa,qaamoleen raawwachiisan guutummaa murtii osoo

---

<sup>274</sup> Abbaa Alangaa fi Tamasgeen Mangashaa, Lakk. G 10296, gaafa 08/12/2004.

<sup>275</sup> Garasuu Abbabaa (ol iyyataa) fi Firriisaa Abbabaa faa (D/kennitoota), MMO Godina Addaa Oromiyaa Naannawaa Finfinnee, Lak.G. 08127.

<sup>276</sup> Ajaja manni murtii Bulchiinsa Mana Sirreessaa Godina Wallagga Lixaatiif barreese, ajaja lakk. 10,531 gaafa 10/01/2005 barreeffame

<sup>277</sup> Fakkeenyaaf galmeewwan Ad.Saafuu Huseen faa (iyyattuu) fi Faaxumaa Muusaa faa(D/kennituu), MMWO, Dhaddacha Ijibbaataa,Lak.G.133143;Faaxumaa Alii(himattuu) fi Dh/Hunaa Hundaa(himatamaa), MMA Baabbilee, Lak.G.02513 irratti seerummaan gaafatame ajaja jedhamee achi keessatti ibsamee jira.

<sup>278</sup> Fakkeenyaaf, Fakkeenyaaf,galmeewwan Waldaa Aksiyoona Liqii fi Qusannaa Oromiyaa,Damee Adaamaa(Himataa) fi IMX Hojii Bareedinaa Hojii Oomisha Bilokeettii I/G/M(himatamaa), MMO Godina Addaa Oromiyaa Naannawaa Finfinnee,Lak.G.05671;Amiinaa Bakirii(himattuu) fi Abdii Mohaammad(Himatamaa),MMA Baabbilee,Lak.G.04050 irratti seerummaan gaafatame murtiima keessa taa'ee malee ajaja jalatti kan barraa'e miti.

hin dubbisiin ajaja qofa ilaaluun raawwachiisuu danda’u. Inni biraa, manneen murtii ol iyyata dhagahan yeroo gabaabaa keessatti qafxii komii ol iyyannoo akka salphaatti hubachuu danda’u. Kun ammoo si’oomina haqaa mirkaneessuu keessatti iddoo guddaa qaba. Kanaaf, ajaja jalatti seerummaa gaafatame ilaalchisee ajaja kennuun qaama murtii keessatti ibsuu caalaa filatamaa dha.

### 3.11. Tilmaamamummaa Murtii Guddisuu

Sadarkaa tilmaamamummaa murtiiwwan manneen murtii naannoo Oromiyaa maalirra akka jiru madaaluuf kallattiin iskoorkaardii raawwii SMBKT Mana Murtii Waliigala Oromiyaa ilaaluun ni danda’ama. Akkaataa qorannoo SMBKTtti tilmaamamummaan murtii kan safaramu dhibbeentaa (%) dhaanidha. Haaluma kanaan manniin ka’umsaa, jechuunis tilmaamamummaan murtii bara 2002tti % 60 dha. Waggoota shan keessatti, jechuunis bara 2007tti %85n gahuuf yaadamee hojjetamaa jira. Raawwii hanga hammaatti jirus akka itti aanutti ibsameera.

**Gabatee 3.19: Gabatee sadarkaa tilmaamamummaa murtii agarsiisu**

Kaayyoo tarsiimowaa xiqqaa	Ka’umsa 2002	Manni bara 2007	Mannii 2003	Raawwii 2003	Mannii 2004	Raawwii 2004
Tilmaamamummaa murtii dabale (%) dhaan )	60	85	65	65	70	73.34

*Madda: Iskoorkaardii SMBKT Manneen Murtii Oromiyaa*

Iskoorkaardii mana murtii kana irraa hubachuun kan danda’amu ka’umsa irraan tilmaamamummaan murtii gadi bu’aa ta’uu dha. Osuma akka karoofametti milkaa’eeyyuu bara 2007tti %85 gaha. %100 gahuuf ammas hojii biraa barbaada jechuu dha. Haa ta’u malee karoora qabame keessatti raawwiin jiru yoo madaalamu, waggaa irraa waggaaatti dabalaa deema waan jiruuf (%60, %65, fi %73.34) abdachiisaa akka ta’e hubachuun ni danda’ama. Bara 2004tti ammoo innumaa karoora ol, dhibbeentaa %3.34n (%73.34-%70.0) caalee jira.

Kanaafis, hojiiwwan akka galteetti hojjetaman kan jiran yoo ta'e kanneen keessaa keessumaa gama yakkaatiin hojiirra oolmaan qajeelfama sirna adabbii adda duraan caqasama. Mariin garee abbootii seeraa manneen murtii ol'aanoo fi af-gaaffiiwwan itti gaafatamtoota waajjiraalee haqaa wajjiin godhames yaaduma kana ibsa. Akkasumas, sirni murtiiwwan dhaddacha ijibbaataan kennaman hordofanii murteessuu jiraachuunis tilmaamamummaa murtii dabaluu keessatti gahee guddaa qaba.<sup>279</sup> Marii idilee irratti ijoowwan seeraa ajandaa godhanii mari'achuunis tilmaamamummaa kanaaf tumsa guddaa godhaa jira.<sup>280</sup> Haa ta'u malee, murtiiwwan tilmaamamummaa murtii gaaffii keessa galchan ammas ni jiru.dhimmoonni akka hanqinaatti ka'an ni jiru.

Fakkeenyaaf, dhimma tokko irratti<sup>281</sup> MMO himatamaa irratti hidhaa umrii guutuu yoo murteessu, MMWO ammoo bilisa baasee jira. Garaagarummaan akkasii akkaataa ragaan itti madaalamu irraa kan madde akka ta'e galmee kana irraa hubachuun danda'ameera. Murtiiwwan akkas walirraa fagaatan kunis qulqullina murtii irratti dhibbaa badaa ni dhaqqabsiisa.Walirraa fagaachuun murtiiwwan kanaa keessumaa dhimmoota labsiiwwan haaraa bahaniin keessummaa'an kan akka labsii bunaa, daldala seeraan alaa fi kkf irratti bal'inaan mul'ata.<sup>282</sup>

Gabaabumatti, tilmaamamummaan murtii manneen murtii Oromiyaa fooyyaa'insa gaarii qabaatus, hanqinni akka jiruu fi ammas hojii kan barbaadu akka ta'e hubachuun ni danda'ama.

---

<sup>279</sup> Murtiiwwan dhaddacha ijibbaataa Mana Murtii Waliigala Federaalaa, jildii 10, fuula ergaa Pirezidaantii MMWF jedhu irratti kan ibsame.

<sup>280</sup> Af-gaaffii abbootii seeraa waliin gaggeeffame(Fakkeenyaaf,obbo Toleeraa Yaadeeraa,A/Seeraa MMA Adaamaa,Sadaasa 13,2004;obbo Ifabaas Gammachuu,A/Seeraa MMA Lumee,Sadaasa 20,2005;obbo Tuulii Baayyisaa,A/Seeraa MMWO,Dhaddacha ijibbaataa,Amajjii 16,2005).

<sup>281</sup> Galmee lak \_\_\_\_.

<sup>282</sup> Yaadni (perception) hooggantoota waajjiraalee haqaa fi poolisoonni dhimma kana irratti qabanis kanuma agarsiisa (Fakkeenyaaf,Obbo Qaasim Galgaloo,Itti Gaafatamaa Waajjira Haqaa Godina Jimmaa;obbo Miiliyoon Wandaafiraash,A/A/H/Qorannoo Yakkaa fi Murtii Haqaa Kennisiisaa,Qajeelcha Haqaa Godina Harargee Bahaa,Mudde 16,2005;komander Danbal Bobbaa, A/A/H/Qorannoo Yakkaa fi Murtee Haqaa Kennisiisaa,Qajeelcha Poolisii Godina Shawaa Bahaa, obbo Fira'ol Mulugeetaa,I/G Waajjira Haqaa Aanaa Kombolchaa,Mudde 22,2005

## **Boqonnaa Afur**

### **Yaadota Gudunfaa fi Furmaataa**

Ibsaa fi xiinxala waliigalaa qorannoo kanaan gaggeeffamee irraa ka'uun yaadootni gudunfaanii fi furmaataa armaan gadii kennamaniru.

Qulqullinni murtii qaama qulqullina tajaajila abbaa seerummaa keessaa tokko ta'ee olaanaantummaa seeraa mirkaneessuun amantaa uummatni mana murtii irraa qabu akka dabalu taasisuuf meeshaa gargaaru dha. Qulqullinni murtii yaadrimee bal'aa ta'ee fi kallattii gara garaan ilaalamaa kan ture dha. Biyyoonni adda addaas qulqullina murtii isaanii fooyyeessuuf jecha yeroo adda addaatti mala adda addaan madaallii yoo gaggeessan mul'ata. Fakkeenyaaf, biyyootni tokko tokko qulqullina murtii qofaa isaa of dandessisanii yoo madaalan, kaan ammoo qulqullina murtii qulqullina tajaajila abbaa seerummaa keessaa akka ulaagaa tokkotti fudhachuun madaalu. Ibsa biraatiin, biyyootni tokko tokko murtiidhuma duwwaa irratti hundaa'uun qulqullina yeroo madaalan, kaan ammoo adeemsa murtii sana bira gahuuf deemamee ykn qulqullinaaf waantota galtee ta'an irratti hundaa'uun madaalu. Qorannoon kunis safartuulee gosa lamaan kana keessaa kan haala qabatamaa naannoo Oromiyaa waliin deemuu fi biyyoota baay'ee keessatti akka ulaagaalee madaalli qulqullinna murtiitti fayyadan keessaa filachuun ulaagaa kudha lama teechisuun madaallii gaggeesseera. Ulaagaaleen kunneen walitti hidhaminsa kan qaban yommuu ta'u, kaayyoo yaadrimee qulqullinaa galmaan gahuuf wal-dukaa kan ilaalamanidha. Fakkeenyaaf, ulaagaan gahumsaa fi dandeettii fi hubannoo abbootiin seeraa seerota adeemsa irratti qaban jedhu kan waldeggaru dha. Kanaaf, hubannoo abbootiin seeraa seerota adeemsa irratti qaban gahumsaa fi dandeettii keessatti liqimfamuu danda'a. Ulaagaalee kanneen irratti hundaa'uun argannoowwan madaallii qulqullina murtii Oromiyaa kan armaan gadii fakkaata.

#### **1. Gahumsaa fi Dandeetti Abbooti Seeraa**

Gahumsii fi dandeettiin abbootii seeraa yeroo fooyya'aa deemuu, qulqullinni tajaajila abbaa seerummaa fi qulqullinni murtii fooyya'aa akka deemu taasisa. Gahuumsii abbootii seeraa leenjii fi barnoota itti fufiinsaan argatan irratti hundaa'a. Kallattii kanaan haala qabatama manneen murtii Oromiyaa yeroo ilaalluu, karaa ILOQHQSQSO leenjii mata- duree adda addaa irratti kennamaa waan jiruu fi itti fufiinsas waan qabuuf fooyya'insi gama kanaan jiru gaarii dha. Sadarkaa barnootaa fooyyeeffachuu ilaalchisees fooyyeen ni jira. Ta'us, iskoorkaardii mana murtii waliin walbira qabamee yoo ilaalamu garuu ni hafa. Kun ammoo gahumsii fi

dandeettiin abbootii seeraa guutuu akka hin taane waan godhuuf, qulqullina murtii irratti dhiibbaa badaa dhaqqabsiisa. Kanaaf, MMWO akkuma leenjii fi xiyyeeffannoo guddaa kennuun irratti hojjechaa jiru barnootaafis xiyyeeffannoo kennuun irratti hojjechuu qaba.

## **2. Naamusa Abbaa Seerummaa**

Ulaagaalee qulqullina murtii madaaluuf gargaaran keessaa tokko naamusa abbaa seerummaati. Naamusni abbootii seeraa fooyya'aa yoo deeme, qulqullinni murtiis isuma duukaa fooyya'aa adeemaa. Yaadrimeewwan naamusa abbaa seerummaa babal'oo fi dhokattoo (abstract)dha. Kanaaf, akka ulaagaalee biroo qabatama godhanii madaaluuf hin mijatu. Qorannoon kun yaada (perception) hawaasni naamusa abbootii seeraa irratti qabu madaaleera. Haaluma kanaan, abbootiin alangaa fi poolisootni 183 ta'an namuusa abbootii seeraaf qaphxii 0-5 kennuun akka madaalan ta'ee, 62.25% kan ta'an qaphxii 3 fi sanaa ol yoo kennan, kanneen hafan 37.75% ammoo qaphxii 2 fi sanaa gadi laataniiru. Kun kan agarsiisu, akka waliigalaatti yaadni abbootiin alangaa fi poolisoonni qaban gaarii ta'uu isaati. Haa ta'u malee, namoonni dhibbeentaa xiqqoo hin taane, qaphxii 2 fi sanaa gadi laataniiru. Kun ammoo, rakkoon jiraachuu isaa agarsiisa. Af-gaaffiiwwan gaggeeffamanis kanuma dhugoomsu. Rakkoon gama kanaan mul'atu keessumaa, yakkoota ajjechaa daguu, kontirobaandii, bosona, bunaa, fi zayita irratti kan hammaatu ta'ee bilisa baasuu fi adabbii daangessuun karaawwan gurguddoo gochoonni naamusaan ala ta'an ittiin ibsamanidha. Kun ammoo amantaa uummataa gar-malee kan xiqqeessu dha.

Kanaafuu, furmaanni gabaabaa sirni itti gaafatamummaa naamusa abbaa seerummaa mirkaneessuuf diriire akkuma jirutti ta'e, dhimmoota shakkiin guddaan irra jiru kanneen murteen booda sirni odiiti gochuun itti danda'amu (expose odit) karaa MMWO diriiruu qaba. Hojiin kun fakkeenyaaf garee inispekshiniitiin hojjetamuu danda'a. Akka furmaata fulla'aatti garuu, sirna calallii fi muudamaa caalaatti cimsuun abbootii seeraa naamusa qaban hojjechiisuu danda'uu dha.

## **3. Iftoomina Seerota Adeemsa fi Hubannoo Abbootii Seeraa**

Seerotni adeemsa falmii hanqina iftoominaa akka qaban hiikkaawwan Manni Murtii Waliigala Federaalaa dhaddacha ijibbaataan kennaman akka agarsiiftuutti fayyadamuun ni danda'ama. Fakkeenyaaf, keewwattoota Seera Deemsa Falmii Hariiroo Hawaasaa 43, 49 (1), 70, fi 78 iftoomina waan hin qabneef hiikkaan itti kenneera. Qabatamaattis, dhimmoota

sadarkaa manneen murtii naannootti ilaalaman irraa seerota adeemsa falmii iftoominni yoo hanqatu ni mul'ata. Fakkeenyaaf,

- a) Falmii dhirraa fi niitii irratti adeemsi hordofamaa jiru garaagara akka ta'e xiinxala dhimmoota godhamerraa hubatameera. Haaluma kanaan, manneen murtii tokko tokko murtii diiggaa gaa'ilaa erga kennanii booda qooddii qabeenyaa fi raawwii itti fufuun galmeema tokko irratti keessummeessu. Kaan ammoo murtii diiggaa gaa'ilaa fi qooddii qabeenyaa galmee tokko irratti ilaaluun raawwii ammoo galmee of danda'e irratti keessummeessu. Kaan ammoo diiggaa, qooddii qabeenyaa fi raawwii qofa qofaatti ilaalu; sadaniifuu galmee sadiiti banama.
- b) Seerri Adeemsa Falmii yakkaa Seera Yakkaa haaraa bahe wajjiin hin fooyyoofne. Kana irraan kan ka'e yakkooni Seera Yakkaa haaraa keessa jiran kan akka yakkoota kompuuteraa mana murtii kamiin akka ilaalaman ifatti taa'ee hin jiru. Kun ammoo dhimmoonni akkasii yeroo dhihaatanitti aangoo isaa ta'uuf dhiisuu waan hin beekneef ofitti fuudhee keessummeessuuf ni rakkata. Kaanaaf,
  - Garaagarummaa adeemsa falmii dhirraafi niitii irratti mul'atu kallattii tokko qabsiisuuf seera maatii fooyyeessuun barbaachisaa dha. Hanga fooyyaa'utti garuu, manneen murtii gaaffii diiggaa gaa'ilaa, qooddii qabeenyaa fi raawwii galmeema tokko keessatti yoo keessummaa'an yaada seera baastuu wajjiin deema.
  - Seerri Adeemsa Falmii Yakkaa sadarkaa wixinee irra jiru dafee ragga'uu qaba. Ammasitti, MMWO fi BHO sadarkaa mana murtii yakkooni haaraa tumaman itti keessummaa'an mariin murteessuun seerkulaarii keessaa manneen murtii fi waajjiraalee haqaa hundaaf dabarsuun hojimaata walfakkaataa uuma waan ta'eef qulqullinaaf gaarii dha.

#### **4. Meeshaalee Hammayyaatti Fayyadamu**

Meeshaaleen hammayyaa yeroo ammaa manneen murtii naannoo Oromiyaa keessatti hojjiirra akka oolaniif karooran qabaman: maashinii sagalee waraabu (Voice recording technology), viidiyoo koonfiraansii (Video conferencing), *e-filing system*, interactive Video, sirni daataa beezii (data base) ta'uu isaanii qorannoon JBAH manneen murtii Oromiyaa ni ibsa. Qabatamatti uwwisni teekinooloojiiwwan kanaa manneen murtii Oromiyaa keessatti maal akka fakkaatu yoo madaalamu:

- Daataa beeziin sadarkaa manneen murtii hunda jira.
- Maashiniin sagalee waraabu manneen murtii aanaalee 114 fi manneen murtii ol'aanoo 19;walumatti 133
- Viidiyoo koonfiraansii MMWO=1;MMO=19;Walumatti,20
- E-filing sadarkaa manneen murtii hundarra hin jiru
- *Interactive video* MMO Godina 1

Akka waliigalaatti, karooraan qabamee meeshaalee teekinooloojii irratti hojjetamaa jiraachuun isaa gaarii dha. Haa ta'u malee gama kanaan waantonni lama akka hanqinaatti ilaalamu. Inni duraa, daataa beezii irraan kan hafe uwwisi dhiheessa meeshaalee kanaa xiqqaa dha. Fakkeenyaaf, MMWO maashinii sagalee waraabu hin qabu. Inni biraa, bakka dhiheessi jirutti ammoo dandeettiin itti fayyadamaa baayyee gadi bu'aa dha. Kun kallattiiman itti fayyadamuu dadhabuu ykn rakkoo yoo godhate suphuu dadhabuun ibsamuu danda'a.

Kanaafuu,

- Dhiheessa meeshaalee kanaa dabaluuf MMWO, fi hooggantoonni manneen murtii sadarkaa sadarkaan jiran ciminaan hojjechuu qabu. Baajata kallattiin dhimma kanaaf qabamuun ala madda galii biraa barbaaduun bittaa meeshaalee kanaaf oolchuun barbaachisaa dha.
- Hanqina itti fayyadama wajjiin walqabatee mul'atu xiqqeessuuf hooggansi mana murtii sadarkaa hundarra jiru leenjii hojiin deeggarame akka kennamu gochuu qaba.

##### **5. Keessummeessa Abbootii Dhimmaa**

Sadarkaan keessummeessa manneen murtii madaaluuf barreeffamaa fi afaaniin maamiltootaaf dhihaateera. Haaluma kanaan, abbootiin alangaa 40(38.8%),fi poolisoonni 32(34.8%) qabxii lamaa fi sanaa gad yoo kennan, abbootiin alangaa 63(61.2%) fi poolisoonni 60(65.2%) ammoo qabxii sadii fi isaa ol kennaniru. Af-gaaffii gaggeeffameenis 63(48.1%) keessummeessi gaarii ta'u; 54(41.%) giddu galeessa ta'uu, fi 14(10.7%) ammoo yaraa ta'uu ibsaniiru.

Kanarraa waanti hubatamu keessummeessi manneen murtii gaarii ta'uu isaati. Haa ta'u malee, hanqinni keessummeessaa,keessumaa ofiisaroota seeraa fi raawattoota galmeewwan cufamanii biratti ammas ni jira. Kanaafis ka'umsi walii lama.Tokkoffaa, namoonni kun hojii guyyaa guyyaan dhufu hojjetu.Tajaajilli isaan kennaan beellamaan ykn sagantaan osoo hin



taane akkuma dhufetti keessummeessuu dha. Lammeffaa, akkaataa maamilli keessummaa'uu qabu irratti leenjii fudhatan hin qaban.

Kanaafuu, akkaataa maamilli itti keessummaa'u (customer handling) irratti dhaabbilee keessummeessa maamilaa irratti beekamtii gaarii qaban wajjiin ta'uun leenjiin osoo kennameefii gaarii dha. Ajandaa godhanii mari'achuunis itti fufuu qaba.

## **6. Sirna Hiikkaa Wal-diddaa Filannoo Hojiirra Oolchuu**

Sirna hiikka wal-diddaa filannoo hojii irra olchuun qaqqabamummaa murtii, si'oomina fi baay'iina hojii abbootii seeraa irraa kan salphisuu dha. Baay'inni hojii abbootii seeraa irraa yoo xiqqaate ammoo galmeewwan harka isaanii keessa jiruuf xiyyeeffannoo laachuun akka hojjatan waan taasisuuf qulqullinni murtii akka mirkanaa'uu taasisa. Kallatti ulaagaa kanaan haala qabatamaa naannoo Oromiyaa yeroo ilaallu bu'uura qorannoon JBAH kaa'uun qajeelfmnnii baheefi akkaataa sirna yaadameen hojjatamaa hin jiru. Haa ta'u malee, manneen murtii tokko tokko, keessattuu sadarkaa aanaatti kaka'umsa mataa isaaniitiin haala bibittinnaa'ee fi walfakkaataa hin taaneen hojiirra oolchaa jiru. Fakkeenyaaf, manneen murtii aanaalee 18 qorannoon kun irratti gaggeeffame keessaa aanaaleen shan tooftaa mataa isaanii uumuun hojiirra oolchaa jiru.

Kanaaf, akkaatuma qorannoo JBAH keessatti yaadamee jiruun MMWO qajeelfama dhaddachi jaarsummaa hojiirra itti oolu baasuu qaba.

## **7. Bilisummaa fi Itti Gaafatamummaa**

Jiraachuun bilisummaa fi itti gaafatamummaa qaphxiilee hedduun madaalama. Haa ta'u malee, qorannoon kun garuu, qabxilee armaan gadii qofaan:

- a) kutannoo dhunfaa abbootii seeraa dhiibbaa isaan irra gahuu danda'u dandamachuun ani bilisa jedhanii of amansisuun seera qofaan gaggeeffamuun hojjachuu
- b) Sirni ol'iyyannoo jiraachuu
- c) Sirna murtii duraan kenname hordofuun murteessu qabaachuu
- d) Adeemsii ykn sirni komiin naamusaa itti dhagahamu jiraachu madaaluuf yaaleera.

Sirni ol'iyyannoo jiraachuu, sirni murtii duraan kenname hordofanii murteessuu, fi sirna komiin naamusaa itti dhagahamuun walqabatee seeraa fi raawwii jidduu addaan baateen hin jiru. Haa ta'u malee, abbootiin seeraa “ani bilisa” jedhanii of amansiisanii hojjechuu irratti maal akka fakkaatan qaphxii ofiif akka kennan godhamee,%79.13 qaphxii 3 fi isaa ol;%20.87

ammoo qaphxii 2 fi sanaa gadi ofiif kennaniiru. Ogeessootni biroo abbootii seeraa waliin hojjetanis (abbootii alangaa fi poolisoota) gama kanaan abbootii seeraa yoo madaalan, 66.4% 3 fi sanaa ol; 33.6% ammoo 2 fi sanaa gad kennanniru. Gama lamaaniiinuu harki caalaan qaphxii 3 fi isaa ol waan kennaniif, gaarii dha jechuun ni danda'ama. Haa ta'u malee gama kanaan hanqinni akka jiru xiinxala godhame kana irraa hubachuun ni danda'ama. Af-gaaffii fi mariin garee taasifames "ani bilisa" jechuun of amansiisanii hojjechuu irratti rakkoon akka jiruu fi kunis kan ittiin ibsamu keessaa tokko seeraa fi ragaa dhihaate qofa irratti hundaa'uun hojjechuu irra gara alaatti (hawaasaa fi qaamolee mootummaa birootti) gurra laachuunidha. Kun ammoo bilisummaa eegumsa heeraa fi seeraa qabu dabarsanii kennuu dha.

Kanaaf, adda duraan abbootiin seeraa sodaa akkasii irraa bilisa ta'uu qabu; bulchiinsi mana murtiis gochaawwan sodaa akkasii uuman akka hin jiraanneef hojii barbaachisu hojjechuu qaba.

#### **8. Qoodinsa Hojii Abbootii Seeraa fi Deeggartoota Isaanii**

Gurmaa'insi humna namaa bu'uura labsii 141/2000 godhame gaarii jiru rakkoo duraan ture hambisuuf gaarii dha. Haata'u malee, seerri angoo fi gahee ofiisara seerootaa ibsuu ifa ta'u dhabu irraan kan ka'e daangaa hojii beekuu dhabuun akka umamu taasisuun ni jira. Dabalataan, humni namaa kan ofiisaraas ta'e kan abbootii seeraa akkaata qorannoo JBAH keessatti kaawwameen hin guutamne.

Kanaaf, seerri aangoo fi gahee ofisarootaa tumuuf bahe fooyyaa'uu qaba. Hanqina humna namaa keessumaa gama deeggarsaatiin jiru guutuuf MMWO hojjechuu qaba.

#### **9. Murtii Daangaa Yeroo Murtaa'ee keessatti Kennuu**

Ulaagaan kun qaphxiilee sadiin madaalama. Tokkooffaa, yeroo dhimmoonni itti murtaa'an adda bahee beekamuu. Lammeffaa, daangaa yeroo keessatti dhimmoonni furmaata argachaa jiraachuu isaanii hooggansi mana murtii hordofuu, fi sadeffaa, hooggansi hordoffii taasisuun sababa dhimmi daangaa yeroo taa'ee keessaa bahe qulqulleeffachuun sababni dhihaate quubsaa ta'uu yoo baate tarkaanfii barbaachisaa fudhachuu dha.

Ulaagaalee kana irratti hundaa'uun haalli qabatama manneen murtii Oromiyaa yoo madaalamu, umrii galmeewwanii murteessuun adda baasanii kaa'uu ilaalchisee rakkinni hin jiru. Dhimmoota hundaafuu, daangaan yeroo adda bahee taa'ee jira. Hordoffiinis gama hooggansa mana murtiitiin ni godhama. Tarkaanfii fudhatamu ilaalchisee garuu laafaa dha.

Wal yaadachiisuu bira darbee tarkaanfiin fudhatamu hin jiru (osuma sababa gahaa malee galmeen daangaa yeroo keessaa baheyyuu jechuu dha). Waanti akka sababaatti ka’u, qorannoon JBAH tarkaanfii pirezidaantiin ykn bulchiinsi mana murtii gama kanaan fudhatu hin keenye kan jedhu dha. Haa ta’u malee, danbii naamusa abbootii seeraa keessatti sababa gahaa malee galmee lafarra harkisuun akka badii naamusaatti tumamee jira.

Kanaaf, tumaa seera biraa eeguu irra kanumatti fayyadamuun tarkaanfii fudhachuun daangaa yeroo qoratamee taa’e caalaatti bu’a qabeessa taasisa.

### **10. Barreessa Murtii**

Gahumsii fi dandeettiin abbaa seeraa kan ittiin madaalamu keessaa tokko akkaataa barreessa murtii isaatiinidha. Galmeewwan sakatta’aman irraa hanqinaaleen gama kanaan mul’atan ni jiru. Hanqinaaleen kunniin xiyyeeffannoo kennuu dhabuu, ykn gahumsa dhabuu, ykn baayyachuu hojiirraa, iftoomina dhabuu seerota irraa kan maddan ta’uu malu. Haaluma kanaan, sadarkaan kan walcaalan ta’us dhimmoonni akka hanqinaatti ilaalaman dubbifamuu dadhabuu, seensa murtii akkaataa barra’uu qabutti barreessuu dhabuu, firii dubbii madaalawaa godhanii barreessuu dhabuu, ijoo dubbii ifa ta’e qabachuu dhabuu, ragaa gareewwanii hin galmeessiin bira darbuu, ragaa dhihaate seera rogummaa qabu wajjiin xiixaluu dhabuu, fi ajaja raawwiif mijatu kennuu dhabuun ibsamuu danda’u. Keessattuu, hanqinni ragaa dhihaate seera jiru wajjiin walbira qabanii xiinxaluu fi ijoo dubbii sirrii fi ifa ta’e qabachuu irratti mul’atu kanneen biroon walbira qabamee yoo ilaalamu bal’ina qaba.

Haaluma kanaan ijoo dubbii qabamuu hin qabnee qabachu, ijoo dubbii murtii tokko keessatti iddoo adda addaa caqasuu fi ijoo dubbii ifa godhanii kaa’uu dhabuun hanqinaalee gurguddoo dha. Isaan kun ammoo murtii qulqullina qabu kennuu keessatti murteessoo dha. Gama ragaa galmeessuu fi seera wajjiin xiinxaluutiinis rakkoowwan yaada gareewwanii akka malee gabaabsu, ragaa gosa lama fakkeenyaaf ragaa namaa fi ragaan barreeffamaa yoo dhiyaatu tokko duwwaa fudhatanii galmeessuun kan biraa bira darbuu, keewwata seeraa caqasuu dhabuu, keewwatoota seeraa gar-malee jijjiiruu, seera dhimmichaaf rogummaa qabu adda baasuu dadhabuu dha. Ajaja wajjiin walqabatees ajaja seeraan ala ta’e kennuu, ajaja waliigala ta’ee fi raawwiif hin mijanne kennuu, raawwachisuuf qaama aangoo hin qabneef ajaja raawwii barreessuu fa’i.

Akka hojimaataatti ammoo bakka ajaja seerummaa gaafatame irratti kennamuun walqabatee adeemsi walfakkaataa ta'e hin jiru. Kaan ajaja jalatti ibsa;kaan ammoo qaamuma xiinxala murtii keessatti ibsa.

Kanaafuu,

- a) Hanqina dubbifamuu dhabuu murtii furuuf kompuuteraan barreessuun jalqabamee jiru itti fufuu qaba
- b) Ajaji seerummaa gaafatamu irratti kennamu raawwachiisuufis ta'e yoo ol iyyatame qaphxii komii dafanii hubachuuf kan gargaaru waan ta'eef, mata-duree xiqqaa "ajaja" jedhu jalatti ibsuun gaarii ta'a.
- c) Akkuma muuxannoo biyyoota kaanii galmeewwan murtaa'an yeroo yeroon hordofuun qaamni gabaasaa adeemu, garee hojii qulqullinaa (quality working group) jedhamuun beekamu sadarkaa naannoo fi godinaatti hundeessuun barbaachisaa dha jenna.

#### **11. Tilmaamamummaa Murtii Guddisuu**

Tilmaamamummaan murtii fooyyaa'insa gaariirra kan jiru dha. Haaa ta'u malee,amma barbaadamerra gaheera jechuun hin danda'amu. Kanaaf,gahumsaa ,naamusaa fi iftoomina seeraa furuuf yaadawwan akka furmaataatti taa'an kanaafis galtee guddaa ta'u jennee amanna.

## **Wabiiwwan**

### **A. Kitaabilee, Barruulee, fi Seerota**

Hon. Justice Brian J Preston, Implementing the International Framework for Court Excellence: The Experience of the Land and Environment, Court of New South Wales, 4-8 October 2010

Opinion no. 11(2008) of the Consultative Council of European Judges (CCJE) to the Attention of the Committee of Ministers of the Council of Europe on the Quality of Judicial Decisions

Vineta Skejuniece, The quality of Court Judgement

Valuation of Court Clients-The Road to Improving Functioning of Courts

Evaluation of the quality of adjudication in court of law

Quality of Judicial Decision and Evaluation Thereof, the Supreme Court of Estonia in Co-operation with the Consultative Council of the European Judges (CCJE)

The Austrian Judicial System, Institutions-Agencies-Services, January 2009

International Framework for Court Excellence, The International Consortium for Court Excellence

How to Assess Quality in the Courts?, Quality Benchmarks for Adjudication Are Means for the Improvement of the Activity of the Courts

Valuation By Court Clients-The Road to Improving Functioning of Courts,2010 Research on Court Functioning Evaluation, Overview of Conducting Research and Survey Results,2011

Evaluation of the Quality of Adjudication in Courts of Law, Principles and Proposed Quality Benchmarks; Quality Project of the Courts in the Jurisdiction of the Court of Appeal of Rovaniemi, Finland

Consultative Council of European Judges (CCJE), Questionnaire for 2008 CCJE Opinion Concerning the Quality of Judicial Decisions: Reply Submitted By the Delegation of the Netherlands, Strasbourg, 31 January 2008

Federal Judicial Center, Judicial Writing Manual, 1991.

Otto Mallmann, Experience in Germany in Evaluating Quality of Justice and of Judicial Decisions

Sanada Sirna Madaallii Bu'aa Karoora Tarsiimawaa (SMBKT) Mana Murtii Waliigala Oromiyaa, Bara 2003

Alamaayyoo Taganee, Barreessa Murtii, Moojuulii Leenjii Hojiirraa, Mana kitaabaa IIQSO, 2001

Gabaasa Raawwii Hojii Manneen Murtii Oromiyaa Caffeeff Dhihaate Kan Bara 2001 fi kan Bara 2002

Karoora Ijoo Manneen Murtii Oromiyaa Bara 2004

Heera Mootummaa Ripaabilika Dimokiraatawaa Federaalawaa Itoophiyaa

Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa Fooyyaa'ee Bahe

Seera Adeemsa Falmii Hariiroo Hawaasaa

Seera Adeemsa Falmii Yakkaa

## **B. Tarree Galmeewwanii**

### **I. Sadarkaa Mana Murtii Waliigalaa**

Tizziitaa Ifaa (Iyyattuu) fi Geetaachoo Hayiluu faa (Waamamtoota), MMWO, Lak.G.116995

Hundee Fayyisaa (Iyyataa) fi Bulbulaa Fayyisaa (Yaamamaa), MMWO, Lak.G.132788

Kabbadaa Daadhii (Iyyataa) fi Ijjiguu Leellisaa (Deebi Kennaa), MMWO, Lak.G.149463

Buzunaa Warquu (Ol Iyyataa) fi A/A (Deebi Kennaa), MMWO, Lak. G.123851

Fiixaa Daadhii (Ol Iyyataa) fi Alamu Gonfaa (Deebi Kennaa), MMWO, Lak.G.102870

Saafoo Huseen (Iyyattuu) fi Faaxumaa Muusaa (Deebi kennituu), Lak.G.133143

Kindee Masqalee (Ol Iyyattuu) fi Waajjira Poolisii Magaalaa Adaamaa Aanaa Iffaa (Deebi kennaa), MMWO, Lak.G.152896

A/A(Himataa) fi Abdii Habiib faa (N14) (Himatamtoota), MMWO, Lak G.160064

Abbaa Alangaa(Himataa) fi Obbo Galataa Caatumaa N-7(Himatamtoota), M/M/W/Oromiyaa, Lakk. G 95064.

Obbo Fayyisaa Qaabataa N-5(Ol'iyyattoota) fi Abbaa Alangaa(Deebii Kennaa), M/M/W/Oromiyaa, lakk.G 95724.

Koolleejji Miiklaandii(Ol'iyataa) fi Obbo Siraa'ee Yitaayyawu N-5(Deebii Kennitoota), M/M/W/Oromiyaa, lakk.G 138657.

Obbo Habtaamuu Dajanee(Ol'iyataa) fi Obbo Sayiid Muftee(Deebii Kennaa), Lakk. M/M/W/Oromiyaa, G 138285.

Obbo Isheetee Birbirsaa N-2(Iyyattootni) fi Obbo Tasfaa Maariyaan Habtee(Waamamaan), M/M/W/O/DH/Ijibbaata, lakk.G 156183.

Obbo Misgaanuu Tashooma(Ol'iyataa) fi Abbaa Alangaa(Deebii Kennaa), M/M/W/Oromiyaa Lakk.G 138663.

Obbo Mulaatu Igazaawu(Iyyataa) fi Abbaa Alangaa(Waamamaa), M/M/W/Oromiyaa Dh/Ijibbaataa,Lakk.G 124203.

## **II. Sadarkaa Mana Murtii Ol'aanaa**

Tsaggaayee Xankir (Ol Iyyataa) fi A/A(Deebi Kennaa),MMO Godina Shawaa Bahaa,Lak.G.32545

A/A(Ol Iyyataa) fi Haajii Waariyoo (Deebi Kennaa),MMO Godina Shawaa Bahaa,Lak.G.24479

Birqee H/Maariyaam (Ol Iyyattuu) fi Hayile Maariyaam W/Tsaadiq (N-2)(Deebi kennitoota),MMO Godina Shawaa Bahaa,Lak.G.24

Waajjira Bulchiinsa Magaalaa Matahaaraa (himataa) fi Xilaahun Taganee (Himatamaa), MMO Godina Shawaa Bahaa, Lak.G.

Tasammaa Bayyanaa (Ol Iyyataa) fi A/Alangaa (Deebi Kennaa), MMO Godina Shawaa Bahaa, Lak. G.32519

Taammiraat Iyoob (Himataa) fi A/Qa/Furdisa Loonii (Himatamaa), MMO Godina Shawaa Bahaa, Lak.G.31391

Huseen Nagaash faa (N3)(Ol Iyyattoota) fi Lubaabaa Hamzaa (Deebi kennituu),MMO Godina Shawaa Bahaa,Lak.G.30620

Warqee Cifiraa faa(N6) (Ol Iyyattuu) fi Girmaa Cifiraafaa(N2)(Deebi Kennitoota),MMO Godina Shawaa Bahaa,Lak.G.24488

Hayila MaariyaamW/Tsaadiq (Ol Iyyataa) fi Solomoon Hayila Maariyaam (Deebi Kennaa),MMO Godina Shawaa Bahaa,Lak.G.24501

Lammaa Gabree (Ol Iyyataa) fi Yohaannis Nigusee (Deebi Kennaa),MMO Godina Shawaa Bahaa,Lak.G.32332.

A/A Gumurukaa (Himataa) fi Makuwaaninti Ayyalaa (Himatamaa),MMO GAONF,Lak.G.05025

A/A (Ol Iyyataa) fi Shukur Awwal (Deebi Kennaa),MMO GAONF,Lak. G. 05131.

Biraanuu Sabbooqaa (Ol Iyyataa) fi Tsiggee Danboobaa (Deebi Kennaa), MMO GAONF, Lak.G.05831

Ifaa Tasammaa (Ol Iyyataa) fi Darajjee Taaddasaa (Deebi Kennaa),MMO GAONF,Lak.G.08259

Garasuu Abbabaa (Ol Iyyataa) fi Firriisaa Abbabaa faa (Deebi Kennitoota),MMO GAONF,Lak. G.08127

A/A (Himataa) fi Taarikuu Ashabbir (N4) (Himatamaa),MMO GAONF,Lak.G.07475

A/A (Himataa) fi Kaasech Faantaahun (Himatamaa),MMO GAONF,Lak.G.07846

Waldaa Aksiyoona Liqii fi Qusannaa Oromiyaa, Damee Caancoo (Himataa) fi Interpiraayizii Maakiroo fi Xixiqqaa Hojii Bareedinaa Hojii Oomisha Bilookkeettii I/G/M faa(N2) (Himatamtoota),MMO GAONF,Lak.G.05671

Hinjibbuu Naadawu (Ol Iyyattuu) fi Angaaggawu Bayyanaa (Deebi Kennituu),MMO GAONF,Lak.G.00059

Bashaadduu Daggafaa faa (N6)(Ol Iyyattuu) fi Yashii Sanbatoo (Deebi Kennituu),MMO GAONF,Lak.G.00760

A/A (Himataa) fi Fu'aad Mohaammad (Himatamaa), MMO Godina Harargee Bahaa, Lak. G.23749

A/A (Himataa) fi Wulataaw Tasfaayee (Himatamaa), MMO Godina Harargee Bahaa, Lak.G. 22129

Bakar Dheeraa fi Jamaal Bakar (Ol Iyyattoota) fi Bulloo Dheeraa (Deebi Kennaa), MMO Godina Harargee Bahaa, Lak. G. 22452

Abdusalaam Yuusuuf (Himataa) fi Hahimad Abdurumaan (Himatamaa), MMO Godina Harargee Bahaa, Lak.G.24698

Asiraar Muktaar (Ol Iyyataa) fi Alawiyyaa Adam (Deebi Kennituu),MMO Godina Harargee Bahaa,Lak.G.31304

A/A (Himataa) fi Ahimad Mohaammad (Himatamaa), MMO Godina Harargee Bahaa, Lak.G.23911

Ariyaa Ayyalaa (Ol Iyyataa) fi Waa/M/Kon/Aanaa Cinaaksan (Deebi Kennaa), MMO Godina Harargee Bahaa,Lak. G.25132

Abdii Umar (Ol Iyyataa) fi Juhaaraa Abdurahamaan (Deebi Kennituu), MMO Godina Harargee Bahaa, Lak.G.17858



Faaxumaa Ibiroo (Ol Iyyattuu) fi Ahimmadhaadii Ibiroofaa (Deebi Kennaa),MMO Godina Harargee Bahaa,Lak.G.28328

A/A (Himataa) fi Ramadaan Abdallaa (Himatamaa), MMO Godina Harargee Bahaa,Lak. G.16429

Obbo Israa'eel Yitaayew N-4(Himattoota) fi Bul/Mag/gimbii (Himatamaa), M/M/O/G/W/Lixaa,Lakk.G 17547.

Abbaa Alangaa(ol'iyataa) fi Obbo Mulaat Yigzaawu(Deebii Kennaa), M/M/O/G/W/Lixaa, Lakk.G 16710.

Abbaa Alangaa(Himataa) fi Obbo Misgaanuu Tashooma N-2(Himatamtoota), M/M/O/G/W/Lixaa, Lakk.G 19552.

Abbaa Alangaa(Himataa) fi Obbo Ahimmad A/Mooggaa(Himatamaa), M/M/O/G/Jimmaa, Lakk.G 11107.

Baankii Daldala Itoophiyaa(Himataa) fi Obbo Jihaad Abbaa Milkii N-6 (Himatamaa) , M/M/O/G/Jimmaa, Lakk.G 07961.

Obbo A/Jihaad A/Diggaa(Ol'iyataa) fi Addee Ambaruu Mahaammad(Deebii Kennituu), M/M/O/G/Jimmaa, Lakk.G 18700.

Obbo A/Tamaam A/Boor (himataa) fi Obbo A/Tamaam A/duraa(Himatamaa), M/M/O/G/Jimmaa, Lakk.G 18892.

Abbaa Alangaa(Himataa) fi Obbo Huseen Abbaa Jihaad N-3(Himatamtoota), M/M/O/G/Jimmaa, Lakk. G 11600.

Addee Daangulee Noonnoo(Ol'iyattuu) fi Obbo Kabbada Daannoo(Himatamaa), M/M/O/G/W/Lixaa, Lakk.G 23119.

Obbo Abbaba Birhaanuu(Ol'iyataa) fi Obbo Birhaanuu Yaadataa(Deebii Kennaa), M/M/O/G/W/Lixaa,Lakk. G 23466.

Obbo Tolaa Geetaahun N-2(Ol'iyattootni) fi Abbaa Alangaa(Deebii Kennaa), M/M/O/G/W/Lixaa,Lakk.G 22250.

Obbo Gazahany Addaam(Himataa) fi Obbo Xigaabuu H/Mahaammad(Himatamaa), M/M/O/G/W/Lixaa,Lakk.G 23130.

Obbo Gammachis Dhugaasaa(Himataan) fi Baankii Daldala Itoophiyaa(Himatamaa), M/M/O/G/W/Lixaa,Lakk.G 10353.

Obbo Hangaasaa Bitee(Ol'iyataa) fi Abbaa Alangaa (Deebii Kennaa) ,M/M/o/G/W/Lixaa, Lakk.G 22104.

J Addee aallee Ummataa N-3(Ol'iyattiitni) fi Obbo Shibbiruu Geetaachoo(Deebii Kennaa), M/M/o/G/W/Lixaa ,Lakk.G 22640.

Obbo Mulugeetaa Bareechaa (ol'iyyataa) fi Abbaa Alangaa (Deebii Kennaa), M/M/o/G/W/Lixaa ,Lakk. G 22745.

Addee Maqdas Mulubirhaan (ol'iyyattuu) fi Addee Gannat Geetaachoo (Deebii Kennituun), M/M/o/G/Jimmaa, Lakk.G 18947.

Obbo Dirribaa Jaallataa (Ol'iyyataa) fi Abbaa Alangaa(Deebii Kennaa), M/M/o/G/W/Lixaa, Lakk.G 22558

Addee Kibbitu Obsaa (ol'iyyattuu) fi Lub Sanbata Guutaa (Deebii Kennaa), M/M/o/G/W/Lixaa, lakk.G 15278.

Obbo Tunuun Waarisoo (Ol'iyyataa) fi Abbaa Alangaa(deebii kennaa), M/ M/ o/ G/ Arsii Lixaa, Lakk. G 15951.

Abbaa Alangaa(Himataa) fi Addee Tigist Tarrafa(Himatamtuu), M/M/ o/ G/ Arsii Lixaa, Lakk. G 15325.

Obbo Sharafuu A/Maccaa (Himataa) fi Kor. Hum. Ibsa Itoophiyaa(Himatamaa),M/M/O/G/Jimma, Lakk.G 17697.

Abbaa Alangaa(Himataa) fi Obbo Mahaammad Saanii Abbaa Boor(Himatamaa), M/M/O/G/Jimma Lakk.G 22974.

Obbo Birhaanuu Nagaasaa (Himataa) fi Addee Zannabach Dammissee (Himatamtuu), M/M/O/G/Jimma ,Lakk.G 19523.

Obbo Asaffaa Abbaba (himataa) fi Obbo Haayilee Mabiraatu N-2 (Himatamtoota), M/M/O/G/Jimma, Lakk.G 11591.

Abbaa Alangaa(himataa) fi Obbo Dabbaba Alamu(himatamaa), M/M/O/G/A/Lixaa, Lakk.G 15789.

Obbo Barisoo Nabii (Himataa) fi Waldaa Aldaa Maxxansaa fi Raabsaa Meeggaa (Himatamaa), M/M/O/G/A/Lixaa, Lakk.G 15749.

### **III. Sadarkaa Mana Murtii Aanaa**

Nuuriyaa Sarballaa (Himattuu) fi Mabaazaa Huseen (Waamamtuu), MMA Adaamaa, Lak.G.38384

Bazzaabbii Balaay (Himataa) fi Bulchiinsa Uummata Ganda 14 faa (N-2), MMA Adaamaa, Lak.G.58229

Indaalee Yimaanehi (Himataa) fi Dhaabbata Raabsaa Bobba'aa Nook, Damee Adaamaa (Himatamaa), Lak.G.54822

Lamlam Birraa (Himataa) fi Windelfirraw G/Egzhaber (himatamaa), MMA Lume, Lak.G.18508

Abdoo Qumbii faa(N4) (Himatamtootaa) fi Weennii Malkaa (Himatamtuu), MMA Lumee Lak.G.31097

Gaaddisee Fiqaaduu (Himattuu) fi Yuuniyenii Q/B/Lumee Adaamaa (Himatamaa), MMA Lumee, Lak. G.30716

Taaddasaa Maammoo faa(N4) fi Tasfaayee Nagaash faa(N2) (Himatamtoota),MMA Lumee,Lak.G.31164

Tasammaa Mangistuu faa (Himataa) fi Warshaa Simintoo (Himatamaa),MMA Lumee,Lak.G.31623

Kuraabbaachoo Haddish fa'a (N10) (Himataa) fi Tirans Itoophiyaa W/Aksiyoonaa (Himatamaa), MMA Adaamaa,Lak.G.58159

Waldaa Abeenezer Eegumsa Konkolaataa (Himataa) fi Bulchiinsa Ganda 07 (Himatamaa), MMA Adaamaa, Lak.G. 45337

Caalaa Iddoosaa (Himataa) fi Takkaa Caannee (Himatamaa), MMA Ada'aa, Lak.G.36227

Tasammaa Balaachoo (Himataa) fi Nadhii Maammoo (Himatamtuu),MMA Ada'aa,Lak.G.34325

Shuunii Wubaayyoo (Himataa) fi Bulchiinsa Ganda Q/B Bakkajjoo (Himatamaa), MMA Ada'aa, Lak.G34585

Afraasaa Jifaar (Himataa) fi Shimallis Miniluu (Himatamaa), MMA Ada'aa, Lak. G.30641

